Inistiitiyuutii Leenjii Ogeessota Qaamolee Haqaa fi Qorannoo Seeraa Oromiyaa

Koree Sagantaa Fooyya'insa Sirna Haqaa Oromiyaa:

Seeraa fi Hoj-Maata

Qorattoonni:

Habtaamuu Bultii

Abdii Asaffaa

Gulaaltotni:

Obbo Habtee W.

Obboo Xilaahuun D.

Obboo Mallasaa A.

Caamsaa 2009

Adaamaa

Baafata

Boqonnaa Tokko 4

Seensa 4

1.1. Yaada Ka'umsaa 4

1.2. Hima Rakkoo 8

1.3. Gaaffilee qorannoo 11

1.4. Kaayyoo Qorannichaa 11

1.4.1. Kaayyoo Gooroo 11

1.4.2. Kaayyoo gooree 11

1.5. Faayidaa fi fayyadamtoota Qorannichaa 12

1.6. Mala Qorannoo 13

1.7. Hanqinaalee Qorannoo 14

1.8. Daangaa Qorannoo 15

1.9. Caaseffama barreeffama kanaa 15

BOQONNAA LAMA 16

Sakatta'iinsa Hogbarruu 16

2.1. Sagantaa fooyya'iinsa sirna haqaa fi hojiirra oolmaa isaa 16

2.1.1. Sagantaa Fooyya'iinsa Sirna Haqaa: Barbaachisummaa fi yaada waliigalaa sagantichaa 16

2.1.2. Sagantaalee Xixiqqaa SFSH irratti Xiyyeeffatu 20

2.1.3. Haala SFSH manneen hojii keessatti hojiirra oolu 25

2.1.4. Qaamolee Hojiirra Oolmaa SFSH Gaggeessan 25

2.1.5. Koree SFSH fi Garee Waliinii Qaamolee Haqaa 32

2.2. Sagantaa Fooyya'iinsa Sirna Haqaa Ilaalchise muuxannoo akka addunyaatti jiru 33

2.2.1. Sagantaa kana ilaalchisee muuxannoo akka ardii Awurooppaatti jiru 35

2.2.2. Muuxannoo akka ardii Afiriikaatti jiru 42

2.2.3. Muuxannoo akka Ardii Eeshiyaatti jiru 47

2.2.4. Muuxannoo Biyya keessaa 50

BOQONNAA SADII 56

XIINXALA DAATAA FI SEERAA 56

3.1. Kaayyoo fi Gahee Hojii Koree SFSH 56

I. Kaayyoo hundeeffama koree SFSH 56

II. Raawwii Hojii Koree sfsh 58

I. Koree Walgahii Waamuu fi Karoora Baasuu 70
II. Walgahii Koree Hogganuu: Ajandaa Qabsiisuu fi Mari'achiisuu 72
V. Murtii Koree Raawwachiisuu 75
a. Gurmaa'iinsa Koree SFSH: Kallattii miseensummaatiin yoo ilaalau 79
3.1. Gurmaa'iinsa Wajjira Qindeessaa SFSH Fi Ogeessa SFSH 80
Boqonnaa Afur 97
Yaadota Gudunfaa fi Furmaataa 97
3.1. Yaadota Gudunfaa 97
3.2. Yaadota Furmaataa 103
Miiltoo 109
I. Maqaa namoota af-gaaffiin deebisan 109
II. Wabii 112

Boqonnaa Tokko

Seensa

1.1. Yaada Ka'umsaa

Sanadni yaadota fooyya'iinsa imaammata dinagdee *Washington Consensus* jedhamu dhaabbilee maallaqa addunyaatiin bara 1989 ALA qophaa'ee dhiyaate, namni mirga qabeenya horatanitti akka fayyadamuu fi waliigaltee qabeenya irratti taasisu akka raawwachiifamuutti, mootummaan xiyyeffannoon hojjechuu akka qabu akeekeera.[1] Yaadni fooyya'iinsaa dhiyaate kun tajaajila qaamolee haqaa fi nageenyaa cimsuun barbaachisaa ta'u kan agarsiisee fi bifa addaatiin mootummaalee addunyaa gama kanaan akka hojjetan atoomina taasisee dha.[2] Itti fufuun, Baankiin Addunyaa gabaasa bara 2002 ALA baaseen olaantummaan Seeraa kabajamuu akka qabuu ibsuun, yaad-rimeen qajeeltoon olaantummaa seeraa barbaachisummaa fi walitti hidhata hojiirra oolmaa mirga qabeenyaa fi raawwii qaamolee haqaa akka hammatu kallattii qabsiiseera.[3] Itti dabaluunis bara 2004tti *Olaantummaan Seeraa* mirga haqa argachuu, labsiileen iftoomina akka qabaatan gochuu, seerota madaalawaa ta'an baasuu fi hojiirra oolmaan seerotaa tilmaamamuu kan danda'an ta'uu isaanii of keessatti hammatee kan jiru ta'uu adda baasuun mootummooleen dhimmoota kanarratti akka hojjetan kallatii qabsiiseera.[4]

Tattaffiin hojii qaamolee haqaa fi nageenya Afriikaa fooyyessuu bara 2000 ALA deeggarsa dhaabbilee maallaqa addunyaa fi Afiriikaatiin gaggeeffamuu eegale.[5] Sagantaan kun olaantummaa seeraa, itti gaafatamummaa, iftoomina fi dhaqqabamummaa kenniinsa tajaajila

---

[1]Joachim Ahrens, Toward a Post-Washington Consensus: The Importance of Governance Structures in Less Developed Countries and Economies in Transition, University of Göttingen, Department of Economics, Platz der Göttinger Sieben 3, D-37073 Göttingen, fuula 5

[2]Fiscal policy discipline, Redirection of public spending from subsidies, tax reform, interest rate, competitive exchange rates, trade liberalization, liberalization of inward forign direct investment, privatizations of state enterprises fi deregulations of financial institutions (John Williamson, A Short History of the Washington Consensus, Barcelona, September 24–25, 2004, fuula 3, (https://piie.com/publications/papers/Williamson 0904-2.pdf (Mudde 3/2009)

[3]World Bank, World Development Report 2002, Building Institutions For Market 7 (2002)

[4]Tor Krever, The Legal Turn In Late Development Theory: The Rule Of Law And The World Bank's Development Model, Harvard International Law Journal, vol. 52, No. 1, Winter 2011, fuula 311

[5] Nicole Ball and Piet Bieshewuvel, Security And Justice Sector Reform Programing In Africa, department for international development working paper 23, 2007, fuula ix (sagantaa fooyya'iinsa sirna haqaa deeggarsa dhaabbilee addunyaa fi biyyoota akka Igilaandii gaggeeffamaa ture kessatti biyya itoophiyaa hin hammatame turte, fuula 11)

haqaa mirkaneessuu irratti kan xiyyeeffatu yoo ta'u, keniinsa tajaajila qaamolee haqaa fi nageenyaa fooyyessaa adeemuun barbaachisaa ta'uu akeekee jira.[6] Haaluma wal-fakkaatuun, Baankiin Misooma Afriikaa hojiin tajaajila kenniinsa haqaa fooyya'aa akka adeemu gochuuf qaamolee haqaa fi nageenyaa fooyessaa adeemuun murteessaa ta'uu adda baasee akka karoora tokkootti qabatee irratti hojjechaa jira.[7]

Akka Biyya Keenyaatti qorannoon Sagantaa Fooyya'iinsa Sirna Haqaa Waliigalaa bara 2005 ALA gaggeeffameen hanqinaalee fi hudhaalee sirna haqaa keessatti mul'atan adda baaseera.[8] Qorannichis kenniinsa tajaajila seera tumuu fi fooyyessuu, seera hiikuu fi murtii kennuu, seera raawwachiisuu, leenjii kennuu fi qorannoo seeraa gaggeessuu, fi odeeffannoo alaa gara qaamolee haqaatti dhiyeessuu ykn qaamolee haqaarraa gara hawaasatti dhiyeessuu ilaalchisee hanqinaalee jiran fooyyessaa adeemuun barbaachisaa akka ta'e ibsee jira. Haaluma kanaan, bara 2005 ALA Sagantaa Fooyya'iinsa Sirana Haqaa (SFSH) biyya keenyaatti hojiirra ooluu eegale.

Haaluma wal-fakkaatuun, hanqinaalee hoj-maata qaamolee haqaa keessatti mul'atan hundeerraa furuuf, Mootummaan Naannoo Oromiyaa SFSH bara 1997 irraa eegalee hojjiirra oolcheera. Sagantaan fooyya'iinsa sirnni haqaa kunis rakkoolee raawwii kenniinsa tajaajila haqaa keessatti mul'atan dhabamsiisuun, sirnni haqaa si'awaa, dhaqqabamaa fi haqa-qabeessa akka ta'u gochuurratti xiyyeeffata.[9] Sagantaan kun sagantaa qindaa'aa fi hunda-galeessa waan ta'eef qaamolee mootummaa sadan (seera tumtuu, seera hiiktuu fi seera raawwachiiftuu) kanneen hojii kenniinsa tajaajila haqaa keessatti gahee olaanaa qaban hunda hammateera.[10] Isaanis Mana Maree Uummataa, Mana Murtii, Biiroo Haqaa, Komishinii Poolisii, Komishinii Bulchiinsa Mana Sirreessaa, Biiroo Bulchiinsaa fi Nageenyaa, Komishinii Naamusaa fi Farra Malaammaltummaa, Biiroo Dhimma Dubartootaa fi Daa'immanii fi Biiroon Paabilik Servisii fi Bulchiinsa Qabeenya Humna Namaa qaamolee sagantichaan hammatamanii dha.[11]

---

[6]Swiss Agency for Development and Cooperation, Rule of Law, Justice Sector Reform and Development Cooperation, SDC Concept Paper, Fuula 11-15

[7] Africa Development Bank Long Term Strategy (2013-2022) Supporting Strong, sustained and inclusive Growth in Africa(Approach paper), fuula 4

[8]Ministry of Capacity Building, Comprehensive Justice Reform Program: Baseline Study Report, 2005

[9]Qajeelfama raawwii hojii sangataa fooyya'iinsa sirna haqaa mootummaa naannoo oromiyaa fi aangoo fi hoj-maata qaamolee oggansaa naannichaa, Fulbaana 2/2001, seensa

[10] Ministry of Capacity Building, Comprehensive Justice Reform Program: Baseline Study Report, 2005, fuula 68

[11]WQSFSH fi wal-ta'insa ogeessota qaamolee haqaa mootummaa naannoo oromiyaa, bu'aa qorannoo raawwii sagantaa fooyya'iinsa sirna haqaa bara 1997-2000, caamsaa 2000 (finfinnee), fuula 1

Qooda fudhattootni SFSH Naannichaa, hanqinaalee hoj-maata keessatti isaan quunnaman furuuf, sagantaalee xixiqqaa fooyya'iinsa waliigalatiif gumaacha qabaatan adda baasanii akka irratti hojjetan kallattiin kaa'ameera. Haaluma kanaan,

- Manni Maree Uummataa gurmaa'insa, qabeenya humna namaa fi dandeettii seera baasuu mana marichaa akka fooyyeessu gochuu;
- Manni Murtii kenniinsa tajaajila abbaa seerummaa si'awaa, qulqulla'aa, bilisawaa, fi dhaqqabamaa gochuu;
- Biiroon Haqaa murtiin qulqullinaa fi si'oomina qabu akka kennamu taasisuu;
- Biiroon Bulchiinsaa fi Nageenyaa nageenyi fi tasgabbiin akka cimu gochuu;
- Komishiniin Poolisii dandeettii yakka ittisuu fi qorannoo gaggeessuu akka cimsatu taasisuu,
- Koomishiniin Naamusaa fi Farra Malaamaltummaa gurmaa'iinsa isaa akka sirratu taasisuun dandeettiin raawwachiisuu fi human namaa isaa akka cimu taasisuun ummata biratti hojii ittisaa fi seeratti dhiheessu yakka malaamaltummaa cimaa akka hojjetu taasisuu,
- Koomishiniin Bulchiinsa Mana Sirreessaa dandeetti raawwachiistummaa isaa cimsuun sirreeffamtoota hawwaasaaf bu'aa buusuu danda'aan uumuu dandeessisuu fi
- Biiroon Dhimma Dubartootaa fi Daa'immanii dandeetti raawwachiiftummaa isaa cimsuun dhimma mirga daa'immanii fi dubartootaa waliin walqabatu irratti hojjechuu akka danda'au taasisuu kan jedhan sagantaalee xixiqqaa SFSH irratti xiyyeeffatuu dha.[12]

SFSH sadarkaa barbaadametti hojiitti akka hiikamu gochuu fi rakkoowwan adeemsa keessa mudatan furaa adeemuuf, Koreen Qindeessituu Sagantaa Fooyya'iinsa Sirna Haqaa bara 1999 ALH hundeeffameera.[13] Hojiwwan xiyyeeffannoo koree kanaas, qaamoleen haqaa sadarkaa hunda irra jiran SFSH sirriitti hubatanii qindoominaan hojiitti akka jijjiiran dandeessisuu, haala raawwii sagantichaa hordofuun yaada fooyya'iinsaa burqisiisaa adeemuu fi qaamoleen kanneen deeggarsa barbaachisu akka argatan haala mijeessuu dha.[14] Koreen SFSH Oromiyaa sadarkaa

[12]Waajjira Qindeessaa Sagantaa Fooyya'iinsa Sirna Haqaa Mootummaa Naannoo Oromiyaa, SFSH Oromiyaa, 2005, fuula 22

[13]Dambii Waajjira Qindeessaa Sagantaa Fooyya'iinsa Sirna Haqaa Mootummaa Naannoo Oromiyaa Hundeessuuf Bahe, lak 82/1999, kwt 3

[14] Qajeelfama raawwii hojii sagantaa fooyya'iinsa sirna haqaa mootummaa naannoo oromiyaa fi aangoo fi hojimaata qaamolee ooggansaa, fulbaana 2/2000, kwt 3

afuritti, jechuunis sadarkaa naannoo (biiroo), godina, aanaa fi magaalaatti hundeeffameera.[15] Koreewwan kanneen miseensota 7-14 kan qaban yoo ta'u koreen olaanaa sadarkaa naannootti hundeeffame 14, sadarkaa godinaatti 8, sadarkaa aanatti 9 akkasumas sadarkaa bulchiinsa magaalaatti 7 qaba. Fakkeenyaaf, miseensotni koree SFSH Naannoo Pirezidaantii Bulchiinsa Mootummaa Naannoo, Pirezidaantii Mana Murtii, Af-Yaa'ii Caffee, Ittaanaa Pirezidaantii Naannoo, Hoogganaa Biiroo Haqaa, Hoogganaa Biiroo Bulchiinsaa fi Nageenyaa, Komishinara Komishiinii Poolisii, Komiishinara Komiishinii Naamusaa fi Farra Malaammaltummaa, Komishinara Koomishinii Manneen Sirreessaa, fi Daarikteera ILQSO, Hogganaa Biiroo Paabliki Sarvisii fi Misooma Qabeenya Namaa, Hoggantuu Biiroo Dhimma Dubartoota fi Daa'immanii Oromiyaa, Gorsaa Seeraa Waajira Pireezidaantii, fi Itti Gaafatamaa Qajeelcha Qorannoo fi Qo'annoo Mana Murtii waliigala Oromiyaa dha.

Hogganaan olaanaa qaama raawwachiiftuu Mootummaa Oromiyaa sadarkaa sadarkaan jiran (Pirezidaantii Mootummaa Naannoo, bulchaa godinaa fi aanaa, fi kantiibaan bulchiinsa magaalaa) walitti qabaa korichaa yoo ta'an, pirezidaantiin Mana Murtii sadarkaa sadarkaan jiran ittaanaa walitti qabaa dha. Hoogganaan Waajjira Qindeessaa SFSH Oromiyaa sadarkaa naannootti sagalee malee barreessaa dha. Sadarkaa sadan afanitti ammoo ogeessi SFSH *(focal person)* Waajjira Paablik Servisii fi Misooma Qaabeenya Namaatti ramadamanii jiran sagalee malee barreessaa korichaa ta'uun tajaajilu.

Koreen SFSH Oromiyaa gama si'oomina, qulqullinaa fi bu'a-qabeessummaa kenniinsa tajaajila haqaa mirkaneessuutiin hojii jajjabeessaa ta'an hojjetaa jiru. Bu'aalee hedduun gama dhaqqabummaa kenniinsa tajaajila haqaa mirkaneessuu, dhiyeessii fi qulqullina qabeenya humna namaa, meeshaalee fi waajjiraalee dhugoomsuu, fi dhangala'iisa odeeffannoo kenniinsa tajaajila haqaa ilaalchisee qaamolee haqaarraa gara hawaasa bal'aatti akkasumas duub-deebiin hawaasa bal'aarraa gara qaamolee haqaatti taasifamu mirkaneessuu, dorgommii fi muuxannoo walii-qooduun miseensota koree fooyya'iinsa sirna haqaa gidduutti akka guddatu taasisuu ilaalchisee hojiiwwan jajjabeessaa ta'an hojjetamaniiru.[16] Keessumaa, hojiin tajaajila kenniinsa haqaa dhaddacha naanna'aatiin akka kennamuuf deggersi maallaqaa, humna namaa fi konkolaataa akka taasifamu gochuu fi torbeen koora haqaa haala qinda'een akka kabajamau

[15]Dambii oli miiljalee 13 ffaa jalatti ibsame , kwt 12

[16]Af-gaaffii Obbo Abdii Gurmeessaa, Ifaa Qana'aa, Sanbataa Abdataa fi Aangessaa Itichaa leenjistoota ILQSO fi pirezidaantii mana murtii aanaa adda addaa, af-gaaffii gaafa 21/2/2009 waliin taasifameera.

taasisuu ilaalchisee gumaachi koree SFSH taasisu olaanaa dha. Itti dabalees, ragaan barreeffamaa waajjiraalee mootummaa adda addaan kennaman amanamaa akka ta'anii fi qaamolee haqaatiin yoo gaafataman haala salphaan akka argaman gochuu akkasumas murtiileen qaamolee haqaatiin kennaman yerootti hojiitti akka hiikaman taasisuu keessatti koreen kun gumaacha guddaa qaba.[17]

Hata'u malee, koreen SFSH hanqina hedduu akka qabu qorannoon sakatta'iinsa fedhii leenjii fi qorannoo (need assessment) ILQSOn bara 2009 ALH gaggeesse agarsiiseera.[18] Daataan namoota koree SFSH Oromiyaa keessatti hirmaachaa turanirraa walitti qabame koreen SFSH hanqina akka qabu ni ibsu.[19] Itti dabalees, koreen kun bu'uura dambii fi qajeelfama jiruun hubannoo walfakkaataa qabatanii daangaa aangoo kennameef keessatti hojjechuu fi deeggarsa barbaachisaa ta'e taasisaa adeemurratti hanqina akka qabu qorannoon Waajjirri Qindeessaa SFSH bara 2004 gaggeesse mul'iseera.[20] Kanaaf, dhimma kanarratti qorannoo gaggeessuun hanqinaalee koree SFSH adda baasanii furmaata rakkoo jiru dhabamsiisuu danda'u akeekuun tattaaffii kenniinsa tajaajila haqaa si'oomaa, dhaqqabamaa, fi haqa-qabeessa taasisuuf raawwatu kan deeggaruu dha.

1.2. Hima Rakkoo

Koreen SFSH Oromiyaa Hojiiwwan kenninsa tajaajila haqaa gama seera tumuu fi fooyyessuu, yakka ittisuu fi qorachuu, himannaa dhiyeessuu fi falmuu, murtii qulqullinaa fi saffina qabu kennuu, sirreeffamoota sirreessuu fi deebisanii ijaaruu, hirmaannaa fi fayyadamummaa uummataa gabbisuu, bulchiinsa gaarii fi olaantummaa seeraa manneen hojii qaamolee haqaa keessatti mirkaneessuu, fi dhangala'iinsaa fi bulchiinsa odeeffannoo gabbisuu qaamolee haqaatiin hojjetaman fooyya'aa akka deeman gochuu irratti hojjeta. Koreen SFSH hojjiiwwan hojjetu kana hojiiwwan guyyaa guyyaa qaamoleen haqaa hojjetan keessa osoo hin seeniin

[17]Af-gaaffii Obbo Abdii Gurmeessaa, Ifaa Qana'aa, Sanbataa Abdataa fi Aangessaa Itichaa leenjistoota ILQSO fi pirezidaantii mana murtii aanaa adda addaa, af-gaaffii gaafa 21/2/2009 waliin taasifameera.

[18]Alamaayyoo Waaqgaarii, qorannoo sakatta'iinsa fedhii leenjii fi qorannoo ILQSO bara 2009, ILQSO (2008), fuula 116

[19]Af-gaaffii Obbo Abdii Gurmeessaa, Ifaa Qana'aa, Sanbataa Abdataa fi Aangessaa Itichaa leenjistoota ILQSO fi pirezidaantii mana murtii aanaa adda addaa, af-gaaffii gaafa 21/2/2009 waliin taasifameera.

[20] Waajjira Qindeessaa SFSH Oromiyaa, 2004, fuula 152

daangaa aangoo fi hoj-maata kennameef qofa keessatti hojjechuun, bu'aa fi galma waliigala sirnichaa irraa eegamu galmaan gahuuf hojjechuu akka qabu seerri ni tuma.[21]

Kaayyoo kaneen qabatee haa ka'u malee, Koreen SFSH Oromiyaa kaayyoo fi ergama hundeeffama isaa galmaan gahuu keessatti haqinaalee qaba. Hanqinaaleen kunniinis kaayyoo hundeeffama korichaa irratti miseensotni hubannoo fi kutannoo walfakkaatu dhabuu,[22] daangaa aangoo fi gahee hojii korichaa keessatti hojjechuu dhabuu, gurmaa'innii fi gaheen hojii miseensotaa korichaa haala hojii korichi barbaadu waliin kan wal-simu ta'uu dhabuu, fi hoj-maatni korichaa bilisummaa ogummaa ogeessota qaamolee haqaa mirkaneessuu ilaalchisee laafina akka qabu ni ibsama.[23]

Hubannoo gahaa qabaachuu dhabuu miseensota koree SFSH ilaalchisee miseensotni qaamolee haqaa fi waajjiraalee sadarkaa biiroorraa kan walitti qabaman waan ta'eef raawwii SFSH fi hojmaata koree irratti hubannoo waliigalaa akka argataniif leenjiin kenname gahaa akka hin taane ni ibsama.[24] Miseensotni bu'uura dambii fi qajeelfama jiruun yeroo qabametti wal gahaa waan hin jirreef haala waliigala hojichaarratti hubannoo isaan qaban muraasa. Miseensotni qaamolee haqaa ala jiran irraa dhufan dhimma kenniinsa tajaajila haqaa fi seeraa irratti hubannoo isaan qaban laafina waan qabuuf hubannoo tokkoon hojjechuurratti hanqinni akka uumamu taasiseera.[25]

Haaluma wal-fakkaatuun, rakkoon qindoomanii waliin hojjechuu koree SFSH keessatti ni mul'ata. Keessumaa, qaamoleen haqaa murtii koreen murteessu fudhatanii bifa qindaa'een gara hojiitti hiiku ilaalchisee hanqinni isaan qaban guddaa dha.[26]Daangaa aangoo fi gahee hojii korichaa keessatti hojjechuu dhabuu, hanqinaalee hoj-maata koree SFSH Oromiyaa keessatti

---

[21]Armaan oli miiljalee 14 jalatti kan ibsame, kwt 3(4 hidha 5)

[22]Waajjira Qindeessaa Sagantaa Fooyya'iinsa Sirna Haqaa Mootummaa Naannoo Oromiyaa, Karoora Sagantaa Fooyya'iinsa Sirna Haqaa Mootummaa Naannoo Oromiyaa Kan Bara 2005-2007

[23]Af-gaaffii Obbo Abdii Gurmeessaa, Ifaa Qana'aa, Sanbataa Abdataa fi Aangessaa Itichaa leenjistoota ILQSO fi pirezidaantii mana murtii aanaa adda addaa, af-gaaffii gaafa 21/2/2009 waliin taasifameera.

[24] Waajjira Qindeessaa SFSH Oromiyaatt Duub-deebii Gabaasa Raawwii Hojii SFSH Godinaall fi Mgaalotaa kan Bara 2008 rakkoolee kana hubachuun ni dandaa'ama.

[25] Waajjira Qindeessaa SFSH Oromiyaa, Duub-deebii Gabaasa Raawwii Hojii SFSH Godinaalee fi Magaalotaa Bara 2008 keessatti akka yaada goolabaatti kan ka'an keessa walgahiin koree haala karooraan kan geggeeffamaa hin jirre ta'uu fi to'annoo fi hordoffiin bu'uura barbaadameen kan geggeeffamee hin jirre ta'uu ni ibsa.

[26]Obbo Balaay Taaddasaai , Hogganaa Waajjira Qindeessaa SFSH Oromiyaa, af-gaaffii gaafa 1-3-2009 waliin taasifame

mul'atan keessaa isa ijoo dha.[27] Hanqinaaleen gama kanaan mul'atan keessaa koreen SFSH falmiiwwan ka'anii fi ka'uuf jiran caqasuu, ogeessota hojicha hojjetan maqaa dhahuun hojii idilee qaamolee haqaa keessa seenuu fi fedhii dhuunfaa miseensota tokko tokkoof dursa kennuun kallattii murtiin itti kennamuu akeekuun jira. Dabalees waajjiraalee miseensa koree hin taane hirmaachisuu yaaluu (fakkeenyaaf, waajjira dhaabaa); qaamoleen haqaa hojii fi haala kenna tajaajila haqaa hojjetan akka beeksisan, garagalcha murtii koreef akka kennanii fi bilisummaa guutuun akka hin hojjetne dhiibbaa taasisuu; darbee darbee falmiiwwan mana murtiin ilaalamaa jiranii fi xiyyeeffannoo barbaadan irratti koreen murtiin akka itti kennamu dhiibbaa gochuu, fi kkf ibsuun ni danda'ama.

Ijoowwan akka hanqinaalee koree SFSH jedhamanii ilaalaman keessaa kan biroo dhimma gurumaayinsa koree SFSH wajjiin kan wal-qabatuu dha. Koreen kun waajjiraalee adda addaa irraa walitti dhufuun kan ijaaramee dha. Fakkeenyaaf, koreen olaanaa SFSH sadarkaa naannotti hundeeffame miseensota 14 of-keessaa kan qabu yoo ta'u kanneen keessaa miseensotni 6 waajjiraalee qaamolee haqaa ala jiran irraa kan dhiyaatanii dha. Koree kana keessatti hojii ijoo kan hojjetu gaggeessaa kaabinee dha. Yeroo koreen itti wal-gahuu fi ajandaa korichaa adda durummaan adda kan baasuu Pirezidaantii Mootummaa Naannoo, bulchaa godinaa fi aanaa, fi kantiibaa dha. Walitti qabaan koree sadarkaa hunda jiruu rakkoo qabatamaa qaamolee haqaa keessa jiruu baasuu fi bilisummaa waajjiraalee qaamolee haqaa fi ogeessota qaamolee haqaa kabachiisuu ilaalchisee hanga hooggantoota qaamolee haqaa ta'uu dhiisuu dandaa'a. Itti dabalees, hooggantootni kanneen hojii idilee hedduu waan qabaniif hojii koree kana hojjechuuf yeroo fi xiyyeeffannoo gahaa kennuurratti hanqinni jira.

Haaluma wal-fakkaatuun, dhimma gurmaayinawaajjira qindeessaa SFSH Oromiyaa ilaalchisee waajjirri kun hoj-maata qaamolee haqaa fooyyessuuf kan hundeeffame yoo ta'ellee yeroo ammaa Biiroo Publik Servisii fi Misooma Qabeenya Namaa jalatti hundeeffamee fi itti waamamni isaa biroo kanaaf ta'uunsaa gahee hojii kennameef raawwachuurratti dhimma akka rakkootti ilaalamuu dha.[28]

Kanaafuu raawwii hojii korichaa irratti qorannoo gaggeessuun rakkoowwan hojii keessatti mul'achaa jiran adda baasanii agarsiisaa yaadota furmaataa akeekaa adeemuun kaayyoo

[27]Armaan ali miiljalee 16ffaa jalatti kan ibsame, Waajjira Qindeessaa SFSH Oromiyaa, qorannoo, 2004, fuula 152
[28]Armaan ol miiljalee 24 jalatti kan ibsame.

hundeeffama korichaa lafa qabsiisaa adeemuu keessatti hojii gahee gudaa qabuu dha. Kana malees, kenniinsi tajaajila haqaa Naannoo Keenyaa keessatti kennu qulqulla'aa, si'awaa, dhaqqabamaa, bu'a qabeessaa fi haqa qabeessa taasisuu keessatti shoora korichi qabu akka cimu gochuu keessatti gumaacha guddaa qaba.

1.3. Gaaffilee qorannoo

Qorannoon kun hanqinaalee raawwii hojii koree SFSH fi gurmaayinsa Waajjira Qindeessaa SFSH Oromiyaa keessatti mul'atan adda baasuu fi yaadota furmaataa akeekuu jecha gaaffilee qorannoo armaan gadii deebisuurratti xiyyeeffata.

- Kaayyoo hundeeffama SFSH hubatanii daangaa aango isaatii keessattii hojjechuu ilaalchisee miseensotni koree hubannoo isaan qaban maal fakkaata?
- Hoggansi koree fi gurmaa'insi koree gahee hojii koree raawwachiisisuu keessatti akkasumas koree tarkaanfachiisuu keessatti maal fakkaata?
- Ittiwaamamni fi caaseffamni Waajjira Qindeessaa SFSH Oromiyaagahee hojii hojiisaa gahumsaan bahuurratti bu'aa fi miidhaa maalii qaba?

1.4. Kaayyoo Qorannichaa

Kaayyoon qorannoo kanaa kaayyoo gooroo fi kaayyoo gooree jedhamee bakka lamatti hiramuu danda'a. Kaayyowwan lamaan kun akka armaan gadiitti ibsamaniiru.

1.4.1. Kaayyoo Gooroo

Kaayyoon gooroo qorannoo kanaahanqinaalee seeraa fi hoj-maata koree fi Waajjira Qindeessaa SFSH Oromiyaa keessatti mul'atan sakatta'anii adda basuun dandeettii raawwachiisummaa Koree fi Waajjirichaa akka dabaluu gochuun bu'a-qabeessummaan kenniinsi tajaajila haqaa Naannoo keenyaa dabalaa akka deemu taasisuu dha.

1.4.2. Kaayyoo gooree

Kaayyoo gooroo qorannoo kanaa galmaan gahuuf qorannoon kun kaayyowwan gooree armaan gadii kanqabaatu ta'a:

- Kaayyoo hundeeffama koree SFSH Oromiyaa adda bahee akka ibsamu gochuun miseesotni korichaa hubannoo gahaa akka argatan dandeessisuu,

- Koreen SFSH rakkoowwan kenniinsa tajaajila haqaa keessatti mul'atan furamaa akka deeman gochuun hojiirra oolmaan SFSH Naannoo Keenyatti akka mirkanaa'u taasisuu,
- Koree SFSH hojii idilee qaamolee haqaa keessa osoo hin galiin kaayyoo hundeeffama isaa galmaan akka gahu dandeessisuu,
- Gurmaayiinsa miseensota koree SFSH Oromiyaa ilaalchisee rakkoowwan jiran agarsiisuun akka furaman gochuu,
- Gahee hojii koree SFSH maandeetii koreewwan meeshaalee rifoormii kanneen akka koree waliinii JBAH fi Mana Maree Nageenyaa irraa maaliin adda akka ta'e agarsiisuu
- Hanqinaalee caaseffama Waajjira Qindeessaa SFSH Oromiyaa keessatti mul'atu adda baasuun furmaata akeekuu,

1.5. Faayidaa fi fayyadamtoota Qorannichaa

Qorannoon kun kaayyowwan qarannoo armaan olitti ibsaman galmaan gahuu cinatti sirna haqaa Naannichaatiif faayidaalee hedduu argamsiisa. Koreen SFSH bu'uura kaayyoo fi tumaalee seera hundeeffama korichaatiin hojiisaa akka hojjetuuf gahee olaanaa taphata. Haaluma kanaan, dandeettii fi qulqullina raawwii hojii koree SFSH akka cimu dandeessisuun hojiirra oolmaan SFSH akka dhugoomu gumaacha ni taasisa. Itti dabalees,kenniinsi tajaajila haqaa qulqullina, dhaqqabummaa, haqummaa fi siffina akka Naannoo Oromiyaatti akka ta'u gochuun olaantummaan seeraa fi heera akka mirkaneessuu taasisuu keessatti shoora olaanaa taphata.

Qaamoleen adda addaa fayyadamoota bu'aa qorannoo kanaa ta'uu ni danda'u. Koree qindeessituu SFSH, waajjira qindeessaa SFSH, ILQSO, qaamolee haqaa Naannoo Oromiyaa, hawaasa bal'aa, qaamolee qorannoo gaggeessanii fi mootummaan qaamolee adda durummaan bu'aa qorannoo kanarraa fayyadaman ta'u jedhamee amanama.

- Waajjira qindeessaa sagantaa fooyya'iinsa sirna haqaa oromiyaa fi koreewwan SFSH Oromiyaa sadarkaa adda addaatti hundeeffamanii jiraan yaadota furmaataa qorannoo kanaan akeekamanitti fayyadamuun hanqinaalee hoj-maata isaanii keessatti mul'atan ni sirreeffatu.
- Inistiitiyuutiin leenjii ogeessota qaamolee fi qornnoo seeraa oromiyaa bu'aalee qorannoo kanaatti fayyadamee leenjii hubannoo gabbisu miseensota koree SFSH kennuunhanqinalee hubannoo hoj-maata koree qindeessituu SFSH Oromiyaa keessatti mul'atan xiqqessuurratti ni hojjeta

- Qaamoleen haqaa bilisummaa fi itti-gaafatamummaa dhaabbata fi ogeessota isaanii koree SFSH keessatti haala kamiin akka kabachiisaan yaada leenjii hubannoo ittiin uuman qorannoo kanarraa ni argatu
- Bu'aan qorannoo kanarraa argamu hoj-maata koreewwan SFSH fi qaamolee haqaa fooyyessuu keessatti gahee olaanaa waan gumaachuuf, tajaajila fooyya'aa qaamoleen haqaa kennan irraa hawaasni bal'aan fayyamaa ni ta'a. Kanaaf, hawaasni bal'aan al-kallattiin bu'aa qorannoo kanarra fayyadamaa ni ta'a jedhamee fudhatama.
- Qaamolee qorannoo dhimma kanarratti gara fuul-duraatti gaggeessaniif qorannoon kun akka madda odeeffannoo tokkootti ni tajaajila jedhamee amanama
- Qorannoon kun hojii seera tumuu, seera hiikuu fi seera raawwachiisuu naannoo keenyatti hojjetamu bu'a-qabeessa akka ta'u gochuurratti waan hojjetuuf Mootummaan Oromiyaa kaayyoo gama haqaa fi nageenya mirkaneessuutiin qabatee jiru galmaan gahu keessatti bu'aa qorannoo kanaa akka galtee tokkootti ni fayyadamuu danda'a.

1.6. Mala Qorannoo

Daataan qorannoo kanaaf barbaachisu mala qorannoo akkamtaan walitti qabameera. Haaluma kanaan, tooftaalee daataa ittiin funaanamu kan akka seerota, qaboo ya'ii fi karoora koreewwan SFSH, dokimentii SFSH Oromiyaa fi Federaalaa, fi barruulee adda addaa dubbisuu, fi miseensota koree SFSH Oromiyaa, abbootii seeraa fi abbootii alangaa wajjiin af-gaaffiin gaggeeffameera. Mala qorannoo kaayyeffatatti fayyadamuun daataa koree qindeessituu olaanaa (sadarkaa naannoo), godinaalee ja'aa fi aanolee isaan jala jiran aanolee ja'a fi bulchiinsa magaalaa lama irraa walitti qabameera.

Godinaalee daataan irraa walitti qabamanis Godina Addaa Oromiyaa Naanawa Finfinnee, Godina Wallagga Lixaa, Harargee Lixaa, Shawaa Lixaa, Arsii Lixaa fi Arsii kan filataman yoo ta'an aanaaleen godinaalee kanneen jala jiran keessaa aanaan Aqaaqii, Gimbii, Ciroo, Amboo, Shaashimaannee fi Xiyoo irraa daataan biifuma walfakkaatuun af-gaaffiin walitti qabameera. Sadarkaa bulchiinsa magaalaatti ammoo bulchiinsi magaalaa Buraayyuu fi Bishooftuu irraa daataan walitti qabameera. Daataa af-gaaffiin argame kana tumsuuf akka ta'utti daataan mala bar-gaaffiitiin (gaaffii banaa ykn oppe ended questionnaire) abbootii seeraa fi abbootii alangaa irraa walitti kan qabame yoo ta'ellee hanqina hubannoo dhimma kanarratti qabaniif jecha bar-gaaffii karoorfame hanga barbaadame waliitti qabuu hin dandeenye.

Itti dabalees, tooftaa bar-gaaffii banaa ta'een miseensota koree fi ogeessota biroo daangaa qorannoo keessa hin jirre godinaalee shan irraa daataan dabalataan walitti funaanameera. Haala kanaan godinaalee daataan irraa walitti qabes Godina Jimmaa, Hararge Bahaa, Gujii, Wallagga Bahaa, fi Iluu Abbaa Boor irraa bar-gaaffiin banaa (open ended questions) ogeessotni yaada isaanii ballinaan irratti ibsan 62 walitti qabamanii galtee qorannoo kanaa ta'eera.

Argannoon qorannoo kanaa cimsuuf jecha muuxannoon Mootummaa Federaalaa, Naannoo Amaaraa fi Naannoo Sabaa fi Sablammoota fi Uummattoota Kibbaa ilaaluuf yaaliin taasifameera. Hata'u malee, bakkeewwan muuxannoo irraa walitti qabuuf yaalame kanneen irraa daataa gahaa hoj-maata koree nannoo isaanii agarsiisu hin qaban waan ta'eef gama kanaan daataa gahaa hin arganne jechuun ni danda'ama.

Gabatee akaakuu fi raawwii hojii daataa walitti qabuu ibsu

Lak	**Akaakuu daataa**	**Karoora**	**raawwii**	**Milkaa'ina dhibbentaan**
1	Af-gaaffii	146	119	85.5%
2	bargaaffii	41	95	231.7%
3	Qaboo yaa'ii	14	12	85.7%
4	Karoora fi gabaasa	14	42	300%
Ida'ama		**215**	**270**	**125.6%**

1.7. Hanqinaalee Qorannoo

Qorannoo kana akkaataa barbaadameen akka hin hojjenne hudhaaleen nu dadngessan keessaa inni jalqabaa hanqina barrulee maalummaa, barbaachisummaa fi muuxannoo koree SFSH akka waliigalaatti ibsan haala barbaadamuun dhibamuu dha. Hudhaan inni lammaffaa ammoo hanqina daataa haala raawwii hojii koree SFSH Oromiyaa ibsan baayinaa fi haala gahumsa qabuun argachuu dhabuu wajjiin kan wal-qabatu ta'a. Inni biraan ammo miseensotni koree SFSH sadarkaa adda addaarratti argaman namoota hojiin itti heddummatuu fi waajiiratti yeroo hedduu hin argamne waan ta'aniif, namoota daataan irraa walitti qabamuuf karoorfame kanneen argatanii daataa walitti qabuu ilaalchisee hanqinni guddaan adeemsa qorannoo kanaaf daataa

walitti qabuu keessatti nu mudateera. Yeroo daataan qorannoo kanaa itti funaanametti sochiin haaromsa gadi fagoo bal'inaan gaggeeffamaa kan ture waan ta'eef miseensota koree argachuun af-gaaffii bal'aa waliin gaggeessurratti hanqina guddaan mudateera. Keessumaa walitti qabaa koree haala barbaadamuun argachuu fi daataa irraa walitti qabachuu hin dandeenye. Itti dabalees, hanqinni yeroo fi baajeta daataa Oromiyaa keessaa itti walitti qabanii fi muuxannoo naannolee biroo ittiin ilaalan muraasachuun haala waliigalaan dhiibbaa kan fidu ta'uu isaa keessatti qorannoon kun geggeeffameera.

1.8. Daangaa Qorannoo

Qorannoon kun kan xiyyeeffatu dhimmoota, hubannoo fi kutannoo miseensota koree SFSH Oromiyaa fi sadarkaa sadarkaan jiran jira bira jiru maal akka fakkaatu, gurmaa'insi koree SFSH Oromiyaa fi Waajjira Qindeessaa SFSH hojii isaanii irratti fide maal akka ta'ee fi adeemsa hojii keessatti walitti dhufeenyi qaamolee haqaa fi koree jidduu jiru maal akka fakkatu irratti kan xiyyeeffatu ta'a. kana jechuunis qorannoon kun dhimmoota SFSH waliin walqabatanii jiran bifa waliigalaan kaasee kan darbu ta'a malee qabiyyee sagantichaa keessa seenuun gadifageenyaan kan hin xiinxallee ta'a jechuudha.

1.9. Caaseffama barreeffama kanaa

Qorannoon kun boqonnaa afutti kan qoodamu yoommuu ta'u; boqonnaa tokkoffaan seensa qorannoo kanaa yoo ta'u, boqonnaa lammaffaan sakatta'iinsa hogbaruudha, boqonnaa sadaffaan xiinxala seeraa fi daataa walitti qabameeti, boqonnaa afuraffaan yaada gudunfaa fi furmaataati.

BOQONNAA LAMA

Sakatta'iinsa Hogbarruu

2.1. Sagantaa fooyya'iinsa sirna haqaa fi hojiirra oolmaa isaa

2.1.1. Sagantaa Fooyya'iinsa Sirna Haqaa: Barbaachisummaa fi yaada waliigalaa sagantichaa

Tattaaffii guddina dinagdee, hawaasummaa fi siyaasaa dhugoomsuuf taasifamuu mirkaneessuu keessatti, qaamoleen haqaa qooda guddaa gumaachu.[29] Hirmaannaa qaamolee haqaa malee guddinni dinagdee fi hawaasummaa galma gahuu hin danda'u.[30] Guddina qabatamummaa qabuu fi saffisaa ta'e galmeessuuf qaamoleen kanneen sochii taasifamu keessatti haala gahumsa fi jijjiirama fiduu danda'uun hirmaachuutu irraa eegama. Fooyya'iinsii fi jijjiiramni qabatamaan qaamolee kanneen keessatti yoo dhugoome malee gumaachi qaamolee haqaa irraa eegamu argamuu hin danda'u. Tajaajilli kenniinsa haqaa bu'a-qabeessa yoo ta'e mirgi namoomaa fi dimookiraasii kabajamuu, investimentiin baballachuu fi iyyummaan hir'achuu danda'a.[31]

Biyya keenya keessatti qaamoleen haqaa ummata bal'aatiif dhaqqabamaa fi fedhii isaanii galmaan kan gahan, malaammaltummaa fi giddu-seentummaa siyaasaa irraa bilisaa kan ta'ani, fi humna namaa fi meeshaa barbaachisuun kan ijaaraman waan hin turreef, hojiin bulchiinsa haqaa isaan raawwatan daraan gadaanaa ture.[32] Tajaajilli kenniinsa haqaa akka biyyaattis ta'e akka naannoo keenyaatti kennamaa ture gama dhaqqabummaa, tilmaamummaa, haqummaa, fi si'ominaan yoo madaalame hanqina kan qabu akkasumas mirga namoomaa fi siyaasaa kabachiisuu irrattis laafina kan qabu ture.[33] Kanaaf, rakkoon gama kanaan jiru bara 1993 kaasee dhimma xiyyeeffannoo argate ta'eera. Haaluma kanaan, qorannoon hunda-galeessa ta'ee

[29] Eric Dubois, Christel Schurrer and Marco Velicogna, The functioning of judicial systems and the situation of the economy in the European Union Member States, (Strasbourg 2013), fuula 85

[30] Shahid Javed B urki and Guillermo E. P, Beyond The Washington Consensus: Institutions Matter, Washington, D.C. 20433, U.S.A, (1998), fuula 12

[31] Shahid Javed B urki and Guillermo E. P, Beyond The Washington Consensus: Institutions Matter, Washington, D.C. 20433, U.S.A, (1998), fuula 20

[32] Ministry of capacity building, Justice System Reform Program Office (2005), comprehensive Justice Sectors Reform Program baseline study report, fuula 48

[33] Ministry of capacity building, Justice System Reform Program Office (2005), comprehensive Justice Sectors Reform Program baseline study report, fuula 48

dhimma kanarratti akka gaggeeffamu taasisuun rakkoowwanii fi hanqinaalee bulchiinsa haqaa keessatti mul'atan adda bahanii akka ibsamanii fi yaadni furmaataa akka akeekaman ta'eera.[34]

Qorannoon sun biyyi keenya bulchiinsa haqaa irraa gama hundaan akka fayyadamtutti hoj-maata rakkoowwan jiran hiikuu daanda'u, sirna hunda-galeessa ta'e diriirsuun barbaachisaa akka ta'e ibseera.[35] Sirni rakkoowwan jiran furuuf diriirfame kunis sagantaa fooyya'iinsa sirna haqaa dha. Sagantaan fooyya'iinsa sirna haqaa (SFSH) sagantaa rakkoowwanii fi hanqinaalee bulchiinsa haqaa keessatti mul'atan bifa qindoominaa fi walitti fufiinsa qabuun furamaa akka deemu taasisuu dha.[36] Hima biraan, SFSH hojiin fooyya'iinsa sirna haqaa dhugoomsuu hojii dhuunfaa dhuunfaan hojjetamu osoo hin taane hojii qaamoleen hirtaa qaban hunda hirmaachisuu qabudha. Akkasumas hojii al-tokko hojjetamee xumuramu osoo hin taane hojii walitti fufiinsaan hojjetamuun kenniinsi tajaajila haqaa yeroo gara yerootti fooyya'aa akka adeemuu taasisuu dha. Bu'uuruma kanaan, sagantaan kun akka biyyaatti hojiirra akka oolu ta'ee jira.

Gara Naannoo Oromiyaatti yoo deebinu, SFSH bara 1997 bahe gara hojiitti jijjiiramuu eegale.[37] Sagantaan kun akka waliigalaatti kaayyoo qaamoleen haqaa jijjiiramaaf of-qopheessuun tajaajila kenniinsa haqaa isaan irraa barbaadamu kennuu akka danda'an taasisuun, haqnii fi bulchiinsi isaa akka mirkanaa'u taasisandha. Dabalees olaantummaan seeraa akka mirkanaa'u taasisuun, sirni haqaa ijaarsa dimookiraasii, guddina misooma dinagdee fi bulchiinsa gaarii dhugoomsuu keessatti shoora isarraa eegamu akka bahatu taasisuu dha.

Kaayyoon sagantichaa akka waliigalaatti dhiyaate kun diddiriirfamee akka armaan gadiitti dhiyaachuu ni danda'a:

- Qaamoleen haqaa raakkoowwan gama ilaalchaa fi naamusaatin qaban irraa qulqullaayanii hojimaata iftoominaa fi itti-gaafatamummaa qabu akka diriirsan gochuun kenniinsi tajaajila haqaa dhaqqabamaa, si'awaa fi saffina kan qabu taasisuu,

[34]Ministry of capacity building, Justice System Reform Program Office (2005), comprehensive Justice Sectors Reform Program baseline study report

[35] Ministry of capacity building, Justice System Reform Program Office (2005), comprehensive Justice Sectors Reform Program baseline study report, fuula 48

[36] Elias N. Stebek, legal sector reform pursuits in Ethiopia: gaps in grassroots empowerment, Mizan Law Review, Vol. 9, No.2, fuula 259

[37] Waajjira Qindeessaa Sagantaa Fooyya'iinsa Sirna Haqaa Oromiyaa, bu'aa qorannoo raawwii sagantaaa fooyya'iinsa sirna haqaa, bara 1997-2000 (impact assessment, (2000, Finfinnee),

- Qaamoleen haqaa tajaajila gahaa fi sadarkaa qulqullina isaa eeggate hawaasaaf kennuu akka danda'an, humna namaa ogummaa fi dandeettii akkasumas meeshaleedhaan akka guutamu gochuu,
- Sirna filannoo falmii adda addaa hojiirra oolchuun dhaqqabamummaa fi saffina kenniinsa tajaajila haqaa cimsuu,
- Qindoomina qaamolee haqaa gidduu jiru cimsuun tajaajila fooyya'iinsa qabu hawaasaf kennuu,
- Hirmaannaa hawaasni hojii bulchiinsa haqaa keessatti qabu maloota adda addaatti fayyadamanii gabbisuu,
- Hanqinaalee hojimaata fi caaseffama qaamolee haqaa mudatan yeroo yerootti sakatta'uun hoj-maataa fi caaseffama fooyya'iinsa qabu diriirsuu,
- Sirna bulchiinsa haqaa cimsuun olaantummaa seeraa akka mirkanaa'u taasisuun mirgoota namoomaa fi dimokiraasii kabachiisuu.

Qorannoon bu'uuraa sagantaa fooyya'iinsa sirna haqaa Itoophiyaa hojiirra oolchuuf gaggeeffame qaamolee ijoo shan hojii ijoo jahaffaaSFSH keessatti hammataman adda baaseera.[38] Isaanis, (1) seera baasuu fi fooyyessuu, (2) murtii mana murtii idileen kennuu, (3) seera raawwachiisuu (waajjira poolsiii, waajjira haqaa fi mana sirreessaan), (4) barumsa (leenjii) fi qorannoo seeraa kennuu, fi (5) dhangala'iinsa odeeffannoo qaamolee haqaa gidduutti taasifamuu fi qaamolee haqaarraa gara alaatti taasfamu guddisuu dha. Dhimmoota shanan aramaan olitti ibsamannitti dabalee sagantichi dablataan akka ijoo jahaffaatti dhimma irratti hojjetamu godhee adda baafata qaba. Innis, bulchiinsa gaarii qaamolee haqaa keessatti mirkaneessuu dha. Bulchiinsi gaariin ijoowwan shanan eeraman yeroo gabaabaa keessatti qulqullinaan hojjetanii xumuruu keessatti gahee olaanaa galmaan gaha jedhamee qabatameera.[39]Haaluma kanaan, akka Naannoo Oromiyaatti hojiiwwan sagantaan fooyya'iinsa sirna haqaa irratti akka waliigalaatti xiyyeeffachuu qabu akka adda bahuu yaaliin adda addaa

[38] Elias N. Stebek, legal sector reform pursuits in Ethiopia: gaps in grassroots empowerment, Mizan Law Review, Vol. 9, No.2, fuula 259, The four core component and a fifth crosscutting component of comprehensive justice system program identify

[39] Ministry of capacity building, Justice System Reform Program Office (2005), comprehensive Justice Sectors Reform Program baseline study report, fuula 2006-291.

taasifameera.[40] Hojiiwwan gurguddoo sagantaa kanaan hammatamanii raawwatamuu qaban gabaabinaan akka armaan gadiitti dhiyaataniiru.

- Dandeettii raawwachiisummaa qaamolee haqaa cimsuun ijoo sagantichi irratti xiyyeeffachuu qabuu dha. Kayyoo kana galmaan gahuufis caaseffamaa fi gurmaayina qaamolee haqaa fooyyessuutti dabalee qaamolee haqaa humna namaa dandeettii fi hubannoo gahaa qabuun ijaaruun barbaachisaa dha.
- Hojmaata bulchiinsa sirna haqa hariiroo hawaasaa fi yakkkaa fooyyessuu fi cimsuun SFSH hojiirra oolchuu keessatti dhimma xiyyeeffannoo argatan keessaa isaan ijoo dha. Hoj-maatni kenniinsa tajaajilaa hariiroo hawaasaa fi yakkaa akka fooyya'uutti, SFSH kenniinsi tajaajila haqaa si'aawaa akka ta'utti, sirni bulchiinsa dhangala'a dhimmootaa fooyya'aa akka deemu gochuun barbaachisaa dha.
- Qaamoleen haqaa waliin hojjechuudhan sirna haqaa naannichaatiif bu'aa buusuu akka danda'an taasisaa adeemuun dhimmoota xiyyeeffannoon itti kennaman keessatti ramadama. Haaluma kanaan, hojiin hubannoo waliin horachuu fi muuxannoo waljijjiiruu waliin hojjetamuu qaba. Qaamoleen raawwachiiftuu kenniinsa tajaajilaa haqaa irratti gaheen isaanii olaanaa waan ta'eef haalli qindoominaan qaamolee haqaa waliin hojjetan akka mijatu hojjetamuu akka qabu ibsameera.
- Sirna odeeffannoo haqaa gurmeessuu fi cimsuu hojiiwwan SFSH xiyyeeffannoo guddaa itti kennuu dha. Gama kanaan, meeshalee tekinolojii hammayyaa tajaajila haqaa si'oomsan fi bu'a-qabeessummaa isaa cimsan bituun qaamolee haqaa sadarkaa sadarkaan jiraniif raabsuun ni barbaachisa. Sirna odeeffannoo hammayyoomsufis sirna daata beezii manneen murtii, biiroo Haqaa fi manneen sirreessaa keessatti diriirsuf hojiin hojjetamuu qaba.
- Sirna dhimmootni filannoon manneen murtiin ala itti xumura argatan diriirsuu fi cimsuu ilaalchisee dhimmootni gara mana maurtii dhufan amala fi uumama adda addaa kan qaban ta'uun isaa ni beekamu. Dhimmootni tokko tokko ammo mana murtiin ilaalamuurra filannoon yoo xumuraman ni filatama. Dhimmootni gosaan adda bahanii haalli isaan mana murtiin ala baasii fi dhamaatii salphaatin itti xumuramuu dhanda'an fi

[40]Waajjira Qindeessaa Sagantaa Fooyya'iinsa Sirna Haqaa Mootummaa Naannoo Oromiyaa, Karoora Sagantaa Fooyya'iinsa Sirna Haqaa Mootummaa Naannoo Oromiyaa Kan Bara 2005-2007, fuula 7

abbaan dhimmaa dhiheenyatti tajaajila itti argachuu danda'u diriiruu fi baballachuutu irra jiraata.

- Dandeettii fi gahumsa hawaasa qaamolee haqaa sadarkaa sadarkaan jiran gama ilaalchaa, dandeettii, naamusaa fi ogummaatiin cimsuun kenniinsi tajaajila sirna haqaa naannichaa akka akka cimu gochuuf dhaabbata leenjii kennu fooyyessaa adeemuun barbaachisaa dha. Gama kanaan, ILQSO fi Koollejjii Poolisii Oromiyaa leenjii dandeettii fi naamusaa ogeessota qaamolee haqaa cimsu yeroo yerootti kennuu akka qabu kallattiin ta'ee jira.

Qorannoon bu'uuraa SFSH hojiirra oolchuuf gaggeeffame rakkoowwani fi hanqinaalee hojii bulchiinsa haqaa keessatti mul'atan adda baasuun, tokkoo tokkoon qaamolee sagantichi ilaallatu hoj-maata isaanii kamii fi haala kamiin fooyyessuu akka qaban ifa baasee tarreesseera. Haaluma sanaan, hojiiwwan xixiqqaa SFSH fooyyessuuf irratti xiyyeeffatu armaan gaditti gabaabinaan ilaalla.

2.1.2. Sagantaalee Xixiqqaa SFSH irratti Xiyyeeffatu

2.1.2.1. Seera baasuu fi fooyyessuu

Seerotni akka naannoo keenyatti bahan qulqullinaa fi iftoomina gahaa qabaatanii hoj-maata qaamolee mootummaa to'achuu akka danda'anitti manneen maree gama humna namaa, dhiyeessii meeshaalee fi bulchiinsa gaariitiin cimsuun barbaachisaa akka ta'e SFSH akeekeera. Haaluma kanaan, manneen maree dandeettii seera baasuu, seera dhaqqabamaa taasisuu, qaamolee hoj-raawwachiiftuu to'achuu fi hojii bakka bu'ummaa isaanii cimsuu haala gahumsa qabuun akka raawwatan dandeessisuun barbaachisaa akka ta'e sagantichi akeekeera.[41]

Seerotni erga ragga'anii booda dhaqqabsiisu fi hojiirra oolmaa isaanii hordofuu ilaalchisee hojiiwwan manni mare hojjechuu qabu baay'ee yoo ta'anilleeseerota bahan maxxanfamanii qaamolee seericha raawwachiisanii fi uummata bal'aa bira akka gahu gochuu akkasumas dambiilee fi qajeelfamoota labsii bahan hojiirra oolchuuf gargaaran dafanii baasuun qaamolee fayyadamtoota bira akka gahan gochuun isaan ijoo dha. Hojii too'annoo fi hordoffii raawwii hojii qaamolee mootummaa cimsuun wal-qabaatee dandeettii raawwachiisummaa koreewwan dhaabbii cimsuun, ogeessotaan akka deeggaraman gochuu fi koreewwan dhaabbii idileen mana

[41] WQSFSH fi wal-ta'insa ogeessota qaamolee haqaa mootummaa naannoo oromiyaa, bu'aa qorannoo raawwii sagantaa fooyya'iinsa sirna haqaa bara 1997-2000, Caamsaa 2000 (Finfinnee), fuula 6

maree galuu qaban akka galan gochuun hojiin hordoffii fi too'annoo Sadarkaa hundattuu gahumsaan akka raawwatan taasisuun barbaachisaa akka ta'e ibsameera.

Manni maree hojiiwwan xiyyeeffannoon hojjechuu qabu jedhamee SFSH adda bahan keessaa kan biroon hojii bakka bu'ummaa uummataa raawwatamu cimsuu fi hojii muuxannoo gaggaarii qindeessuun babal'isuu**.** Miseensonni Manneen maree uummataa sadarkaa sadarkaan jiran uummata isaan filate sagantaan akka mariisisan gochuun rakkoolee uummataa qaama ilaallatu waliin ta'uun akka hiikkachaa deemu gochuu qabu. Hoggantootni ol'anaan Caffee fi koreewwan qindeessituu Caffee manneen maree Naannolee biroo waliin muxannoo hojii akka argatan gochuutu irraa eegama.[42]

2.1.2.2. Mana Murtii

Sagantaan fooyya'iinsa sirna haqaa hojiiwwan manni murtii xiyyeeffanoon hojjechuu qaba jedhe tarreesse keessaa tokko bilisummaa, itti gaafatamummaa fi iftoomina hojii Abbaa Seerummaa cimsuu wajjiin kan wal-qabatuu dha. Kaayyoo kanas galmaan gahuuf bilisummaa fi itti gaafatamummaa abbaa seerummaa madaalawaa ta'e uumuf hubannoo qaamolee mootummaa biro hubannoo gahaa argachuun gahee isaanii akka taphatan taasisuun barbaachisaa akka ta'e sagantichi ni ibsa. Bu'a-qabeessummaa tajaajila hojii abbaa seerummaa cimsuuf manni murtii hanqinaalee bu'a-qabeessummaa murtiiwwaniif sababoota ka'umsa ta'an irratti qorannoo gaggeessuu fi bu'aa qorannoo kanaa irratti workishooppii gaggeessuun hubannoo uumuun dhimma xiyyeeffannoon itti kennamuu qabuu dha. Itti dabalees, dhaddacha maatii, hojjetaa fi hojjechiisaa, fi lafaa akkuma barbaachisummaa isaatti hundeessuun qulqullinaa fi si'oomina kenniinsa tajaajila haqaa cimsuun barbaachisaa akka ta'e kallattii kaa'eera. Hojiiwwan kanneen galmaan gahuufis hooggansa mana murtii, dandeettii fi naamusa abbootii seeraa, fi ofiseroota seeraa leenjii itti fuffinsa qabu, waltajjiiwan marii fi gamaggamaa, workishooppii, qopheessun cimsuun hojiiwwan xiyyeeffannoo argatan keessaa isaan ijoo dha.[43]

2.1.2.3. Biiroo Haqaa

Biiroon Haqaa gahee hojii isaatii haala gaariin akka bahu gochuu fi bulchiinsa haqaa akka waliigalaatti akka mirkanaa'u taasisuuf dhimmoota xiyyeeffannoon fooyyessuu qabu SFSH

---

[42] WQSFSH fi wal-ta'insa ogeessota qaamolee haqaa mootummaa naannoo oromiyaa, bu'aa qorannoo raawwii sagantaa fooyya'iinsa sirna haqaa bara 1997-2000, Caamsaa 2000 (Finfinnee), 10

[43] Ministry of capacity building, Justice System Reform Program Office (2005), comprehensive Justice Sectors Reform Program baseline study report, fuula 214

tarreessee jira.[44] Isaanis, yakkoota ciccimoo dantaa uummataa fi mootummaa xuqan kan akka shororkeessummaa, saammicha, kontiroobaandii, yakkoota bu'uuraalee misoomaa irratti raawwataman fi kkf irratti xiyyeeffannaa fi dursa kennuun hojjachuun nagaa fi tasgabbiin akka mirkanaa'u taasisuu qaba. Hojii seera wixineessuu, seerota bahan walitti qabuu fi seerota bahanii jiran irra deebiin sakatta'uun qaawwa seerotaa agarsiisuun seerotni bu'a-qabeessa ta'an hojiirra akka oolanitti hojii qulqullinaa fi saffina gaarii qabu raawwachuun hojiiwwan xiyyeeffannoon irratti hojjechuu qabuu dha.

Gahee hojii biiroo haqaa keessaa tokko uummatni bal'aan hubannoo seera irratti qabu akka gabbifatu taasisuu waan ta'eef, hojii kana haala gahumsa qabuun raawwachuu tooftaalee isa dandeessisan qindeessuu akka qabu SFSH kallatti agarsiisee jira. Haaluma kanaan, sirna hubannoon seeraa itti kennamu diriirsuu, mata dureewwan hubannoon itti kennamu adda baasuun dokimantoota hubannoo seeraa kennuuf gargaaran qopheessuu fi leenjii fi waltajjiiwwan marii adda addaa qopheessuun hubannoo uummatni mirgaa fi dirqamaa isaa irratti qabu akka guddifatu taasisuu irratti hojjechuu qaba.

Hojii kenniinsa tajaajila gorsaa seektaroota miseensa Manneen Maree Bulchiinsa Mootummaa Naannichaaf taasisu cimsuu haalota isa dandeessisan ilaalchisee hojiilee adda addaa hojjechuu qaba. Itti dabalees, hojmaata waajjiraalee haqaa tekinolojii hammayyaatin deeggaruuf hojiilee gargaaran kan akka sirna qabiinsa odeeffannoo hammayyeessuu fi sirna hordoffii diriirsuun hojiirra oolchuu walitti fufiinsaa fooyyessaa deemu irratti hojjechuun barbaachisaa dha.

2.1.2.4. Biiroo Bulchiinsaa fi Nageenyaa

Biiroon Bulchiinsaa fi Nageenyaa gahee hojii isaaf kenname akka fooyyessu akkasumas bulchiinsa haqaa naannoo keenya keessatti akka mirkanaa'u taasisuuf hojiiwwan irratti xiyyeeffachuu qabuu fi haala raawwii isaa ilaalchisee SFSH kallattii fooyya'iinsa hojii isaa itti fooyessuu qabu akeekee jira. Hojiiwwanii fi kallattiin raawwii hojii isaatii kanneenis gabaabinaan akka armaan gadiitti ibsameera.

Biiroon Bulchiinsaa fi Nageenyaa, dandeetti rawwachiisummaa caasaa nageenyaa sadarkaa sadarkaan jiru cimsuuf leenjii hojiirra fi hoojiin ala yeroo dheeraa fi gabaabaa mata-dureewwan

[44] WQSFSH fi wal-ta'insa ogeessota qaamolee haqaa mootummaa naannoo oromiyaa, bu'aa qorannoo raawwii sagantaa fooyya'iinsa sirna haqaa bara 1997-2000, Caamsaa 2000 (Finfinnee), 18

filatamanirratti kennuu**.** Caasaa nageenya fi abbooti amaanta naannawaa daangatti sadarkaa adda addaa irra jiranii fi bakka bu'oota uummataa akka koree nageenyatti hojjetaniif dhimma walitti bu'iinsa hiikuu fi ittisuu irratti leenjii hubannoo cimsu kennuun waliin hojjachuu, riifoormiiwwan adda addaa hojiirra olaa jiranifi haaraa qoratamaan irraatti caasaalee nageenya sadarkaa hunda irratti jiraniif leenjii hubannoo cimsuu keennu qaba.

Filannoo, ijaarsa, gurma'iinsa fi bobbaan Milishaa bal'aa bifa walfakkatuufi sadarkaasaa eegen bakka hundatti hojiirra akka oluu tasisun nageenya naannoo keenyaa daraan mirkaneessuufi hojii kominitii poolisingii sadarkaa hundatti akka cimu deeggarsaa barbachiisa ta'e taasisuu irratti biiroon kun hojjechuu qaba. Itti dabalees,ittisa yakkaa fi hirmaannaa uumataa ciimsuuf, maddaawwan odeeffannoo haala nageenya babal'isuun yaa'iinsa isaa hammayyeessuu, odeeffannoo haala nageenyaa qaamolee adda addaa irraa argman qiindeessuun, xinxaluun, dhimmoota yaaddoo nageenyaa ta'u danda'aan dursani adda baasuun tarkanfiin barbaachaisaa ta'e akka fudhatamu taasisuu, fi hojii nageenyaa irratti ummannii fi qoodaa fudhattootni naannichaa qindoominaan raayya nageenyaa ta'uun gahee isaanii akka bahan taasisuu irratti biiroon kun kan hojjetu ta'a.

Qajeelfaama bulchiinsaa fi to'annoo meeshaa waraanaa harka milishaa fi hidhataa jiru basuun hojiirra akka oluu tasisuu fi tatamsa'inaa fi naanna'iinsa meeshaalee waraanaa seeraan alaa bifa adda addaatiin naannoo keenyaa keessatti socho'aa qaama dhimmi ilallatu waliin hordofuun too'achuun hojii irratti xiyyeeffatamuu qabuu dha.

2.1.2.5. Komishinii Poolisii

Komishiniin poolisii, dandeettii raawwachistummaa miseensota poolisii cimsuuf leenjii qulqullina qabuu fi sadarkaa isaa eeggate kennuun miira tajaajiltummaa fi gahumsa isaanii guddisuu, hojii ittisa yakkaa hirmaannaa uummataa giddu-galeessa godhatee irratti xiyyeeffachuun hojjachuuqaba.Human poolsii amma jiru baayyinaa fi gahumsaan guddisuun uuwwisa kenna tajaajilaa ballisuu, dhaabbata laabraatorii qorannoo teeknikii hundeessuun gahumsa dhaabbatummaa isaa cimsuu, kenna leenjii fi gahumsa dhaabbatummaa Kooleejii Poolsii Oromiyaa cimsuu fi mijaa'ina naannoo hojii uumuu irratti xiyyeeffachuun kenniinsa tajaajila kennamu fooyyessuu qaba.

Qorattoota yakkaa, tiraafikii fi ittisa yakkaaf leenjii hojiirraa yeroo gabaabaa fi dheeraa kennuu, fi marii waliinii, workshooppiiwwan adda addaa fi waltajjiiwwan gamagamaa qopheessuun

ilaalchaa, beekumsaa fi dandeetti raawwachistummaa isaanii cimsaa deemu irratti xiyyeeffachuun barbaachisaa akka ta'e SFSH ni akeeka.

Hojii ittisa yakkaa cimsuun gochootni yakka adda addaa kan akka samiichaa daandii irraa, yakkotaa bu'uuraalee misoomaa irratti raawwatamu, ajjeechaa lubbuu, hanna fi yakkaa dubartoota fi da'imman irratti raawwatamuu danda'an naannicha keessatti osoo hin raawwatamin dursanii ittisuu fi kan uumame haala eeggannoo qabuun hiikuu. Itti dabalees, miseensi kora bittinneessaas gama hundaan qophaa'ummaa isaanii cimsuun, tarsiimoo ittisa yakkaa qophaa'ee hojii irra oolchuu fi uwwisa hojii kominitii poolisii sadarkaa isaa eeggate gandoota naannichaa hunda akka wal gahu taasisuu irratti hojjechuun hedduu barbaachisaa akka ta'e akeekameera.

Hojii nageenya tiraafikaa Mirkaneessuu ilaalchise hawaasni miidhaa fi balaa tiraafikii hubatee akka balaaleffatu fi poolisii cinaa hiriiruun ittisuu akka danda'u barumsa nageenyaa tiraafikii haala walirraa hin cinneen kennuu, ka'umsawwan balaa tiraafikii ta'an, iddoowwan balaan itti baayyatuu fi kkf irratti xinxaala gageessuun bu'aa xinxalaa irratti hundaa'uun to'aannoo itti fufiinsa qabu gaggeessuu, yeroo yeroodhaa jijjiirama (bu'aa) madaalu, sirreefama barbaachisu taasisaa deemuu

2.1.2.6. Komishinii Naamusaa fi Farra Malaammaltummaa

Gocha malaammaltummaa fi hojimaata badaa dhabamsiisuun qabeenyi mootummaa fi uummataa faayidaa hin malleef akka hin oolle gochuu hojiiwwan dandeessisan yeroo gabaabaa keessatti raawwachuu. Abbootiin aangoo fi hojjattootni mootummaa gocha malaammaltummaa fi hojimaata badaa irraa akka fagaatan gochuun hojiin mootummaa qajeeltoo iftoominaa fi itti gaafatamummaa qabuun akka gaggeeffamu haala mijeessuu. Namootni yakka malaammaltummaa raawwatan jedhamanii shakkaman irratti qorannoo qulqullina fi si'oomina qabu gaggeessuun seeraaf dhihaatanii adabbiin akka irratti murtaa'u gochuu. Qabeenyi uummataa fi mootummaa qisaasamees ni debi'a.

Komishiniin hoggantoota, leenjistoota, qorattootaa leenjiif waltajjiiwwan marii, workshooppii itti fufiinsa qabu qopheessuun dandeettii fi gahuumsa isaanii cimsuu akka cimsatan taasisaa adeemuu hoj-maata badaa xiqqeessuun barbaachisaa dha. Itti dabalees, hojiimaata badaa fi

gocha malaammaltummaa irratti qorannooo gaggeessuun bu'aa qorannichaa irratti waltajjiiwwan marii adda addaa qopheessuun bau'aan argame hojiirra akka oolu taasisuurratti itti fufiinsaan hojjechuun barbaachisaa dha. Dhaqabamummaa Komishinichaa Mirkaneessuu ilaalchisee waajjira haaraa komishinichaa ijaaruu, dameewwan amma jiran cimsuu fi haaraas baballisuu akkasumas meeshaawwanii fi loojistikii mana hojichaa guutuu qaba. Qabeenya galmeessuu qabeenyi dhuunfaa fi mootummaan akka wal hin makne qabeenya hoggantootaa fi hojjattota mootummaa galmeessuun uummataaf ifa gochuu.

2.1.3. Haala SFSH manneen hojii keessatti hojiirra oolu

Sagantaan fooyya'iinsa sirna haqaa akka waliigalaatti qaamolee haqaa hundaan bifa qindoomina qabuun hojiirra kan oolu ta'ee dhimmootni fooyya'iinsa waajjira tokko ilaallatan adda durummaan gaggeessaa olaanaa mana hojiichaa ta'a. Hogganaan hojii gaggeessummaa sagantichaa yoo raawwatu ogeessota kaka'umsa, dandeettii fi ogummaa gaarii qabaachuun saganticha karoorsuu, raawwachuu fi WQSFSH fi qaama dhimmi ilaallatu wajjin quunnamtii uumuun hojjechuurratti deeggarsa kennuu danda'an filee adda baasuu ramadee hojjechiisa.

Hojii hooggansa SFSH irratti hoogganaan waajjiraa sagantichi qabatamaan adeemsa hojiirra oolchuu keessatti raawwii gaarii galmeessisuuf hojjettootaa fi adeemsota hojii mana Hojichaa qindeessa. Itti fufuunis, sagantaan FSFH akkaataa karoora qabamee fi dhimmota saganticha keessatti raawwatamuu qabaniitiin sirriitti hojiirra oolaa jiraachuu ni mirkaneessa. Yeroo, yeroon sagantichi haala milkaa'ina qabuun hojiirra ooluu fi rakkooleen uumaman atattamaan furmaata akka argatan taasisuuf tooftaalee adda addaa ni uuma.

Gabaasa rawwii karooraa fi hojjiirra oolmaa sagantichaa kan yeroo fi qulqullina eeggate ji'aa fi kurmaanaan Wajjira Qindeessaa Sagantaa Fooyya'iinsa Sirna Haqaa (WQSFSH) fi qaama dhimmi ilaallatuuf akka dhiyaatu ni taasisa. Itti dabalees, akka barbaachisummaa isaatti sagantaa qabamuun Koree qindeessituuf dhiyessuun ni qorachiisa. Haala gaggeessummaa kanaan SFSH waajjira tokko keessatti hojiirra kan oolu yoo ta'u adda durummaan itti gaafatamummaa saganticha hojiirra oolchuu kan qabu hoogganaa waajjirichaati jechuu dha.

2.1.4. Qaamolee Hojiirra Oolmaa SFSH Gaggeessan

Qaamoleen hojiirra oolmaa SFSH akka gaggeessaniif hundeeffaman lama jechuun ni danda'ama. Isaanis, koreewwan qindeessituu SFSH fi waajjira Qindeessaa SFSH Oromiyaa dha. Qaamoleen lamaan kanneen kaayyoo tokkoof waliin kan hojjetan waan ta'eef

garagarummaa isaaniirra tokkummaa isaan waliin qabantu caala. Haa ta'u malee, hubannoof akka tolutti qaamolee lamaan kanneen caaseffama akkamii akka qabanii fi gaheen hojii isaanii maal akka ta'e gabaabinaan akka armaan gadiitti tarreeffameera.

2.1.4.1. Koree Qindeessituu SFSH

Hojiirra oolmaa SFSH Oromiyaa akka hoogganantitti koreewwan qindeessituu SFSH sadarkaa afuritti hundeeffamaniiru. Isaanis, koree qindeessituu olaanaa, godinaa, aanaa fi bulchiinsa magaalaa dha. Koreewwan kanneen hojii yakka ittisuu, adeemsa kenniinsa murtii bu'a-qabeessa taasisuu, bulchiinsa haqaarratti hirmaannaa fi hubannoo ummataa guddisuu, malaammaltummaa fi naamusa badaa dhabamsiisuu, sirreeffamtoota sirreessuu fi deebisanii dhaabuu, mirga daa'immanii fi dubartootaa kabachiisuu, miira tajaajilutummaa uummataa gabbisuu, olaantummaa seeraa mirkaneessuu fi bulchiinsa gaarii lafa qabachiisuu irratti hojjetu.[45] Hima biraan, koreen SFSH hojiiwwan gurguddoo eeraman kanneen ilaalchisanii haala hojiirra oolmaa isaaniirratti karoora baasuu, karoorichi akka raawwatamu taasisuu, rakkoolee hudhaa ta'an adda baasanii yaada furmaataa dhiyeessuu fi hojiirra oolmaa SFSH gamaggamaa adeemuun olaantummaan seeraa fi bulchiinsa gaarii Naannoo Oromiyaa keessatti akka dhugoomu gochuun kaayyoo waliigala hundeeffama koree SFSH jechuun ni danda'ama.

Koreen qindeessituu SFSH sadarkaa hundatti argaman ji'atti gaafa tokko wal-gahanii dhimmota ijoo marii koree ta'anii armaan olitti ibsaman irratti akka mari'atan qajeelfamni raawwii hojii SFSH ni tuma.[46] Walgahiin koree qindeessituu olaanaa ji'i galee guyyaa Jimaataa isa duraa waaree booda sa'atii 8 (saddaeeti) irraa eegalee gaggeeffama. Koreewwan Qindeessituu Godinaa, Aanaa fi Bulchiinsa Magaalotaa kan walgahan ji'atti yeroo tokko guyyaa walakkaaf kan gaggeeffamu ta'a. Yaadni ajandaa walgahii akka ta'u yaadamu dursee barreessaa walgahichaa akka gahu taasisuun barreessaan dhimmoota ajandaa ta'uu qaban adda baasee dursee miseensota akka gahu taasisa.

Mata-duree kan jalatti miseensota koree qindeessituu SFSH fi gahee hojii isaanii dabareen ibsamaniiru. Hundeeffamni miseensummaa fi gaheen hojii koree qindeessituu SFSH sadarkaa

---

[45] Dambii Waajjira Qindeessaa Sagantaa Fooyya'iinsa Sirna Haqaa Mootummaa Naannoo Oromiyaa Hundeessuuf Bahe, lak 82/1999, kwt 11

[46] Qajeelfama raawwii hojii sangataa fooyya'iinsa sirna haqaa mootummaa naannoo oromiyaa fi aangoo fi hoj-maata qaamolee oggansaa naannichaa, Fulbaana 2/2001, kwt 9

arfanuurra jiran wal-fakkaatiinsa guddaa kan qaban waan ta'eef dhimmoota gurguddoo lamaan kanneen gabaabinaan akka armaan gadiitti ilaalla.

a. Miseensota koree qindeessituu SFSH

Koreen qindeessituu olaanaa SFSH koree sadarkaa naannotti hundeeffame dha. Koreen kun miseensota 14 kan qabu yoo ta'u hoogganaan Waajjira Qindeessaa SFSH Oromiyaa sagalee malee barreessaa korichaa ta'ee tajaajila.[47]Pireezidaantii Bulchiinsa Mootummaa Naannoo Oromiyaa, Pirezidaantii Mana Murtii Waligala Oromiyaa, Af-Yaa'ii Caffee Mootummaa Naannoo Oromiyaa, Pireezidaantii Ittaanaa Bulchiinsa Mootummaa Naannoo Oromiyaa, I/A/ Pireezidaantii Mana Murtii Waligala Oromiyaa, Hogganaa Biiroo Haqaa Oromiyaa, Hogganaa Biiroo Bulchiinsaa fi Nageenyaa Oromiyaa, Hoggantuu Biiroo Dhimma Dubartoota fi Daa'immanii Oromiyaa, Komishinara Koomiishinii Namusaa fi Farraa Malaammaltummaa Oromiyaa, Komishinara Koomishiinii Poolisii Oromiyaa, Komishinara Koomishinii Manneen Sirreessaa Oromiyaa, Daarikteera Instiitiyuutii Leenjii Ogeessota Qaamolee Haqaaa fi Qorannoo Seeraa Oromiyaa, Gorsaa Seeraa Waajira Pireezidaantii, Bulchiinsa Mootummaa Naannoo Oromiyaa, Itti Gaafatamaa Qajeelcha Qorannoo fi Qo'annoo Mana Murtii waliigala Oromiyaati. Pirezidaantiin Mootummaa Naannoo Oromiyaa walitti qabaa korichaa yoo ta'an Pirezidaantiin Mana Murtii Waliigala Oromiyaa ammoo walitti qabaa ittaanaa dha.

Koreen qindeessituu godinaa koree SFSH akka godinaatti adda durummaan hojiirra oolchuuf sadarkaa godinaatti hundeeffamee dha. Koreen kun miseensota sagalee qaban saddeetti qaba. Ogeessa sagantaa fooyya'iinsa sirna haqaa godinaa sagalee malee kan hirmaatu yoo ta'u barreessaa korichaa ta'ee akka tajaajilu ta'eera.[48] Bulchaa godinaa, Pirezidaantii mana murtii Godinaa, Bulchaa Godinaa ittaanaa fi Hogganaa waajjira qonnaa godinaa, hoogganaa waajjira Bulchiinsaa fi Nageenyaa, hoogganaa Waajjira Haqaa Godina, Hoogganaa Poolisii Godinaa, Hoogganaa Mana Sirreessaa Godinaa, fi hooggantuu Dhimma Dubartoota Godinaa miseensa korichaati. Ogeessi SFSH godinaa sagalee malee hirmaata; barreessaa korichaa ta'uunis

[47] Dambii Waajjira Qindeessaa Sagantaa Fooyya'iinsa Sirna Haqaa Mootummaa Naannoo Oromiyaa Hundeessuuf Bahe, lak 82/1999, 8(1)

[48] Dambii Waajjira Qindeessaa Sagantaa Fooyya'iinsa Sirna Haqaa Mootummaa Naannoo Oromiyaa Hundeessuuf Bahe, lak 82/1999, kwt 8 (2)

tajaajila. Bulchaan godinaa walitti qabaa korichaa yoo ta'u pirezidaantiin mana murtii olaanaa godinichaa walitti qabaa ittaanaa dha.

Koreen olaanaa SFSH aanaa miseensota sagalee qaban sagal kan qabu yoo ta'u miseensa sagalee malee hirmatu ammoo tokko qaba. Bulchaan aanaa walitti qaba korichaa dha. Pirezidaantiin mana murtii aanaa ammoo walitti qabaa ittaanaa dha. Kanaaf, bulchaan anaan, pirezidaantii mana murtii, Af-yaa'ii aanaa, hogganaa waajjira qonnaa, hogganaa waajjira haqaa, hogganaa waajjira poolisii, hoggaanaa bulchiinsaa fi nageenyaa, fi hogganaan mana sirreessaa miseensota korichaa sagalee qabanii dha. Ogeessi SFSH aanaa miseensa sagalee malee hirmaatuu dha.

Koreen SFSH sadarkaa arfaffaa irratti argamu koree SFSH bulchiinsa magaalaa dha. Miseensotni koree kana kantiibaa bulchiinsa magaalaa, pirezidaantii mana murtii bulchiinsa magaalaa, hoogganaa waajjira haqaa magaalaa, hoogganaa Waajjira Poolisii Magaalaa, hoogganaa Bulchiinsa fi Nageenya bulchiinsa magaalaa, fi hooggantuu Dhimma Dubartootaa bulchiinsa magaalaa dha. Ogeessi SFSH bulchiinsa magaalaa sagalee malee koricha keessatti hirmaachuun barreessaa korichaa ta'ee tajaajila.

b. Gahee Hojii Koree Qindeessituu SFSH

Koreen qindeessituu SFSH maal hojjechuuf akka hundeeeffame qajeelfamni aangoo fi hoj-maata korichaa tumuu ibsee jira.[49] Qajeelfamni kun aangoo fi gahee koreewwan SFSH sadarkaa afurtti hundeeffaman mata-mataatti adda baasee kan tarreessee jiru yoo ta'ellee barreeffamni kana jalatti gaheen hojii wal-fakkaatan bakka tokkotti dhufanii cuunfamanii akka barreeffaman ta'eera.

SFSH sagantaa bal'aa yoo ta'u bu'aa jijjiirama haaraa argamsiisaa akka adeemutti yaadamee kan qindaa'ee dha. Sagantaan kun al-tokkootti hojiitti jijjiirame kan raawwatu/xumuramu miti. Irraa jala hojiirra oolaa deema. Haaluma kanaan, karoora sagantichi hojiirra oolaa akka adeemu taasisu tarsimoo baasuun barbaachisaa dha. Bu'uura yaada kanaatiin hojiiwwan koree sadarkaa adda addaatti jiran hojjetan keessaa hojiin jalqabaa saganticha hojiirra oolchuuf karoora

[49] Qajeelfama raawwii hojii sangataa fooyya'iinsa sirna haqaa mootummaa naannoo oromiyaa fi aangoo fi hoj-maata qaamolee oggansaa naannichaa, Fulbaana 2/2001, kwt 6-12

barbaachisu kan yeroo gabaabaa, giddu-galeessaa fi dheeraa baasuu dha.[50] Koreewwwan sadarkaa godinaa, aanaa fi magaalaatti argaman karoora akka naannotti bahe giddu-galeessa godhachuun akka godinatti, aanaatti akkasumas magaalaatti karoora baasuun SFSH hojiirra akka oolu kallattii teechisu.[51]

Itti dabalees, koreen olaanaa qajeelfama raawwii sagantichaaf gargaaru baasuun sagantichii fi karoora saganticha hojiirra oolchuuf diriirfame gara hojii qabatamatti akka jijjiiraman taasisa.[52] Gama biraanis, murtiilee milkaa'ina sagantichaatiif gargaaran murteessuun hojiirra oolmaa sagantichaaf haal-duree barbaachisu sirreessaa adeemuu akka qabu qajeelfamni dhimma kanarratti bahee jiru ni eera. Kanaafuu, koreen kun hojiirra oolmaa SFSH dhugoomsuuf hojiiwwan hojjetu keessaa tokko saganticha hojiirra oolchuuf tumsa kan taasisan karoora fi murtii adda addaa akkasumas qajeelfama raawwii baasuun hojiirra akka oolan gochuu dha. Koreewwan sadarkaa godinaa, aanaa fi magaalaatti jiran ammo karoora, murtii fi qajeelfama sadarkaa naannotti kennamu bu'uura godhachuun koroora SFSH hojiirra oolchuu isaan dandeessisu ni baafatu jechuu dha.[53]

Koreen qindeessituu olaanaa SFSH hojiiwwan ijoo hojjetu keessa tokko imaammataa fi tarsiimoo mootummaa irratti akkasumas hojiirra oolmaa SFSH ilaalchisee hubannoo gahaan akka uumamutti waltajjiiwwan garagaraa akka qophaa'an gochuu dha.[54] Waltajjiiwwan kanneen irrattis hojii leenjii kennuu, hojii muuxannoo wal-jijjiiruu hojjechuu, fi ogeessota naamusa gaarii fi ilaalcha tajaajiltummaa qaban akka jajjabeeffaman taasisa. Bifuma wal-fakkaatuun, hojiirra oolmaan sagantichaa bu'aalee argamsiisaa jiran hawaasni akka gamaaggamu taasisuun, yaada haarawaa hojicha jajjabeessu akka argamsiisan taasisuurratti dabalee dhimma kanarratti hubannoo akka argatan haala mijeessa. Haaluma kanaan, koreen olaanaa SFSH qaamoleen haqaa, ogeessotni fi uummatni bal'aan hubannoo guutuu SFSH irratti qabaachuun yaadaa fi

[50] Qajeelfama raawwii hojii sangataa fooyya'iinsa sirna haqaa mootummaa naannoo oromiyaa fi aangoo fi hojmaata qaamolee oggansaa naannichaa, Fulbaana 2/2001, 6(1)(1)

[51] Qajeelfama raawwii hojii sangataa fooyya'iinsa sirna haqaa mootummaa naannoo oromiyaa fi aangoo fi hojmaata qaamolee oggansaa naannichaa, Fulbaana 2/2001, 6(2)(1), 6(3)(1)

[52] Qajeelfama raawwii hojii sangataa fooyya'iinsa sirna haqaa mootummaa naannoo oromiyaa fi aangoo fi hojmaata qaamolee oggansaa naannichaa, Fulbaana 2/2001 6(1) (11)

[53] Qajeelfama raawwii hojii sangataa fooyya'iinsa sirna haqaa mootummaa naannoo oromiyaa fi aangoo fi hojmaata qaamolee oggansaa naannichaa, Fulbaana 2/2001 6(2)(1), 6(3)(1)

[54] Qajeelfama raawwii hojii sangataa fooyya'iinsa sirna haqaa mootummaa naannoo oromiyaa fi aangoo fi hojmaata qaamolee oggansaa naannichaa, Fulbaana 2/2001 6(1)(3, 6 fi 10)

kutannoo tokkoon akka hojjetan gochuuf adda durummaan itti gaafatamummaa qaba jechuu dha.

Deeggarsaa fi tumsa barbaachisaa ta'e koreewwan sadarkaa gadaanaa irra jiranif kennuu akkasumas qaamolee SFSH hojiirra oolchanif taasisuun gahee hojii koree SFSH Olaanaa keessa tokkoo dha. Koreen olaanaa fi godinaa koreewwan isaan jala jiraniif deeggarsa barbaachisaa ta'e akka argatan gochuun hojiirra oolmaa SFSH akka cimsan hojjechuu qabu.[55] Itti dabalees, kenniinsi tajaajila haqaa haala saffinaa fi qulqullina qabuun akka kennamutti dandeettii qaamolee haqaa hojii cimsu hojjechuu cinatti qaamoleen haqaa fi hawaasni wal-hubannoon akka deemanitti kora haqaa fi kkf ni qopheessu. Qaamoleen haqaa humna namaa fi meeshaalee hojiif barbaachisan akka guuttatu ilaalchisees hojii barbaachisu ni hojjetu jechuu dha. Qaamoleen kanneen hojiiwwan itti kennaman akka raawwatan deeggarsa gochuutti dabalees hordoffii fi to'annoo gahaa taasisuun dhimmoota sagantaalee xiqqaa keessatti karoorfaman gara hojiitti akka jijjiiran taasisuu isaanii irratti hordoffii barbaachisaa ta'e ni taasisu.

Dhimmi bulchiinsa gaarii fi olaantummaa seeraa mirkaneessuu hojiiwwan ijoo SFSH akka kaayyoo guddaatti lafa qabsiisuu barbaaduu akka ta'e armaan olitti ilaalleera. Bu'uruma kanaan, koreen SFSH sadarkaa adda addaa irratti argaman qaamolee haqaa fi nageenyaa waliin qindoomuun olaantummaa seeraa fi bulchiinsi gaariin akka mirkanaa'u taasisuun gaheewwan hojii koreewwan SFSH Oromiyaa keessaa isa tokkoo dha.[56] Qaamoleen haqaa hoj-maata iftoominaa qabuu fi seera bu'uura godhate diriirsuun hojii isaanii akka hojjetanitti tumsaa barbaachisaa ta'e yerootti taasisuufiin dhimma koreen irratti xiyyeeffatu keessaa tokkoo dha.

Qaamoleen raawwattoota SFSH ta'an sagantichi bu'uura karoorfameen hojiirra akka oolu gochuu ilaalchisee sagantaalee xixiqqaa karoorfaman hojiirra oolchaa jiraachuu isaanii koreen duukaa bu'uu hodofuun sagantichi hojiitti akka jijjiiramu irratti hojjechuu qaba. Qaamoleen kanneen saganticha hojiirra oolchuu isaanii mirkanessuutti dabalee ciminaa fi hanqina raawwii hojii isaanii keessatti mul'atu adda baasuun yaada fooya'iinsaa koreen ni dhiyeessa. Waajjiraalee raawwiin hojii isaanii gaarii ta'e ammo akka jajjabeeffaman ni taasisa. Waajjiraaleen saganticha hojiirra oolchan haala qulqullinaa fi saffina qabuun akka hojjetanitti

[55] Qajeelfama raawwii hojii sangataa fooyya'iinsa sirna haqaa mootummaa naannoo oromiyaa fi aangoo fi hoj-maata qaamolee oggansaa naannichaa, Fulbaana 2/2001, 6(2)(2)

[56] Qajeelfama raawwii hojii sangataa fooyya'iinsa sirna haqaa mootummaa naannoo oromiyaa fi aangoo fi hoj-maata qaamolee oggansaa naannichaa, Fulbaana 2/2001 kwt 6(3)(7), 6(4)(7),

muuxannoo gaarii argame adeemanii akka qooddatanitti koreen deeggarsa barbaachisaa ta'e hunda qaamolee saganticha raawwachiisaniif ni qindeessa.

2.1.4.2. Waajjira Qindeessaa SFSH

Sagantaa fooyya'iinsa sirna haqaa Oromiyaa akka qindeessuu, deeggaruu fi yaada fooyya'iinsaa burqisiisaa adeemuf qaamolee hundeeffaman keessaa tokko waajjiira qindeessaa SFSH Oromiyaa dha.[57] Waajjirri kun jalqabatti Biiroo Ijaarsa Dandeettii Motummaa Naannoo Oromiyaa jalatti kan hundeeffamee yoo ta'u yeroo ammaa kana ammoo Biiroo Paablik Sarvisii fi Misooma Qabeenya Namaa jalatti caaseffamee jira.[58] Itti waamamni waajjirichaa, haala yeroo ammaa jiruun, Itti gaafatamaa Waajjira Paablik Servisii fi Misooma Qabeenya Namaatiif ta'a jechuudha.[59] Hima biraan, waajjirri kun biiroo Paablik Sarvisii fi Misooma Qabeenya Namaa jalatti caaseffamuunii fi qaamaan achi jiraachuun hojii fooyya'iinsa sirna haqaa qaamolee haqaa keessatti hojjetamu irratti hojjeta jechuudha. Waajjirichi ittigaafatamaa waajjiraa fi garee ogeessota fi hojjetoota biroo kan qabuu dha. Ittigaafatamaan hojii waajjirichaa olaantummaan hoogganaa waajjirichaatiif kan kennamee dha. Waajjirri kun hanga aanaatti caasaa diriirfatee jira. Haa ta'u malee, sadarkaa waajjiraatti hundeeffamee kan jiru osoo hin ta'iin waajjira Paablik Servisii fi Misooma Qabeenya Namaa keessatti ogeessi SFSH caaseffamuun kan hojjetuu ta'a. Ogummaa fi miindaan ogeessa kana bu'uura hoj-maata seera siivil sarvisiin kan bulu ta'a. Qaamolee haqaa wajjiin dhimma miindaa, ogummaa fi itti waamaman wal-quunnamtii hin qabu.

Dambiin hundeeffama waajjira kanaa aangoo fi gahee hojii waajjirichaa kwt 6 jalatti tarreessee jira. SFSH bu'uureffachuun karoora sagantaa kana hojiirra oolchuu danda'an akka baafamuu gochuun qaamoleen haqaa hojiirra akka oolchaan ni qindeessa. SFSH irraatti qaamoleen haqaa fi uummatni hubannoo waliigalaa akka argatan waltajjii adda addaa uumuun hubannoon akka gabbaatu taasisa. Hojii guddaa kana tooftaalee adda addatti fayyadamuun kan hojjetu akka ta'e dambicharraa ni hubatama. Koreewwan (taaksifoorsii) saganticha hojiirra oolchuuf qaamolee adda addaa keessatti hundeeffamanii jiran tumsuu fi isaan qindeessuun hojiin SFSH bal'inaan

[57] Dambii Waajjira Qindeessaa Sagantaa Fooyya'iinsa Sirna Haqaa Mootummaa Naannoo Oromiyaa Hundeessuuf Bahe, lak 82/1999, kwt 3

[58] Dambii kwt kwt 3 fi af-gaaffii Hogganaa waajjirra qindeessaa SFSH obbo Balaay Taaddasaai wajjiin taasifame

[59] Dambii Waajjira Qindeessaa Sagantaa Fooyya'iinsa Sirna Haqaa Mootummaa Naannoo Oromiyaa Hundeessuuf Bahe, lak 82/1999, kwt 3 fi 5(2)

hojiirra akka oolu taasisa. Dookmantiiwwan saganticha hojiirra oolchuuf gargaaran qopheessee koree qindeessituu olaanaa SFSH Oromiyaa (koreen SFSH sadarkaa naannotti hundeeffame) dhiyeessuun akka mirkaneessu erga taasisee booda qaamoleen haqaa hojiirra akka oolchan irratti hojjeta.

Saganticha caalaatti hojiirra oolchuuf sanadoota adda addaa walitti qabuun, muuxannoo biyya alaa fi biyya keessaa qindeessuun kallattii fooyya'aan akka diriiru taasisa; kallattii hojiirra oolmaa kaa'ame kanarrattis leenjii qaamolee abbaa hirtaaf kenna. Rakkoowwan raawwii irratti mudatan qorachuun hoj-maata haarawaa fi tarsiimoo baasuun koreen qindeessituu olaanaa akka mirkaneessu taasisuun hojiirra akka oolan godha. Qaamoleen haqaa hojii waajjirri kun itti kennu haala barbaadamuun hojiirra oolchaa kan jiran ta'uu isaanii ni to'ata; gabaasa akka dhiyeessaniif erga taasisee booda gabaasa isaaf dhiyaatu kana ammoo qindeessee koree qindeessituu olaanaa SFSH dhiyeessa.

Ajandaa wal-gahii koree qindeessituu SFSH olaanaa ni qindeessa akkasumas murtii korichaan darbu qaama hojiirra olchutti dabarsuun akka hojiitti jijjiiramu ni taasisa.[60] Ajandaa wal-gahii koree qindeessituu olaanaa pirezidaantii bulchiinsa mootummaa naannoo fi pirezidaantii mana murtii waliigala oromiyaa wajjiin mari'achuun akkasumas miseensota biroo korichaarraa ajandaa dhiyaatan walitti qindeessa. Dhimmootaa akka ajandaatti dhiyaatan walitti qabee miseensota korichaa hundaaf walgahii osoo hin ga'iin guyyoota lama dura akka dhaqqabu taasisa. Waajjirri kun koree qindeessituu olaanaa keessatti sagalee malee hirmaachuun barreessaa korichaa ta'ee tajaajila. Haaluma kanaan, qaboo yaa'ii korichaa akka mallatteeffamu taasisuun olteessisa; qaama murticha hojiitti jijjiiruuttis dabarsuun akka raawwatamu taasisa.

2.1.5. Koree SFSH fi Garee Waliinii Qaamolee Haqaa

Kenniinsa tajaajila haqaa Naannoo Keenyaa caalaatti si'awaa, dhaqqabamaa fi bu'a-qabeessa gochuuf Gareen Waliinii Qaamolee Haqaa sadarkaa naannoo irraa kaasee hanga aanaatti bara 2001 kan hundeeffame yoo ta'u daangaa aangoo isaatii bal'isuun bara 2004 irraa eegalee chaarterii fooyya'een gaggeeffamaa jira.[61] Gareen kun rifoormii adda addaa qaamolee haqaa

[60] Dambii Waajjira Qindeessaa Sagantaa Fooyya'iinsa Sirna Haqaa Mootummaa Naannoo Oromiyaa Hundeessuuf Bahe, lak 82/1999, kwt 6

[61] Chaarterii garee waliinii qaamolee haqaa mootummaa naannoo oromiyaa foyya'ee dhiyaate, sadaasa 2004,

hojiirra oolchuu fi mul'ata waliin qaban galmaan geessisuun kaayyoo isaa akka ta'e chaarteriin fooyya'ee dhiyaate kwt 2 jalatti ni tuma.

Miseensotni garee waliinii qaamolee haqaa sadarkaa naannoo hoggantoota manneen hojii Biiroo Haqaa, Mana Murtii, komishinii Poolisii, komishinii Manneen Sirreessaa, komishinii Naamusaa fi Farra Malaammaltummaa fi waajjira qindeessaa SFSH, fi abbootii adeemsa hojii manneen hojii kanneenii fi hogganaa ittaanaa Mana Murtii fi Biiroo Haqaati. Haalli filannoo miseensota garee kanaa bu'uuruma miseensummaa kanaatiin naannoo hanga aanaatti kan gadi bu'e yoo ta'e gareewwan sadarkaan jiran hundaaf gaheen hojii bifuma tokkoon kennameefii jira. Gaheen hojii isaanii kunis walta'iinsaan kaayyoo waliinii galmaan gahuu, rifoormii adda addaa qaamolee haqaa ilaallatan qinda'anii hojiirra oolchuu fi gufuwwan mudataniif furmaata kaa'uu, muxannowwan garagaraa ilaaluu fi qindeessuu fi kkf hojjechuun bu'a-qabeessummaa kenniinsa tajaajila haqaa mirkaneessaa adeemuu dha.

Gaheen hojii koree SFSH fi gareen waliinii qaamolee haqaa gahee hojii raawwatan irratti wal-fakkaatiinsa guddaa qabu. Isaanis, hojii rifoormii adda addaa hojiirra oolchuu, hanqina rifoormii hojiirra oolaa jiruu qorannoon adda baasuu fi kallattii furmaataa akeekuu, gahee hojii waliinii fi kaayyoo waliin qaban qinda'anii hojjechuu, fi kkf raawwatu.[62] Itti dabalees, milkaa'ina raawwii adeemsota hojii, rakkoolee qunnamanii fi yaadota murtii kallattii gara fuulduraa agarsiisu qindeessuun koree SFSH sadarkaa sadarkaan jiraniif yeroo yerootti gabaasa dhiyeessa.[63] Kanaafuu, gareen waliinii qaamolee haqaa akkuma koree SFSH bu'aalee rifoormii SFSH keessaa tokko yoo ta'u hojii kenniinsa tajaajila haqaa si'awaa, dhaqqabamaa fi bu'a-qabeessa gochuu keessatti koree SFSH deeggaruun kan hojjetuu jechuun ni danda'ama.

2.2. Sagantaa Fooyya'iinsa Sirna Haqaa Ilaalchise muuxannoo akka addunyaatti jiru

Sagantaan Fooyya'iinsa Sirna Haqaa sadarkaa addunyaatti jajjabeessa Baankii Addunyaa fi biyyoota guddataniin ykn deggersa isaaniin biyyoota hedduu keessatti akka hojiirra oolu taasifamaa tureera.[64] Biyyoota kanneen keessattis mataduree fooyya'iinsa sirna haqaa jedhu

[62] Chaartericha kwt 5 (1-9)
[63] Chaartericha kwt 5(10)
[64] Initiatives In Justice Reform 1992-2012, International Bank For Reconstruction And Development / International Development Association Or The World Bank, 2012.

jalatti sagantaalee Fooyya'iinsa Manneen Murtii, Mana Sirreessaa, Poolisii fi qaamolee biro kanneen kenniinsa tajaajila haqaa keessatti qooda fudhachuu dandaa'an kan haammate yommuu raawwatu ni mula'ata. Sagantaan kunis riiformiiwwan dhuunfaan sekteroota keessatti raawwachaa turan irraa haala adda ta'een qaamolee haqaa hunda akka haammatu taasifamuun hojiirra oolaa tureera.

Muuxannoo biyyoota sagantaa fooyya'insa sirna haqaa kana hojiirra oolchan irraa akka hubatamutti sagantichaa kan xiyyeeffatu sektaroonni miseensa qaamolee haqaa ta'an haala akkamiin walitti dhufanii akka waliin hojjechuu qaban irrattidha. Kunis walitti dhufeenyaan qindoomuun fooyya'iinsa qabatamaa ta'e akka fiduu dandaa'an ni mul'isa. Sababiin isaas qaamoleen haqaa yaalii sagantaa fooyya'iinsaa sirna haqaa kana geggeessuu keessatti amala hojii isaanii irraan kan ka'e hudhaalee walfakkaatu tajaajila fooyya'aa ta'e kennuuf yommutti tattaafatan kan isaan mudatu yoo ta'u, kanas bifa walfakkataa ta'een qindoomuun yoo hojjetan bu'aa gaarii ta'e argamsiisuun kan dandaa'amu waan ta'eef.[65]

Qaamoleen haqaa rakkoolee adeemsa keessa isaan mudatan furuuf dhuunfaan sagantaalee fooyya'iinsaa adda addaa bu'uuressuun gara hojiitti seenaa kan turan yoo ta'e illee haala barbaadameen bu'aa hin argamsiifne. Kana irraa ka'uun qindoominaan sagantaa fooyya'iinsaa hundagaleessa ta'e dhaabbilee akka baankii addunyaa fi tola ooltota tokkoo tokkoon, akkasumas biyyoota hojii arjoominaa hojjetaaniin deggeramee geggeeffamaa ture irra caalaa bu'a qabeessa ta'ee mul'ateera.

Sagantaan fooyya'iinsa sirna haqaa kun bu'aa guddaa fiduu ni dandaa'a jedhamee haa abdatamu malee addunyaa irratti muuxannoon jiru akka agarsiisutti sagantichi haalota nannoon kan daangeffamu ta'uu isaa hubachuun ni dandaa'ama. Kana jechuunis haalli siyaas dingdee, sirni seeraa, sirna dhaabsiyaasa tokko irraa gara dhaabsiyaasa hedduutti tarkaanfachuuf yaalii taasifamu, kutannoo siyaasaa biyyicha kessaa jiru fi kkf irratti baay'ee kan hundaa'udha.[66]

---

[65]Klaus Decker, Christian Möhlen, David F. Varela, "Improving The Performance Of Justice Institutions" (Recent Experiences From Selected Oecd Countries Relevant For Latin America), Poverty Reduction And Economic Management Unit Latin America And The Caribbean (Document Of The World Bank), 2011, Fuula 13.

[66] How to note, Justice Sectore Reform, Ministry of Foraign Affairs of Denmark, DANIDDA/ International Development Cooperation, fula 2.

Egaan duugduubee kana irraa kaanee muuxannoon akka addunyaatti sagantaa kana hojiirra oolchuuf taasifmaa ture ilaalchisee kan biyyoota muraasaa sirni siyaasa isaanii kan koomunizimii irraa gara Diimokraassiitti guddachuuf yaalii taasisaa jiran jiruu, akkasumas sadarkaa Gamtaa Awurooppaa, Baankii Addunyaa fi kkf tiin deggersi taasifamee sirna haqaa isaanii hammayyoomsuun tajaajila irraa barbaadamu akka kennuu danda'u taasisuuf carraaqaa turan muraasa fudhannee ilaalla. Bu'uuruma kanaanis muuxannoon biyyoota Boosiniyaa fi Herzigovinaa, Moldovaa, Naayijeeriyaa, Gaanaa, Keeniyaa, Mongoliyaa, Indooneeziyaa fi kkf ilaaluuf yaaliin taasifameera.

Kallattiin nuti muuxannoolee biyyoota kanaa itti ilaaluuf yaalles, hojiirra oolmaa sagantichaa bifa waliigalaan ilaaluun waa'ee saganticha irratti xiyyeeffachuun osoo hin taane haala akkamiin hoogganamee gara hojiitti seenamaa jira kallatti jedhuunidha. Bu'uuruma kanaanis gurmaa'insi qaamolee sagantaa kana geggeessanii maal akka fakkatu fi haala hojiirra oolmaa sagantichaa ilaalchisee gahee miseensotni saganticha hojiirra oolchan qabanii fi qaamni sagantaa kan qindeessu qabu maal akka ta'een akka ta'e irratti xiyyeeffachuun muuxannooleen kun kan sakattaa'aman ta'a jechuudha.

2.2.1. Sagantaa kana ilaalchisee muuxannoo akka ardii Awurooppaatti jiru

Biyyoota Awurooppaa keessa ta'anii gara Gamtaa Awurooppaatti makamuu barbaadan sirni haqaa isaanii sadarkaa Gamtaa Awurooppaatiin akka walgitu waan barbaadamuuf sagantaalee fooyya'iinsaa addaa addaa akka geggeessaniif ni dirqiisiifamu. Kanaafis biyyootni kun sagantaa fooyya'iinsa sirna haqaa baafachuun sochii taasisaa turaniiru. Biyyootni kun baay'een isaaniis biyyoota Awurooppaa Bahaa keessatti argaman, waraana sumaansii keessa turanii fi sirna siyaasaa Sooshaalizimii (communism) irraa gara diimokraasiitti tarkaanfachaa jiranidha. Sababii kanaaf sirni haqaa isaanii sadarkaa gadi aana irratti biyyoota argamanidha.

Biyyootni kunis riifoormii kana deggersa Gamtaa Awurooppaatiin taarsimoo baafachuun hojjechaa turaniiru. Biyyoota kannen keessaa muuxannoowwan biyyoota muraasaa adeemsa akkamiitiin akka isaan qaamolee haqaa walitti fiduun sagantaa fooyya'iinsaa kana lafa qabsiisuuf yaalii taasisaa turani fi gaheen qaamolee raawwachiiftuu, miseensotni qaamolee haqaa fi saganticha hojiirra oolmaa isaa hordofanii maal akka fakkatuu ni ilaalla jechuudha.

Dursee sagantaa kana gara hojiitti geeddaruuf qaamoleen haqaa sirni kun haammatu jidduu walitti dhufeenyi jiru maal ta'uu qaba kan jedhu irraa kaanee yoo ilaallu, qaamoleen kun qindoomanii hojjechuun barbaachisaa akka ta'e muuxannoon akka addunyaatti jiru ni agarsiisa. Kana irraa kaanee muuxannoo biyya Moldoovaa fudhannee yoo ilaalle; akka biyyaatti sagantaa fooyya'iinsa sirna haqaa isaanii qaamolee sagantaa kana keessatti haammataman hunda jiddu galeessaan haammachiisuun eegalaniiru.[67] Sababiin isaas jijjiiramni qabatamaan ta'e sirna haqaa keessatti dhufuu kan danda'u qaamoleen sagantaa kana hojiirra oolchan bifa hundagaleessa ta'een qindoominaan hojiirra oolchuu yoo dandaa'anidha.[68] Adeemsa isaanii kanaanis haguuggii tokko jalatti qaamolee kana sagantaa walsimaa, itti fufiinsa qabuu fi fullaa'a baasuufiin akka ittiin hoogganaman yommuu taasifamu ni mul'ata.[69] Sagantaan isaanii kunis bifa waliigalaan qaamoleen haqaa isaanii walitti dhufuun iddoo tokkotti raayyaa tokko ta'anii akka isaan jijjiiramaa ykn fooyya'iinsaaf hojjetan kan dirqisiisudha.[70]

Qaamoleen haqaa qindoomuun akka hojjetan taasifamuun isaanii sagantichaa to'achuu fi hordofuuf akkasumas bu'aa walfakkaataa qaamolee haqaa keessatti fiduuf kan gargaaru waan ta'eef. Kana ilaalchisee muuxannoon biyyoota Awurooppaa Balkaan lixaa keessatti raawwii sagantaa fooyya'insa sirna haqaa isaanii yoo ilaallu, yaadni kun raawwii sagantichaaf murteessaadha jechuun xiyyeeffannoo guddaa kennaniif jiru. Qindoomanii hojjechuu kanas fullaasuuf hooggansa sagantaa kanaa ilaalchisee koreewwaan sadarkaa sadarkaan raawwii sagantichaa hordofanii fi aangoo murtee barbaachisaa ta'e dabarsuu qaban hundeessaniiru. Koreewwan kunis gahee qaamolee haqaa walitti fiduu, qindeessuu fi deggersa barbaachisaa ta'e kennuu qabu. Dirqama isaanii kana bahuuf akka toluttis koreewwan kun ogeessota sagantaa kanaaf deggersa barbaachisaa kennuu dandaa'an qofaatti of danda'uun akka gurmaa'anis taasifameera. Kana malees adeemsi karooraa fi gabaasa yeroon itti waliif dhiheessan diriiruun fi hojiirra oolmaa sagantichaaf bajatni gahaan ramaduun barbaachisaa akka ta'es muuxannoon isaanii ni agarsiisa.[71]

---

[67] Strategy For Justice Sector Reform (2011-2015), Fula 1.
[68] Strategy For Justice Sector Reform (2011-2015), Fula 1.
[69] Strategy For Justice Sector Reform For Moldova, (2011-2015), Fula 1-2.
[70] Strategy For Justice Sector Reform For Moldova, (2011-2015), Fula 1-2.
[71] Marina Matic Boskovic, Justice Sector Future Reform Policy Instruments And Framework In Moldova, December 2015, Fuula 17.

Sagantaan fooyya'iinsa sirna haqaa biyya Moldoovaa kaayyoolee gurguddoo tajaajila qaamolee haqaa dhaqqabamaa taasisuu, kanfaltii salphaan argamuu danda'u kennuu, saffisawaa ta'ee kennuu, dhaabbilee bilisummaa, iftoomina fi itti gaafatamummaa qabuun kenname taasisuun olaantummaa seeraa mirkaneessuu fi amantaa hawaasaa horachuu jedhu qabachuun kan eegalme ta'uu isaa karoora sagantichaa irraa hubachuun ni dandaa'ama.[72] Kanas gara hojiitti geeddaruuf hojiin guddaan hojjetamuu kan qabu qaamoleen haqaa dhuunfaa dhuunfaa isaaniin osoo hin taane walitti dhufuun qindoominaan, mari'achuun, gahee fi dirqama adda baafachuun akka ta'e ni akeeka. Hojiirra oolmaa sagantichaa ilaalchisee biyyootni yeroo baayy'ee karooraa baafatan kan yeroo dheeraa, jiddu galeessa fi gabaabaa jechuun tokko tokkoon adda baafachuun gara raawwiitti seenu, kun ammo to'annoo fi hordoffiif akkasumas bu'aa isaa illee madaaluuf kan gargaaru ta'uu isaa hubachuun ni dandaa'ama.[73]

Hojiirra oolmaa sagantaa fooyya'iinsa sirna haqaa biyya Moldoovaa ilaalchisee qaamoleen itti gaafatamummaa qabanis sadarkaa sadiitti kan adda bahee jiru yoo ta'u; jalqaba irratti Waajjira qindeessaa fi barreessaan sadarkaa Ministeera haqaatti itti gaafatamummaa wallii galaa fudhachuun kan haala mijeessu hundaa'eera. Lammaffaatti, Koreen sadarkaa biyyaatti abbuummaan raawwii sagantichaa qindeessuu, to'atu fi hordofu hundaa'eera. Sadaffaa irratti, Koreewwan xixiqqaa tokkoon tokkoon sagantaalee xixiqqaa hojiirra oolchuuf hundaa'aniiru. Walumaa galatti qaamoleen sadeen kun waliin ta'uun hojiirra oolmaa sagantaa fooyya'iinsa sirna haqaaf haala ni mijeessu, ni to'atuu, ni hordofuu, qaamolee kallattiin sagantaa kana hojiirra oolchaniif deggeersa barbaachisaa ta'e ni kennuu, akkasumas sirreeffama barbaachisaa ta'e akka fudhatamu ni taasisu.[74]

Bu'uuruma Kanaan qorannoo Ministeeri Haqaa biyya Moldoovaa geggeesseen toorri xiyyeeffannoo torba adda bahuun kallatti sagantichi itti hoogganamu agarsiiseera.[75] Raawwii sagantichaaf tokkoon tokkoon toora xiyyeeffannoo addabaheef qaamoleen hojiirra oolchan keessa kan walitti bobba'e koreen xiqqaa ni hundeeffama, koreen xixiqqaa kunis raawwii

[72]Strategy For Justice Sector Reform For Moldova, (2011-2015), Fula 1-2.
[73]Marina Matic Boskovic, Justice Sector Future Reform Policy Instruments And Framework In Moldova, December 2015, Fuula 11.
[74]Marina Matic Boskovic, Justice Sector Future Reform Policy Instruments and Framework in Moldova (Project to Support Coordination of Justice Sector Reform in Moldova European Union Europe Aid/ 131846/C/Ser/Md), December 2015, Fuula 6.
[75] Strategy for Justice Sector Reform for Moldova, (2011-2015), Fula 2.

sagnatichaa abbuumaan kan hordofuu ta'a. Akka waliigalaatti raawwii sagantaa fooyya'iinsa sirna haqaa biyyichaa hojiirra oolmaa isaa yeroo yeroon hordofee sirreeffama barbaachisaa kan fudhatu koreen sadarkaa biyyaatti Ministeera Haqaa biyya isaaniitiin geggeeffamu hundaa'eera.[76]

Walumaa galatti muuxannoo biyya Modoovaa kana yommuu ilaallu wantooti irraa hubannu hooggansi isaa sadarkaa biyyaatti koree dhimmi kun ilaallatuun dura buutummaa ministeera haqaa biyyichaan kan hoogganamu ta'uu isaa fi akka biyyaatti qindeessaa fi barreessa koree kan jedhamu qaamni ministeera haqaa jalatti hundaa'e jiraachuu isaa fi sagantaalee xixiqqaa ilaalchisees koreen of danda'e hundaa'uun hojiirra kan jiru ta'uu isaa akka muuxannootti fudhachuu dandeenya.

Miseensota koree ilaalchisee muuxannoon jiru akka agarsiisutti; Ministeera Haqaa, Pirezidaantii Mana Murtii, Abbaa Alangaa Muummichaa, Dhaabbiilee hawwaasummaa keessaa kanneen akka dura ta'aa Waldaa Abbootii Seeraa, Waldaa Abbootii Alangaa, Waldaa Ogeessota seeraa, Dhaabbata Leenjii Ogeessota Seeraa ykn Abbootii Seeraa fi kkf irraa walitti bobba'uun yeroo hundaa'an ni mul'ata. Sagantaa foyya'iinsa sirna haqaa ilaalchisee muxannoo biyya Boosiniyaa fi Heerzegovinaa jiru kan agarsiisu riifoormii jedhame kana galmaan gahuun bu'aa isaa arguun kan barbaadamu yoo sekteroonni miseensa qaamolee haqaa ta'an hunda kan haammate tarsiimoo baafachuun barbaachisaa ta'uu isaati.[77]

Akkaataa sagantichi itti hojiirra ooluu ilaalchisee akka biyyaatti koreen olaanaa (steering Board) miseensota akka Ministeera Haqaa, Pirezidaantii Mana Murtii, A/Alangaa Muummicha fi kkf of keessatti qabate hundaa'eera. Koreen Olaanaa kunis abbumaan hojiirra oolmaa sagantichaa ni hordofu akkasumas to'annoo fi hordoffii barbaachisaa ta'e ni raawwata.[78] Itti dabalees tokkoon tokkoon tarsiimowwan saganticha keessatti qabamaniif (sagantaalee xixiqqaa) (strategic pillars) jedhamanii ka'amaniif koreeleen xixiqaa miseensotni isaa itti gaafatamtoota qaamolee saganticha hojiirra oolchanii ta'e hundaa'era. Koreewwan kunis sagantaa isaan ilaallatu irratti karoora fi tarsiimoo raawwii baafachuun gara hojiitti ni geeddaruun raawwii isaanii hordofuun koree olaanaaf gabaasa dhiheessu.

---

[76] Strategy for Justice Sector Reform for Moldova, (2011-2015), Fula 2.
[77] Bosnia And Herzegovina Justice Sector Reform Strategy 2008-2012, Ministry Of Justice, 2008, Fula 3.
[78] Bosnia And Herzegovina Justice Sector Reform Strategy 2008-2012, Ministry Of Justice, 2008, Fula 6.

Haaluma walfakkatuun gaaffii sagantaa kana eenyuutu dhaabbiin hordofuu qaba kan jedhu ilaalchisee qaamni sagantaa kana qindeessu sektarri tokko kan hundaa'uun ni barbaachisa yaadni jedhus ni argama. Bu'uuruma kanaanis tarsiimoo biyya Boosiniyaa fi Herzegovinaa irraa haala walfakkaatuun kan kaa'ame ta'uu isaa hubachuun ni dandaa'ama. Sektarri kunis Ministeera Haqaa biyyattii jalatti hundaa'uun sagantaa kana raawwii isaa hordofuu fi ya'iif tajaajila barreessaa (secretariat service) kan kennu ta'uu isaa ni mul'ata.[79]

Kallattii biraan qaamoleen miseensa sagantaa kanaa ta'an abbummaan sagantaa kana fudhachuun akka milkaa'an kan barbaadamu yoo ta'e jalqaba irraa ka'anii keessatti akka isaan hirmaatan taasisuun barbaachisaadha. Muuxannoo gama kanaan jiru keessaa muuxannoon akka gaariitti fudhatamu kan biyya Duch (Hooland) yoo ilaalle, ka'umsa sagantichaa irraa kaasee abbootiin hirtaa akka isaan hirmaatanii fi jijjiiramaaf kaka'umsi keessoo qaamolee kana keessaa akka ta'u jajjabeessuun barbaachisaa akka ta'e hubachuun ni dandaa'ama. Sababuma kanaanis qaamoleen kun abbummaan sagantaa kana qabachuun milkaa'ina guddaaf akka gahan barreefamoonni ni ibsu.[80]

Adeemsa raawwii sagantaa kanaa keessatti qaamoleen miseensa sektera haqaa ta'an sagantaa kana mata mataatti dudhaalee (values) isaan galma gahiinsa sagantaa kanaaf ofiif qabatan kan miseensi haqaa biroon qabateen walitti bu'uu hin qabu ykn ilaalcha walfakkaataan ilaaluu danda'uu qaba. Sababiin isaas qaamoleen kun galma tokkoof kan hojjechaa jiran ta'uu isaa yeroo hunda dagatamuu dhimma hin qabne waan ta'eef.[81] Yaada kana irratti muuxannoo biyya Moldoovaatti mudate yoo ilaalle akka rakkootti wantoota fudhataman keessa tokko qaamoleen sagantichaan haammataman hanga barbaadame iftoominaan qophii sagantichaa keessatti hirmaachuu dhabuu irraan kan ka'e sagantaan kun qabatamaan rakkoo lafa jiru qorannoon bira gahuu hin dandeenye dabalees qaamoleen kunis akkaataa barbaadameen hojiitti geeddaruu hin dandeenye. Bu'uura hirmaachisuu dhabuu sagantichaa irraan kan ka'es rakkooleen akka sagantaalee yeroo dheeraa barbaadan yeroo gabaabaatti qabachuu, qaamoleen saganticha kanaan haammataman qindoomina barbaachisu qabaachuu dhabuu, rakkoowwanii fi

[79] Bosnia And Herzegovina Justice Sector Reform Strategy 2008-2012, Ministry Of Justice, 2008, Fula 6.
[80] Marina Matic Boskovic, Justice Sector Future Reform Policy Instrument and Frameworks in Moldova, 2015, Fuula 5.
[81] Marina Matic Boskovic, Justice Sector Future Reform Policy Instrument and Frameworks in Moldova, 2015, Fuula 5.

dirqamootni sagantaalee keessatti garmalee hubatamuu fi baasii hojiirra oolmaa sagantichaaf barbaachisu tilmaamuu irratti dhiibbaa guddaa fideera.[82]

Haguuggii sagantichaa ilaalchisee qaamolee haqaa hunda haammachuu akka qabu akkuma jirutti ta'ee, gama biroon garuu qaamolee kanneen walitti fiduun raawwii sagantichaa qaamni to'atu dandeetti raawwii sagantichaaf barbaachisu qabaachuu isaa qulqulleeffachuun barbaachisaadha. Sagantaan kun yeroo tokkoon sagantaa raawwatamee xumuramu osoo hin taane irraa jalaan kan raawwatamu waan ta'eef to'annoo fi hordoffiin wal irraa hin cinne, akkasumas sirreeffamni barbaachisaa ta'e yeroo isaa eeggatee kennamuu qaba. Kanaaf egaa qaamni sagantaa kana hojiitti geeddaruuf hundeeffame ykn aangefame hubannoo fi beekumsa barbaachisaa ta'e akkasumas ogeessota barbaachisaa ta'e kan qabaate ta'uun dirqama ta'a jechuudha. Kun hin ta'u taanaan galma gahumsa kaayyoo sagantichaaf gufuudha.

Yaada kana ilaalchisee muuxannoon biyyoota Balkan lixaa[83] akka agarsiisuttu hojiirra oolmaa sagantaa kanaa keessatti dandeettiin qaama mootummaa sagantaa kana raawwachiisuu fi hooggansi sagantaa kanaa murteessaa waan ta'eef jalqabumma irraa eegalee akka qaama sagantichaatti xiyyeeffannoon guddaan itti kennamuu qabu ni hubatama. Kana jechuunis itti gaafatamummaan qaamolee sagantaa kana raawwachiisanii mirkaneessuu dhabuun, qaamoleen raawwachiiftuu hojiirra oolmaa sagantichaa ilaalchisee qaamolee abbootii hirtaa sagantichaa ta'an waliin walhubannoo fi waliigaltee irra gahuu dhabuun, bulchitoonni geggeedaramuu irraan kan ka'e dhimmoota biroof dursa kennuu rakkoowwan jedhaman dursa furmaata hin argatan taanaan hojiirra oolmaan sagantichaa rakkoon kan mudatu ta'uu isaa muuxannoon kun ni agarsiisa.[84]

Gama biraan kan dagatamuu hin qabne qaamolee haqaa kana fooyyessuuf bajatni barbaachisu kan salphaatti ilaalamu miti kanaf kallatti bajataan kutannoon gama mootummaan jiru sirriitti mul'achuu danda'uu kan qabu sagantichaaf bajata gahaa ramaduun ykn gargaarsaan illee akka argamu taasisuun ta'uu isaa muuxannoo biyyoota kanneenii irraa ni hubatama. Haaluma walfakkaatuun qabatamaan biyya Moldoovaas kan agarsiisuu mootummaan kutannoon sagantaa

---

[82]Marina Matic Boskovic, Justice Sector Future Reform Policy Instrument and Frameworks in Moldova, 2015, Fuula 5.

[83] Biyyotni Baalkan Lixaa Jedhaman Biyyoota Kiro'eeshiyaa, Bosiniyaa Fi Herzegovinaa, Moldovaa Fi Kkf Of Keessatti Qabatee Kan Jirudha.

[84]Http://Cc.Europa.Eu/Enlargement/Pdf/Project-InFocus/DonorCoordination/ImplementinSector_Approachs. Pdf

kanaaf bajata barbaachisu ramaduun akkasumas bajata gargaarsaan akka argamu taasisuun sagantichai akka hojiirra oolu taasisaa kan turan ta'uu isaati.[85] Hojiirra oolmaa sagantaa kanaaf bajatni dursee qaama karoorichaa ta'ee hin qabamu taanaan raawwiin sagantichaa jalqabuma irraa fedhii fi dantaa qaama bajata kennu irratti akka rarra'u kan hayyamu waan ta'eef galma gahumsa sagantichaaf yaaddoo ta'uu akka danda'u muuxannoon biyyoota ilaalamanii ni agarsiisa.

Itti fufees akka ijoo guddaatti hooggansa sagantichaa ilaalchisee dursee qaamolee sagantaa kana keessatti hirmaatan jidduutti walgalteen ykn walhubannoon jiraachuun dirqama ta'a jechuudha. Kun hin ta'u taanaan qaamni tokko saganticha akka barbaadametti gara hojiitti kan hin geeddarre yoo ta'e bu'uuruma irraa kaasee sagantichi kufaatiif kan saaxilame ta'a jechuudha.[86] Kana jechuun hojiirra oolmaa sagantichaa ilaalchisee qaamolee sagantaa kana gara hojiitti geeddaran bira mamiin ykn mormiin sagantaa kana irratti kan ka'u yoo ta'e rakkoo guddaadha. Keessumaa ammo qaamolee sagantaa kana dhugoomsuuf murteessoo ta'an keessaa kanneen akka Mana Murtii fi Ministeera Haqaa biraa mormiin kan quunnamu yoo ta'e hojiirra oolmaa sagantaa kanaaf gufuu guddaadha waan ta'eef kana hambisuuf dursee sagantaa kana keessatti qaamoleen kun akka hirmaatan taasisuun bu'uuraan hubannoo fi amantaa gahaa akka isaan qabaatan taasisuun tarkaanfii bu'uuraati yaadni jedhamu fudhatamee kan itti hojjetamaa jiru ta'uu isaa muuxannoo biyyoota kanneenii irraa hubachuun ni dandaa'ama.[87]

Kallattii biraan yoo ilaalamu ammoo sagantaan kun milkaa'inaan akka hojiirra ooluuf dursee bajatni barbaachisu sirriitti tilmaamuu fi adeemsa keessas sirreeffama barbaachisaa ta'e fudhachaa adeemuun galma gahiinsa sagantaa kanaaf baayy'ee barbaachisaadha. Akka furmaataatti biyya Moldoovaatti kan fayyadaman bajata dursuun kaa'uun adeemsa keessa

[85] Marina Matic Boskovic, Justice Sector Future Reform Policy Instruments and Framework in Moldova, December 2015, fuula 4. (*The justice sector reform required substantial investment programs with considerable financial support of donors. Moldova invested significant amounts in this reform program. The EU signed the Financial Agreement on the budget support21 to implement the Justice Sector Reform Strategy in Moldova in 2013, for a total amount of 60 million euro. Beside the European Union (EU), other donors that made substantial contributions to implementation of specific activities envisaged in the Strategy are: the Council of Europe (CoE), United States Agency for International Development (USAID), the Organization for Security and Cooperation in Europe (OSCE), the United Nations Development Programme (UNDP) and the other bilateral donors (Sweden, Norway, Germany, Romania) and foundations (Soros Foundation, Konrad Adenauer).)*

[86] Marina Matic Boskovic, Justice Sector Future Reform Policy Instruments and Framework in Moldova, December 2015, fuula 5.

[87] Marina Matic Boskovic, Justice Sector Future Reform Policy Instruments and Framework in Moldova, December 2015, fuula 5.

sirreeffama barbaachisu fudhachuu qaama danda'u keessaa bakka bu'aan miseensa qaama sagantaa kana raawwachiisuu ykn to'annoo fi hordoffii geggeessu keessatti akka hirmaatu taasisaniiru.[88]

Egaan muuxannoo biyyoota Awurooppaa sagantaa fooyya'insa sirna haqaa kana hojiirra oolchan irraa kan hubachuun dandaa'amu, hooggansa sagantaa kanaa ilaalchisee koreen olaanaa akka biyyaa fi sadarkaaa sadarkaan kan jiur ta'uu isaa fi qabatamaan hojii koree kanaa kan hojjetu ammoo waajjirri qindeessaa sagantichaa jiraachuun kan barbaachisu ta'uu isaa hubachuun ni dandaa'ama.

Dabalees hojiirra oolmaa sagantichaa keessatti qaamoleen miseensa koree ta'an haala qabatamaa siyaasa isaanii irratti hundaa'uun yeroo hedduu qaamolee haqaa qofa irratti kan xiyyeeffatanii fi qaamolee sirna haqaa keessatti gahee qabaachuu danda'u jedhaman qofa irratti kan xiyyeeffatan ta'uu muuxannoon ilaalle ni agarsiisa. Kanaafis akka sababaatti kan isaan ka'an hojiin qaamolee haqaa keessaa tokkoon hojjetamuun qofaa isaa kan galma gahu osoo hin taane tokko isa tokkoof kan galtee ta'u waan ta'eef rifoormiin jedhame haala walfakkataan raawwatamu malee bu'aan argamu quubsaa ta'uu dhiisuu dandandaa'a yaada jedhu ka'umsa kan godhatan ta'uu isaa hubachuun ni dandaa'ama.[89]

Gama biraan hojiirra oolmaa sagantaa kanaaf karoorrii fi tarsiimoon qabamu haala madaalamuu fi hojiirra ooluu danda'uun bahuu kan irra jiraatu ta'u isaa fi raawwii isaaf bajatni barbaachisu duukaa qabamuun barbaachisaa akka ta'u hubachuun ni dandaa'ama. Haaluma walfakkaatuun qaamoleen sagantaa kan hojiirra oolchan qindoomanii hojjechuunis barbaachisaa akka ta'e muuxannoon kunniin ni mul'isa.

2.2.2. Muuxannoo akka ardii Afiriikaatti jiru

Ardii Afiriikaa keessatti guddina sagantaa fooyya'insa sirna haqaa ilaalchisee kan jiru yoo ilaallu, bara 1990 A/A dura kan ture haala qindaa'een osoo hin taane biyyoota Afiriikaa bilisummaa argatanii jiran keessatti sirna diimokraasii diriirsuun kan dandaa'amu manni murtii yoo cimsamedha yaada jedhu irraa kan ka'ee gargaarsi alaa dhufaa tures kallattiin seerota fooyyessuu fi manneen murtii jajjabeessuu irratti kan xiyyeeffate ture. Haa ta'u malee kun bu'aa

[88]Marina Matic Boskovic, Justice Sector Future Reform Policy Instruments and Framework in Moldova, December 2015, fuula 8

[89]Bosnia And Herzegovina Justice Sector Reform Strategy 2008-2012, Ministry Of Justice, 2008, Fula 3.

hanga barbaadame hin argamsiifne, inumaan iyyuu biyyoota kanneen akka Ugaandaafaa keessatti kufaatti guddaatu dhaqabe. Kana irraan ka'uun bara 1990 asi qaamolee mootummaa bu'a qabeessa (effective) ta'an hundeessuu fi olaantummaa seeraa mirkaneessuu yaaddamni jedhu fudhatamee itti hojjetama ture. Kana galma gahuun kan dandaa'amu ammmoo qaamolee haqaa fooyyessuun barbaachisaa akka ta'e hubachuun isaan irratti hojiin eegaleera.[90]

Bu'uura kanaanis qaamolee haqaa fi sirna haqaa biyyatti keessa jiru fooyyessuun dinagdee biyyaa guddisuuf ykn hiyyummaa hir'isuuf tattaaffii taasifmu keessatti gahee guddaa qaba yaadni jedhu bal'inaan fudhatamee hojiin eegalameera.[91] Kana irraan kan ka'e sirni haqaa haala jireenya namootaa fooyyessuu ykn hiyyummaa balleessuu keessatti namootni sirna haqaa haqummaan tajaajila kennu, dhaqabamaa ta'e, yeroo gabaabaa keessatti furmaata kennuu fi loogmaleessa ta'e argachuun barbaachisaa dha yaadni jedhu fudhatameera. Kanaaf sirni haqaa biyyootaa sadarkaa fedhii hawwaasaa waliin kan walgite ta'uu danda'uu qaba.[92] Dabalees biyyootni sirna haqaa booddetti hafaa qaban dinagdeen isaanii abbootii qabeenyaa alaa kan hin hawwanne waan ta'eef biyyootni sirna haqaa isaanii fooyyessuun barbaachisa akka ta'e yaada fudhatama argachaa dhufeera.

Yaada kana irraa ka'uun biyyoota sirna haqaa isaanii fooyyeffachaa jiran keessa muuxannoo biyya Nayijeeriyaa yoo ilaalle; rakkoolee qaamolee haqaa keessatti mul'atan furuuf sagantaan fooya'iinsa sirna haqaa (justice sector reform) jedhamu qophaa'ee hojiirra jira. Sagantaan kunis Garee Fooya'iinsa Sirna Haqaa (Justice Sector Reform Team) jedhuun akka hoogganamu taasifamee sadarkaa naannoo fi federaalaatti itti hojjetamaa jira.[93] Gareen kunis rakkoolee sektaroota haqaa keessa jiru kanneen akka walitti dhufeenyaa fi hanqina qindoominaa, akkasumas hojiin hojjetamu qulqullinaa fi si'oomina dhabuu akka rakkootti qabatee furuuf ka'eera.

---

[90]Human Rights And Justice Sector Reform In Africa, NATIONAL CRIMINAL JUSTICE REFORM, Donor Assistance To Justice Sector Reform In Africa: Living Up To The New Agenda?, Open Society, Fuula 5.

[91] Human Rights And Justice Sector Reform In Africa, NATIONAL CRIMINAL JUSTICE REFORM, Donor Assistance To Justice Sector Reform In Africa: Living Up To The New Agenda?, Open Society, Fuula 5.

[92]Dr. Muhammed Tawfiq Ladan Associate Professor Of Law Department Of Public Law, Faculty Of Law, Ahmadu Bello University, Zaria, Kaduna State, Nigeriaaccess To Justice And The Justice Sector Reform In Nigeria, A Paper Presented At The First International Conference On The State Of Affairs Of Africa, 2006, Fuula 3.

[93] Justice Sector Reform Teams, (Federal and State Level), Security, Justice and Growth, Security, Justice and Growth Program, Nigeria, Fuula 2.

Hammachuu rakkoolee kannen irraan kan ka'e biyya Naayijeeriyaa keessatti dhimmootni yeroo barbaadaman keessatti akka hin xumuramne, manni sirreessaa humnaan olitti serreeffamtootaa akka keessummeesuu, to'atamtoonni murtii eeggatanis garmalee akka baayyatan waan ta'eef sagantaa fooyya'iinsaa sirna haqaa akka barbaachisu hubachuun fudhatamee gara hojiitti seenameera.[94] Bu'uuruma kanaanis riifoormiin geggeefamu kun kan qaamolee haqaa hunda haammate ta'uu akka qabu hubannoon fudhatamee kan hojiitti seename ta'uu isaa hubachuun ni dandaa'ama. Haa ta'u malee qaamolee kanneen keessatti riifoormii yeroo tokko geggeessuun raawwii irratti to'annoo fi hordoffiif rakkisaa ta'uu dandaa'a kan jedhu akka hudhaatti fudhatameera, kanaafis furmaatni kaa'ame sagantaa kanaaf tarsiimoo (strategy) baafachuun irraa jalaaan akkamitti itti adeemamuu kan qabamu ta'uu isaa amanamee hojiitti seenameera.[95]

Bu'uuruma kanaanis bara 2000 ALAtti karoora tarsiimawaa baafachuun hojiin sagantaa fooyya'iinsa sirna haqaa qaamolee haqaa kun eegaleera. Karoorri fooyya'iinsa qaamolee haqaa isaanii kunis kaayyoo qindoominaa fi walta'iinsaan qaamoleen haqaa karooraa fi raawwi fooyya'iinsaa sirna haqaaf akka hojjetan kan akeekedha. Raawwii karoora kanaafis sadarkaa Naannoo fi Federaalaatti gareen abbummaadhaan dhimma kan hoogganuu hundeessuun eegalameera. Biyya Naayijeeriyaatti sagantaa riifoormii kana sadarkaa federaalaatti kan hoogganu koreen dhaabbateera, koreen kunis 'Federal Justice Reform Coordination Committee" kan jedhamu yoo ta'u sadarkaa naannootis koreen dhimmi kana hoogganuu hundeeffameera.[96]

Naayijeeriyaatti hojiirra oolmaa sagantaa kana keessatti qindoomanii hojjechuu dhabuun akka hudhaa guddaatti kan fudhatamedha. Sababiin isaas hojiirra oolmaa sagantichaa keessatti bu'a qabeessummaa fi galma gahinsa riifoormichaa irratti dhiibbaa guddaa akka fidu qabatamaan isaan mudateera waan ta'eef.[97] Kana irraa ka'uun qaamolee sagantaa kana keessatti hirmaachuu qaban walitti fiduun koreen tokko akka dhaabbatu taasisaniiru. Koree kana keessattis qaamoleen haqaa warreen abbootii hirtaa sagantichaa ta'an kanneen akka Ministeera Haqaa, Mana Murtii, waldaa Ogeessota Seeraa Biyya Naayijeeriyaa, Mana Sirreessaa, Poolisii, Waldaalee

---

[94] Justice Sector Reform Teams, (Federal And State Level), Security, Justice And Growth, Security, Justice And Growth Program, Nigeria, Fuula 2.
[95] Justice Sector Reform Teams, (Federal And State Level), Security, Justice And Growth, Security, Justice And Growth Program, Nigeria, Fuula 2.
[96] Justice Sector Reform Teams, (Federal And State Level), Security, Justice And Growth, Security, Justice And Growth Program, Nigeria, Fuula 1-12.
[97] Justice Sector Reform Teams (Federal And State Level), Security, Justice And Growth Of Nigeria,

Haasummaa, Waldaa Abukaattotaa, Dhaabbilee gargaarsa ogummaa seeraa kennanii fi kkf keessaa kan walitti babbaahan akka haammataman taasifameera.[98]

Muuxannoon biyya Nayijeeriyaa sadarkaa Federaalaattiis ta'e naannootti jiru akka agarsiisutti hojiirra oolmaa sagantaa kanaa akka qindeessuuf akkasumas deggersa barbaachisaa ta'e akka kennuf barreessaan (secretariat) hundeessuun Ministeera Haqaa jalatti akka of danda'ee dhaabbatu taasisuun gara hojiitte seenamee kan jiru ta'uu isaa hubachuun ni dandaa'ama.[99]

Koreen sagantaa kana hoogganu waltajjii qaamoleen kun irratti walitti dhufanii fi tarsiimoo hojiirra oolmaa sagantaa kanaa baafatanii hojiirra akka oolu itti taasisan akka ta'eetti fudhachuun hojii keessa seenuun barbaachisaa akka ta'e muuxannoon isaanii ni mul'isa. Kana ka'umsa godhachuun koreen kunis karoora baafachuun, waajjira qindeessituu hundeesuun (secretariat), leenjii fudhachuu fi kennuu, hojiirra oolmaa sagantichaa to'achuu fi gamagamuu, waa'ee sagantichaa hubannoo barbaachisu uumuu fi raawwii sagantichaaf bajata barbaachisu barbaaduu fi kkf hojiilee fudhachuun hojii irra akka jiru hubachuun dandaa'ameera.

Koreen kun yeroo yeroon walgahuun waliin mari'achuun rakkoolee sirna haqaa isaanii keessa jiruuf furmaata ka'aa adeemuun bu'aa guuddaa argamsiiseera. Keessumaayyuu naannoo qindoominaa fi walitti dhufeenya qaamolee haqaatti jijjiiramni walitti dhufeenya duraan wal himachuu fi walitti quba qabuu ture kan fooyya'e ta'uu barreeffamoonni ni agarsiisu.[100]

Muuxannoo biyya Nayijeeriyaa kana irraa kan biroon kan hubatamu hojiirra oolmaa sagantichaa sadarkaa naannoo fi Federaalaatti kan adda bahee jiru yoo ta'u, muuxannoo naannoo isaanii keessatti raawwatamaa jiru naannoo hunda kan hin geenye yoo ta'u naannooleen akkatuma qabatama naannoo isaaniitti rakkoolee qaamolee haqaa naannoo isaanii irratti kan hundaa'e tarsiimoo baafachuun kan hojjetan ta'uu isaa hubachuun ni dandaa'ama. Itti dabalees raawwii karoorichaaf wantoota barbaachisan ilaalchisee bajata idilee nannoo isaanii keessatti qabamee kan itti hojjetamu ta'uu isaa ifatti naannoleen tokk tokko kaa'uun itti adeemaa kan jiran ta'uun isaa kutannoo siyaasaa gama kanaan jiru hubachuun ni dandaa'ama.[101] Kana jechuun naannoleen bu'aa fooyya'iinsa sirna haqaa irraa argamu bu'uura hubachuun bajata idilee isaanii irraa

[98] Justice Sector Reform Teams (Federal And State Level), Security, Justice And Growth Of Nigeria, Fuula 2.
[99] Justice Sector Reform Teams (Federal And State Level), Security, Justice And Growth Of Nigeria, Fuula 5
[100] Justice Sector Reform Teams (Federal And State Level), Security, Justice And Growth Of Nigeria, Fuula 5.
[101] Justice Sector Reform Teams (Federal and State Level), Security, Justice and Growth Of Nigeria, Fuula 6.

sagantaa kanaaf bajata of danda'e qabachuun raawwii sagantichaaf akka oolu yommuu taasisan ni mula'ata. Kun bu'aa riiformii kana irraa argamaa jiru fi argamuu danda'a jedhu tilamaama keessa galchuun kutannoo siyaasaa jiru kan argisiisu ta'uu isaa hubachuun ni dandaa'ama.[102] Qaamni sagantaa kana hojiirra oolmaa isaa akka waajjiraatti hoogganu daarkitoreetii ministeera haqaa irraa ramadamuun akka ta'e ni ka'a.

Walumaa galatti muuxannoo biyya Naayjeeriyaa irraa kan hubatamu gahee mootummaan sirna haqaa biyya tokkoo fooyyessuu keessatti qabu bu'uura ulaagaalee seerota idila addunyan mirgoota jiran lafa qabsiisuuf maaltu hojjetameera kan jedhuun madaaluun kan dandaa'amu ta'uu hubachuun ni dandaa'ama.[103] Sadarkaalee kanaan hojiin hojjetame hanga barbaadame akka hin taane hubachuun ni dandaa'ama. Haa ta'u malee mootummaan sagantaa kana lafaa kaasuuf bajata ramaduu fi qindeessuu irraa kaasee gahee guddaa akka taphatu hubachuun ni dandaa'ama. Bu'aan riifoormiiwwan kanneen irraa eegamus hanga ta'e gahee mootummaan taphatu irratti kan hundaa'u yoo ta'e illee, gama biroon ammoo gaheen qaamolee ykn dhaabbilee hawwaasummaa guuddaa akka ta'e hubachuun isaaniin sirriitti haammachiisuuf hojjechaa turuu isaan muuxannoon isaanii ni mul'isa. Isaanis qaawwalee sirna haqaa keessa jiran ifa baasuu fi hubannoon akka irratti kennamu taasisuu keessatti gahee isaan qaban guddaa ta'uu isaa hubachuun sagantaalee fooyya'iinsa sirna haqaa keessatti akka isaan hirmaatan taasisuun barbaachisaa akka ta'e biyya Naayijeeriyaa keessatti hubachuun sagantaan kun itti seenameera.[104]

Hooggansa koree kanaa ilaalchisee sadarkaa federaalaa biyya Naayijeeriyaattti kan jiru koreen kun A/Alangaa muummichaa biyyattiitiin kan hoogganamu ta'ee mareen koree kanaas kan geggeeffamu walitti qabiinsa isaan ta'a jechuudha. Barreessaan (secretariat) akka waajjiratti

---

[102]Justice Sector Reform Teams (Federal and State Level), Security, Justice and Growth Of Nigeria, Fuula 7.

[103]Current concepts and issues in justice sector reform, Dr. Olisa Agbakoba SAN, fuula 2.(*The fundamental principles which must guide legal and judicial reform in Nigeria are to be found in the Universal Declaration of Human Rights, 1984, notable, Article 7 (Protection against discrimination) Article 8 (Right to effective legal remedy) Article 9 The rule against arbitrariness) Article 1 0 (The right to fair and public hearing by an independent tribunal) and Article 11 (The presumption of innocence, expanded in terms of defence rights by Article 14 of the UN Covenant on Civil and Political Rights. These principles have become, in the view of most scholars, binding rules and norms of international law, with what is termed as 'jus cogens' force, i.e., a rule accepted and recognised by comity of nations, from which no derogation is permitted*.)

[104] Current concepts and issues in justice sector reform, Dr. Olisa Agbakoba SAN, fuula 2.

dhaabbatee kan ministeera kanaan guutame fi bajatni isaa qoodameef kan dhaabbatee tajaajila kennu ta'uu isaa hubachuun ni dandaa'ama.

2.2.3. Muuxannoo akka Ardii Eeshiyaatti jiru

Walitti dhufeenya qaamolee haqaa fi qaamolee raawwachiiftuu ajandaa riiformii irratti maal ta'uu akka qabu barreessaan tokko riifoormii manneen murtii biyyoota Eeshiyaa keessatti geggeefamaa jiru ilaalchise yeroo ibsu; muuxannoo biyyoota kanneenii irraa maal barachuu fi fooyyessuu akka qabnu kaa'eera. Barreeffama isaa kanaains sagantaa fooyya'iinsaa sirna haqaa biyya tokko keessatti geggeessuuf yeroo karoorfannutti jalqaba irratti akka biyyaatti karoora jiru waliin akkamitti adeema kan jedhu durfamee ilaalamuu danda'uu akka qabu ni ibsa. Kana jechuunis sirna siyaas dinagdee biyyi tokko hordoftuu fi haala qabatamaa hawwaasni keessatti argamu waliin wabira qabamee ilaalamuu akka qabu ni akeeka.[105]

Bu'uuruma kanaan adeemsa riiformii keessatti qaama raawwachiiftuu waliin walitti dhufeenya uumuu, waliin qindoomuu fi waliin hojjechuuf qophii ta'uu qaamolee haqaa akka barbaada. Kaka'umsi manni murtii fi qaamolee sectera haqaa keessatti murteessoodha jedhaman riifoormii kanaaf qaban murteessaadha. Sababiin isaas dhimma bilisummaa ogummaa fi mana murtii jedhu waliin walbira qabamee yommuu ilaalamu akka rakkootti fudhatamuun hubannoon dogongoraa ta'e fudhatamuu kan dandaa'amu waan ta'eef dursuun wal'amansiisuun barbaachisaadha. Haa ta'u malee walitti dhufeenyi uumamu madaallii isaa kan eeggate akka ta'uuf of eeggannoon barbaachisaa ta'e fudhachaa adeemuunis ba'eessa akka ta'e barreessaan kun ni kaa'a.[106] Gama biraan ammoo hawaasatti itti dhiheenyaan hojjechuu fi fedhii hawaasaa hubachuuf dursee hawaasni maal akka jedhu baruun kan dandaa'amu kallatti kanaan ta'uu isaa hubachuun barbaachisaa akka ta'e ni kaa'a.

Biyyoota guddachaa jiran (developing countries) keessaa sagantaa fooyya'iinsa sirna haqaa hunda galeessa ta'e (comprehensive reform strategy) hojiirra oolchuun adda duree biyyoota ta'an keessaa tokko biyya Mongoliyaadha. Biyyaattiin kun waggoottan soddomaa oliif sagantaa kana hojiirra oolchuun sirna haqaa fi qaamoleen sirna haqaa biyyattii keessa jiran akka fooyya'an gochuuf tattaaffi isaan taasisaa turan kan irraa baratamuu danda'u ta'uu isaa

[105]Searching For Success In Judicial Reform, Voices From Asia Pacific Experience, Asia Pacific Judicial Reform Forum, 2009, Fuula 20.
[106]Searching For Success In Judicial Reform, Voices From Asia Pacific Experience, Asia Pacific Judicial Reform Forum, 2009, Fuula 20.

barreeffamootni ni agarsiisu.[107] Haa ta'u malee guutummaan guutuutti sagantaan kun milkaa'eera jechuu illee akka hin taanes hubachuun ni dandaa'ama. Kana jechuun rakkoowwanii fi qaawwaa sagantaa isaanii irraa hubannoo fudhachuun gaaridha.

Biyyi Mongolia sirna siyaasaa koomunizimii irraa gara sirna siyaasa diimokraasii fi gabaa bilisaatti yeroo tarkaanfattutti sirni fi qaamoleen haqaa biyyatti keessa jiran hundi fedhii sirna siyaas dinagdee haaraa kan gabaa bilisaa waliin walqabate kanaa guutuu kan danda'u ta'uuf dirqama riifoormiin akka barbaachisu hubachuun sagantaan hunda galeessa ta'e kun wixineeffamee gara hojiitti seenameera. Sagantaan reeformii hunda galeessa ta'e haa baafattu malee raawwii irratti akka rakkootti kan biyya Mongoliyaa irratti ka'aa ture irra caalaa kan xiyyeeffatamee hojjetamaa ture bilisummaa manneen murtii ishee mirkaneessuu irratti ture. Kun ammoo qaamoleen haqaa hanga barbaadame walfaanaa akka hin tarkaanfanne kan taasise ture.[108] Qaamolee haqaa keessaa tokko qofa irratti xiyyeeffachuun ykn ammoo muraasa qofa irratti xiyyeeffachuun riifoormii raawwachiisuuf yaaluun kun rakkoo biyya Mongoliyaa keessatti mul'ate qofa osoo hin taane rakkoo biyyoota biroo keessattis mul'atu yoo ta'u dhiibbaa inni galma gahumsa tarsiimoo waliigalaa irratti qabu biyyoota sirni diimokraasii isaanii guddachaa jiru keessatti akka rakkootti fudhatamuu dandaa'a.[109]

Kana irraa ka'un mootummaan biyya Mongoliaa fi qaamoleen saganticha deggeraa turan sirna haqaa biyya kana irra caalaatti tarkaanfachiisuun kan dandaa'amu sagantaan hundagaleessa ta'e qaamolee haqaa hunda haammate yoo jiraatedha yaada jedhu irratti waliigalaniiru. Qaamni sagantaa kana hoogganus koreen akka biyyaatti 'steering committee' jedhamu kan barbaachisudhas jedhaniiru. Sagantaa kanas adda durummaan akka hoogganuuf itti aanaan

---

[107] Dr. Heike Gramckow and Frances Allen, Justice Sector Reform in Mongolia: Looking Back, Looking Forward, justice and Development Working Papper Series 16/2011, fuula 1. *(Mongolia was the first developing nation to pursue comprehensive and inclusive strategic planning for its justice sector. Its strategic plan has provided a roadmap for reforms over many years and withstood leadership changes in both the government and in the key justice agencies. Much has been achieved, considering the challenges that have been overcome in terms of justice system infrastructure, human capacities and changes in attitudes, all with only very limited budget resources.)*

[108] Dr. Heike Gramckow and Frances Allen, Justice Sector Reform in Mongolia: Looking Back, Looking Forward, justice and Development Working Papper Series 16/2011, fuula 2.

[109] Dr. Heike Gramckow and Frances Allen, Justice Sector Reform in Mongolia: Looking Back, Looking Forward, justice and Development Working Papper Series 16/2011, fuula 2.

ministeera haqaa fi dhimma biyyaa keessaa aangeffameera.[110] Haa ta'u malee sagantaan kun kan galma gahuu dandahu hirmaannaa qaamolee haqaa fi qaamolee dhimmichi ilaallatuun yoo ta'e qofadha yaadni jedhus akka gorsaatti dhihaateera.[111]

Yaada kanas ka'umsa godhachuun koreen akka biyyaatti sagantaa kana akka hoogganu dhaabuuf akkasumas koree kana kan deggeru waajjirri barreessaa akka hundaa'u taasisuuf yaaliin taasifamaa turera. Sochii hojii isaaniifis akka gargaaruuf bajata gahaa ta'e ramaduunis akka dirqamaatti fudhatamee itti hojjetama tureera.[112]

Gama biraatiin akka rakkootti kan biyya Mongoliyaa irratti ka'aa ture sagantaan kun irra caalaan isaa kan deggeramaa ture gargaarsa biyya alaatiin yoota baay'een sagantichaa hanga barbaadame yoo ta'uu baates hojiirra oolaa turera. Haa ta'u malee sagantaaleen bajata mootummaatiin akka hojiirra oolan taa'aa turan garuu xiyyeeffannoo barbaachisaa ta'e argachuu dhabuu isaaniitiin yeroo isaan booddeetti hafaa turan mula'ateera.[113] Kunis kan agarsiisu kutannoon kallattii mootummaatiin fooyya'iinsa sirna haqaa irratti qabu sadarkaa inni irra jiru galma gahiinsa sagantichaaf murteessaadha waan ta'eef dirqama gara qabatamaatti jijjiiramuu danda'uu qaba. Waadaaleen karaa qaamolee siyaasaa taasifaman sadarkaa afaanii qofatti kan hafan yoo ta'e sagantaan kun galma gahuu kan hin dandeenye ta'uu isaa kan agarsiisedha.

Tokkoon tokkoon qaamolee haqaa keessa kutannoon sagantaa kana gara hojiitti geeddaruu ilaalchisee jiru sirna haqaa kun akka waliigalaatti of fooyyessuuf yaalii taasifamu keessatti gumaacha guddaa kan qabu waan ta'eef sagantaan kun xiyyeeffannoo barbaachisu argatee raawwatamuu danda'uu qaba. Muuxannoo biyya Mongoliyaa jirus kan agarsiisu qaamoleen haqaa sirna haqaa kana keessatti haammatamanii sagantaa kana hojiirra oolchan kutannoo fi

[110] The Judicial Reform Program in Mongolia: Accomplishments, Lessons Learned, and Recommendations for the Future, Final Project Report (Cooperative Agreement #492-A-00-01-00001), June 30, 2009, USAID, Jay Carver, fula 22.

[111] The Judicial Reform Program in Mongolia: Accomplishments, Lessons Learned, and Recommendations for the Future, Final Project Report (Cooperative Agreement #492-A-00-01-00001), June 30, 2009, USAID, Jay Carver, fula 22.

[112] The Judicial Reform Program in Mongolia: Accomplishments, Lessons Learned, and Recommendations for the Future, Final Project Report (Cooperative Agreement #492-A-00-01-00001), June 30, 2009, USAID, Jay Carver, fula 22.

[113] National Center for State Courts. 2007. Mongolia Judicial Reform Program Annual Report 2006. Williamsburg, VA.

xiyyeeffannoo barbaachisu kennuun saganticha hojiirra oolchuu dadhabuu isaanii irraan kan ka'e raawwiin sagantichaa qaamolee haqaa tokko keessatti boodatti hafaa kan ture ta'uu isaas hubachuun ni dandaa'ama.[114]

Hawwaasni biyya tokko keessa jiru sirna haqaa biyyattii irraa amantaa guutuu qabaachuu danda'uu qaba. Kana jechuunis seera biyyattii fi qaama seericha hojiirra oolchu irraa amantaa olaantummaa seerichaa mirkaneessuu danda'u jedhu qabaachuu dandaa'uu qabu jechuudha. Kun hin ta'u taanaan sodaa fi dirqisiisuun dhufuu kan danda'u waan ta'eef gara tasgabbii biyyaa irratti dhiibbaa geessisuutti geessuu kan danda'u waan ta'eef sirni haqaa biyya tokko keessa jiru maalfakkachuu qaba kan jedhu dursee ilaalamuu dhimma qabu ta'uu isaa hubachuun barbaachisaadha.[115]

Muuxannoo biyya Eeshiyaa kana irraa kan hubatamu sagantaan kun jalqaba irraa kaasee xiyyeeffannoon bal'aan kallatti mootummaan itti kennamuu kan qabu ta'uu isaa fi keessumaa sagantaaleen mootummaan deggeraman bajata gahaa argachuu kan qaban ta'uu isaa hubachuun ni dandaa'a. Dabalees qaamoleen sagantaa kana keessatti hirmaatan haala walutubuun sagantaa kana hojiirra oolchuun kan isaan irra jiru ta'uu isaa nu hubachuusa. Gama biraan sagantaan kun galma gahuu kan danda'u qaamoleen sagantaa kana raawwachiisuuf dhaabbatan kanneen akka koree olaanaa fi waajjira qindeessaa dirqama isaan irraa barbaadan yoo bahaniin ala milkaa'uu akka hin dandeenyu hubachuun ni dandaa'ama.

2.2.4. Muuxannoo Biyya keessaa

2.2.4.1. Muuxannoo biyya keessaa kan Mootummaa Federaalaa

Akka biyya keenyaatti SFSH yeroo eegalamutti Ministeera Ijaarsa Dandeetti jalatti Sagantaan Fooyya'iinsa Sirna Haqaa kan jedhamu hundaa'ee kaayyoo fooyya'iinsa sirna haqaaf karoora fooyya'iinsa sirna haqaa hunda galeessa ta'e akka karoorsuuf aangeffamee ture.[116] Sagantaan fooyya'iinsa sirna haqaa kunis riifoormiwwan kaayyoo dinagdee biyyaa guddisuu, guddina hawwaasummaa si'oomsuu fi hiyyummaa hir'isuuf geggeeffamaa turan keessaa akka tokkooti

[114] Dr. Heike Gramckow and Frances Allen, Justice Sector Reform in Mongolia: Looking Back, Looking Forward, justice and Development Working Papper Series 16/2011, fuula 3.
[115] Current concepts and issues in justice sector reform, Dr. Olisa Agbakoba SAN, fuula 2.
[116] Federal Democratic Republic Of Ethiopia Comprehensive Justice System Reform Program, Baseline Study Report, Ministry of Capacity Building Justice System Reform Program Offi ce February, 2005, fuula 11.

qabatamee kan itti adeemama turedha.[117] Kunis yaadama akkaatuma sirni diimokraasii biyyattii keessatti diriiraa adeemuun lammiileen biyyatti mirgoota heera biyyaatiin haguuggii argatanif eegumsa barbaachisaa ta'e argachuuf fedhiin jiru kan dabalaa adeemu waan ta'eef sirni haqaa biyyattis fedhii lammiilee kana keessumeessuu kan danda'u jiraachuun dirqama kan jedhu irraa ka'ee akka ta'e hubachuun ni dandaa'ama.

Bu'uuruma kanaanis qorannoo bu'uura ykn ka'umsaa (baseline study) akka geggeeffamu erga taasifamee booddee rakkoowwan sirna haqaa biyyattii keessatti argaman sekterootaan adda bahee erga kaa'amee booddee yaadni furmaataa dhihaateera.[118] Qorannoo kana keessattis raawwii yaadota furmaataa ka'amanii ykn hojiirra oolmaa sagantaa kanaaf dursee wantooni ilaalamuu qabu jedhaman keessaa tokko waa'ee hooggansa hojiirra oolmaa sagantichaa akka ta'e sirriitti ibsamee jira. Kanaaf hojiirra oolmaa sagantaa kanaaf caasaan sirriitti diriiree fi sirna to'annoo fi hordoffii sirrii qabu kan barbaachisu ta'uu isaa qoranichi ni ibsa.[119]

Jalqaba irraa akka rakkootti ogeessotni tokko karooraa fi tarsiimoo sagantaa fooyya'iinsa sirna haqaa kan mootummaa edeeraala Itiyoopiyaa ilaalchise jalqaba irratti sagantichi wantoota akka fakkeenyaa fi gaarummaatti ka'uu kan qaban kanneen akka bajata guddaa ramaduu yoo jiraate illee kun ammoo bu'aa guuddaa yeroo gabaabaa keessatti eeggachuun isaa garuu akka rakkootti ka'uu mala. Sababiin isaas waa'een sagantaa fooyya'iinsa sirna haqa adeemsa fooyya'insa yeroo yeroon argamu malee yeroo tokkotti kan xumuramu akka hin taane ni mul'isa.[120]

Fooyya'iinsi sirna haqa kilaastera bulchiinsa gaarii jalatti kan hundaa'ee jiru ta'uu isaas hubachuun ni dandaa'ama. Haa ta'u malee dhimmi fooyya'iinsa sirna haqaa dhimma kilastera bulchiinsa gaarii jalatti haammatamuu qabamoo hin qabu kan jedhu dhimma gaaffii kaasu ta'u isaas barreeffamoota irraa hubachuun ni dandaa'ama. Gama biroon ammoo yeroo yerootti caasaalee mootummaa fi gurmaa'insa mootummaa yeroo yerootti jijjiirama adeemuu kunis hojiirra oolmaa sagantaa fooyya'insa sirna haqaa fi bajata mootummaan dhimmi kanaaf remade

---

[117] Federal Democratic Republic Of Ethiopia Comprehensive Justice System Reform Program, Baseline Study Report, Ministry of Capacity Building Justice System Reform Program Offi ce February, 2005, fuula 11.

[118] Democratic Republic Of Ethiopia Comprehensive Justice System Reform Program, Baseline Study Report, Ministry of Capacity Building Justice System Reform Program Offi ce February, 2005.

[119] Federal Democratic Republic Of Ethiopia Comprehensive Justice System Reform Program, Baseline Study Report, Ministry of Capacity Building Justice System Reform Program Offi ce February, 2005, fuula 292.

[120] Elias N. Stebek (PhD, Associate Professor), Assessment of Ethiopia's Justice Sector Reform Components in GTP I and GTP II, February 2016, fuula 5.

itti faayyadamuu dhabuuf gummacha taasiseera. Kana malees yeroo yeroon gurmaa'insi waajjiraalee mootumma jijjiiramuu fi beekumsaa fi hubannoon jiru qaamolee kanneeni irraa gara isaan haaraatti akka barbaadametti kan hin darbine ta'uun isaa sirna haqaa haala barbaadameen fooyya'aa akka hin adeemne gumaacha mataa isaa qaba.[121] Bu'uura kana irraan kan ka'e bu'aalee argaman irratti hunda'uun bu'aa dabalataa argamsiisaa adeemuu irratti dhiibbaa fideera.

Sadarkaa Federaalaatti bara 2005 A.A tti sagantaan hunda galeessa ta'ee qaamolee haqaa hunda haammate akka bahu ta'eera.[122] Bu'uura sagantaa kanaanis qaamoleen haqaa hundi iddoo tokkotti riifoormii akka hojiirraa oolchan kan taasise yoo ta'u, hudhaalee sirna haqaa keessatti isaan mudatanis bakka tokkotti walitti dhufeenyaan akka furuu dandaa'aniifis karaa saaqeera. Sagantaa kanas akka hogganuuf sadarkaa Federaalaatti koreen biyyoolesssaa akka hundaa'u ta'eera. Koreen kunis miseensota isaa Mana Maree Minsteerotaa keessaa, Prezidaantii fi itti aanaa prezidaantii Mana Murtii Waliigala Federaalaa kan of keessatti qabata ta'a. koreen kunis sagantaa kana akka biyyaatti ni hooggana. Ministeerri Ijaarsa Dandeettis Walitti qabaa koree kanati.[123]Ministeera Ijaarsa Dandeetti keessattis Biiroon SFSH kan hundaa'ee, biiroon kun akka barreessaa koree kanaattis kan tajaajilu ta'a. Biiroon kun Ogeessota hojiirra oolmaa sagantaa kanaaf deggersa kennuu dandaa'an kan of jalatti qabates ture. Biiroon kunis saganticha qindeessuu fi hojiirra oolmaa isaaf kan haala mijeessudha.

Sagantaan kun koree olaanaa kanaan haa hoogganamu malee hojiirra oolmaa sagantichaa itti gaafatamummaan kan hojiirra oolchaan qaamolee haqaa sagantaa kanaan haammataman akka ta'e qorannoo kana irraa hubachuun ni dandaa'ama.[124] Qaamoleen sagantaa kana hojiirra oolchanis fookaal personii hojiirra oolmaa sagantichaa waajjira isaanii keessatti hordofan kan qabaatu ture.

---

[121] Elias N. Stebek (PhD, Associate Professor), Assessment of Ethiopia's Justice Sector Reform Components in GTP GTP II, February 2016, fuula 5 and I.

[122]Ministry of Capacity Building, Justice System Reform Program Office (2005), Comprehensive Justice System Reform Program Baseline Study Report, February 2005

[123]Ministry of Capacity Building, Justice System Reform Program Office (2005), Comprehensive Justice System Reform Program Baseline Study Report, February 2005, fuula 295.

[124]Ministry of Capacity Building, Justice System Reform Program Office (2005), Comprehensive Justice System Reform Program Baseline Study Report, February 2005 fuula 295.

Haa ta'u malee yeroo ammaa kan daawwannaa sadarkaa Federaalaatti taasifamee qaamoleen kunniin hojii irra kan hin jirre ta'uu isaa hubachuun dandaa'ameera. Koreen sadarkaa biyyaatti ni jira jedhamee ture yeroo ammaa kana hojiirra kan hin jirre yoo ta'u, biiroon koree kanaaf deggersa kennu kan Ministeera Ijaarsa dandeetti jalatti dhaabbatee tures hojii kan hojjechaa kan hin jirre ta'uu isaa hubachuun dandaa'ameera. Dabalees qaamoleen haqaa sadarkaa Federaalaatti walitti dhufanii kan ittiin hojjetan waltajjii waliin kan jedhamu mana murtii kan hoogganamutti fayyadamaa kan jiranidha malee SFSH ilaalchisee walitti dhufeenyi qaamolee haqaa waliin taasifamaa jiru yeroo ammaa kan hojiirra hin jiru.

SFSH yeroo ammaa kana sadarkaa Federaalaattii iddoo garaagaraatti qooduun kan raawwatamaa jiru ta'uu isaa daawwannoo geggeeffame irraa hubatameera. Duraan otoo sagantaan kun bakka tokkotti akka walitti qabamuu hin ta'in dura riifoormii mana murtii fi kan qaamolee haqaa biroo qaama raawwachiiftuu ta'an jedhaman hojii irra yeroo ammaa kana jiru. Kan Mana Murtii kan hoogganamu Mana Murtii Waliigala Federaalaatiin yoo ta'u kan qaamolee haqaa raawwachiiftuu ta'anii ammoo Ministeera Haqaan ykn Abbaa Alangaa Muummichaan hoogganamaa kan ture. Haa ta'u malee yeroo ammaa kan hooggansa Abbaa Alangaa Muummichaan qaamoleen haqaa hundi SFSH akka hojiirra oolchan ta'aa jira. Kun yeroo ammaa kana hojiitti seenamaa kan jirudha malee caasaan duraan ture qabatamaan lafa hin jiru.

2.2.4.2. Muuxannoo Naannoo Amaaraa

Daawwannaa Naannoo Amaaraan Mana Murtii Waliigala Naannoo Amaaraa, Biiroo Haqaa Naannoo Amaaraa fi Dhaabbata Leenjii Ogeessota Qaamolee Seeraa fi Qo'annoo Seeraa Naannoo Amaaraa daawwatamaniiru. Daawwanaa kana irraa hubachuun kan dandaa'ames yeroo ammaa kana SFSH haala barbaadameen hojiirra kan hin jirre ta'uu isaa hubatameera.[125] Dabalees Naannoo Amaaraatti sagantaan kun hojiirra tureera haa jedhamu malee W/qindeessaa jedhamu seeraan kan hundaa'e hin jiru. Hojiirra oolmaa SFSH ilaalchisee naannoo kanatti kan ittiin hojjetamaa jiru 'koomaandi poostii fooyya'iinsa sirna haqaa' kan jedhamunidha. Haa ta'u

[125] Afgaaffii Obbo Yeneeneh Simeny, Pirezidaantii M/M/Waliigala N/Amaaraa waliin af-gaaffii gaafa Gurraandhala 21/2009 geggeeffame, Obbo Isheetee Tasfaayee, I/Aanaa itti gaafatamaa Biiroo Haqaa N/Amaaraa waliin af-gaaffii gaafa Gurraandhala 21/2009 geggeeffame, Obbo Gaashawu Zawudee Daariktoora Instiitutii Leenjii Ogeessota Seeraa fi Qo'annoo Seeraa N/Amaaraa waliin af-gaaffii gaafa Gurraandhal 22/2009 geggeeffame irraa yaada fudhatamedha.

malee gurmaa'iinsi kun haguuggii seeraa argatee kan hojiirra oola jiru osoo hin taane haala qabatamaa nageenya naannoo irratti hundaa'uun kan hojjetamaa jiru ta'uu hubachuun dandaa'ameera.

Daawwannaa taasifame kana keessatti hooggantoota qaamolee daawwataman kana waliin af-gaaffii taasifame irraas sababa qaamni sagantaa kana hoogganu dhibeef sagantaan kun akka barbaadametti hojiirra ooluun bu'aa barbaadame argamsiisuu kan hin dandeenye ta'uu isaa hubachuun dandaa'ameera.[126] Kana irraan kan ka'es fooramiin qaamolee haqaa dhimmoota riifoormii waliin walqabsiisanii itti walarganii fi haala walfakkaatuun raawwii sagantichaa itti gamagamaa adeeman kan hin jirre ta'uu qabatamaan lafa jiru kan ni mul'isa.

2.2.4.3. Muuxannoo Naannoo Saba, Sablammootaa fi Uummattoota Kibbaa

Qabatamaan Naannoo Kibbaatti yeroo ammaa kana SFSH akkaataa barbaadameen hojiirra oolaa kan turre. Hojiirra oolmaa sagantichaas qaamni abbummaan fudhatee geggeessuu fi qindeessu koreen olaanaas ta'e waajjirri qindeessaa yeroo ammaa kana qabatamaan lafa irra hin jirre ta'uu hubatameera.[127] Koreen Olaanaa akka naannootti sagantaa kana geggeessu yeroo sagantaan kun akka nannichaatti akka hojiirra ooluuf taasifamutti kan ture yoo ta'u, adeemsa keessa garuu lafaa dhufuun yeroo ammaa kana hojiirra oolmaan sagantichaa bifa gurmaa'een kan dhaabbate ta'uu hubatameera. Geggeessumaa sagantichaa ilaalchisee yeroo tokko tokko bulchaan naannoo kan koree kana walitti qabu yoo ta'u, yeroo biroo ammoo biirooleen kanneen akka M/M/Waliigala naannichaa, Biiroo Haqaa Naannichaa fi kkf walitti qabaa yeroo turan tureera.[128]

---

[126] Afgaaffii Obbo Yeneeneh Simeny, Pirezidaantii M/M/Waliigala N/Amaaraa waliin af-gaaffii gaafa Gurraandhala 21/2009 geggeeffame, Obbo Isheetee Tasfaayee, I/Aanaa itti gaafatamaa Biiroo Haqaa N/Amaaraa waliin af-gaaffii gaafa Gurraandhala 21/2009 geggeeffame, Obbo Gaashawu Zawudee Daariktoora Instiitutii Leenjii Ogeessota Seeraa fi Qo'annoo Seeraa N/Amaaraa waliin af-gaaffii gaafa Gurraandhal 22/2009 geggeeffame irraa yaada fudhatamedha.

[127] Afgaaffii Obbo Mulgeetaa Agoo, Pirezidaantii M/M/Waliigala N/ Kibbaa waliin af-gaaffii gaafa 26/8/2009 geggeeffame, Aadde Tizitaa Fikaad, I/Aanaa itti gaafatamaa Biiroo Haqaa N/Kibbaa waliin af-gaaffii gaafa 26/8/2009 geggeeffame, Obbo Sofooniyaas I/Aanaa Daariktoora Instiitutii Leenjii Ogeessota Seeraa fi Qo'annoo Seeraa N/ Kibbaa waliin af-gaaffii gaafa 27/8/2009 geggeeffame irraa yaada fudhatamedha.

[128] Afgaaffii Obbo Mulgeetaa Agoo, Pirezidaantii M/M/Waliigala N/ Kibbaa waliin af-gaaffii gaafa 26/8/2009 geggeeffame, Aadde Tizitaa Fikaad, I/Aanaa itti gaafatamaa Biiroo Haqaa N/Kibbaa waliin af-gaaffii gaafa 26/8/2009 geggeeffame, Obbo Sofooniyaas I/Aanaa Daariktoora Instiitutii Leenjii Ogeessota Seeraa fi Qo'annoo Seeraa N/ Kibbaa waliin af-gaaffii gaafa 27/8/2009 geggeeffame irraa yaada fudhatamedha.

Kana irraa kan hubatamu sagantaan kun bifa gurmaa'een hojiirra oolaa kan hin turee ta'uu isaa fi to'annoo fi hordoffiin akka naannoottis ta'e sadarkaalee gadi aananii jiraniitti geggeeffamaa kan hin turre ta'uu isaati. Gama biroon yeroo ammaa kana naannoon kun hojimaata kana hambisuuf jechaa SFSH isaanii akka hoogganuuf qaama tokko dhaabuuf akkasumas koree olaaanaa SFSH kan naannoo isaanii bifa haaraan irra deebi'anii hundeessuuf qorannoo geggeessuun yada murtoo qaama raawwachiiftuuf dhihaatee jira.[129]

Bu'uura gabaasa qorannoo kanaanis sadarkaa naannootti koreen olaanaa naannoo kan hundaa'u yoo ta'u walitti qabaan korichaas sadarkaa Itti aanaa Bulchaa Naannootti Itti Gaafatamaa Kilaastera Bulchiinsa Gaarii akka ta'uu qabu ni mul'isa. Miseensotni koree kanaas Pirezidaantiin Mana Murtii Waliigala Naannoo itti aanaa walitti qabaa, Afa-Ya'ii naannoo, Biiroo Bulchiinsaa fi Nageenya Naannoo, Koomishinii Farra Malaamaltummaa Naanno, Koomishinii Poolisii Naannoo, Koomishinii Mana Sirreessaa Naannoo, Dhaabbata Leenjii Ogeessota Seeraa, Biiroo Paablik Servisii fi Misooma Humna Namaa, Waldaalee Abukaattotaa, Gorsaa Seeraa Pirezidaantii Naannoo, waldaaleen uummataa biroo miseensa ni ta'u jechuun barreeffamichi ni ibsa.[130] Sadarkaa zoonii, Aanaa fi Bulchiinsa magaalaattis hoogganSa bulchaa fi kantiibaan sagantaan kun kan hoogganamu akka ta'us ni akeeka.

Hojii koree kanaa akka qindeessuuf waajjirri qindeessaan kan hundeeffamu yoo ta'u, itti waamamni isaas Sadarkaa Itti Aanaa bulchaa Naannootti biiroo kilaaster riifoormii geggeessuuf ta'a. Sadakra zoonii, aanaa fi bulchiinsa magaalaatti waajjirri kun gadi bu'ee kan hundeeffamu yoo ta'u itti waamamni isaas bulchaa zoonii ykn aanaa fi kantibaaf akka ta'u gabaasichi ni agarsiisa.[131] Barreeffama dhihaate kanaanis Naannoon Kibbaa qaamolee haqaa hundo iddoo tokkot fiduun SFSH karoora tarsiimowaa baafachuun akka isaan hojiirra oolchaan taasisuun barbaachisaadha jedhu. Dabalees qaamni dhaabbiin hojiirra oolmaa sagantaa kanaa hordofuu fi deggersa barbaachisaa ta'e kennu jiraachuun dirqama ta'uu isaa ni ibsu. Sababa dhibuu qaama kanaa irraan kan ka'es hojiirra oolmaan sagantaa kanaa akka barbaadame ta'uu dhabuun rakkoon bulchiinsa gaarii babal'atee mul'ateef sababa tokko ta'uu dha yaada jedhus ni qabu.

---

[129]Gabaasa Qorannoo Waajjira Barreessaa SFSH fi Bulchiinsa Gaaraa N/Kibbaa Hundeessuuf dhihaate, Mana Maree Naannichaaf murtiif kan dhihaate, fulbaana 2009, Hawaasaa.

[130]Gabaasa Qorannoo Waajjira Barreessaa SFSH fi Bulchiinsa Gaaraa N/Kibbaa Hundeessuuf dhihaate, Mana Maree Naannichaaf murtiif kan dhihaate, fulbaana 2009, Hawaasaa, fuula 13.

[131]Gabaasa Qorannoo Waajjira Barreessaa SFSH fi Bulchiinsa Gaaraa N/Kibbaa Hundeessuuf dhihaate, Mana Maree Naannichaaf murtiif kan dhihaate, fulbaana 2009, Hawaasaa, fuula 13.

BOQONNAA SADII
XIINXALA DAATAA FI SEERAA

3.1. Kaayyoo fi Gahee Hojii Koree SFSH

I. Kaayyoo hundeeffama koree SFSH

Dambiin lak 82/1999 koree SFSH hundeesse kaayyoo fi galma hundeeffama koree hin ibsu; dambichi mata-duree irrattis ta'e seensa isaarratti waa'ee waajjira qindeessaa SFSH qofa kan dubbatu yoo ta'u kallattiin kwt 8 jalatti koreewwan SFSH sadarkaa afuritti kan hundeeffaman ta'uu fi aangoon isaanii qajeelfama ba'uun kan murtaa'u ta'uu akeeka.[132] Tumaaleen dambichaa baay'een hundeeffamaa fi raawwii koree SFSH gabaabinaan kan tuman waan ta'eef, maqeessi dambichaa haala kana ibsuu yoo baatellee, kaayyoon seensa dambichaa irratti ibsaman kaayyoo hundeeffama koree SFSH akka ta'etti fudhachuun ni danda'ama. Haaluma wal-fakkaatuun, qajeelfamni bu'uura dambii kanaatiin bahe kwt 3 jalatti kaayyoo tumamuu qajeelfamichaa ni ibsa; qajeelfamichi aangoo fi hojmaata qaamolee SFSH hojiirra oolchanii fi koree SFSH tumuuf kan bahe waan ta'eef kaayoon qajeelfamichaa kaayyoo hundeeffama koree wajjiin kan deemuu ta'a jechuu dha.

Bu'uura qajeelfama kanaatti, SFSH naannichaa hojiirra oolchuun olaantummaa seeraa mirkaneessuu, bulchiinsa gaarii fi guddina misooma dinagdee dhuugomsuu, qaamoleen haqaa qindoomanii akka hojjetan dandeessisuu, galma gahiinsa SFSH madaalaa deemuuf haala dandeessisan mijeessuu, qaamoleen SFSH hojiirra oolchaan saganticha qixa barbaadameen hojiirra akka oolchan hogganuu, fi qaamolee raawwii sagantichaa ilaalchisee daandii gadi lakkisan sirreessuu dha. Itti dabalees, raawwii SFSH madaaluun kallattiiwwanii fi tooftaalee haaraa hojiirra oolmaa isaa cimsan akeekuun gahee hojii koree akka ta'e qajeelfamichi ni tuma.[133]

Gaheewwan hojii koree jechoota duuchaatiin armaan olitti ibsaman hojiiwwan xixiqqoo hedduu of-keessatti hammatu. Fakkeenyaaf, gaaleen 'SFSH naannichaa hojiirra oolchuu' jedhu hojiiwwan si'oomina, qulqullinaa, dhaqqabummaa fi bu'a-qabeessummaa kenniinsa tajaajila

[132]Dambii waajjira qindeessaa sagantaa fooyya'iinsa srina haqaa mootummaa naannoo oromiyaa hundeessuuf bahe, lak 82/1999, kwt 9

[133]Qajeelfama Raawwii Hojii Sagantaa Fooyya'iinsa Sirna Haqa Mootummaa Naannoo Oromiyaa fi Aangoo fi Homaata Qaamolee Oggansaa Murteessuuf Bahe 1/2001, kwt 6(4)

haqaa dabaluu danda'an hunda hammata. Gaaleen 'qaamolee haqaa hojmaatni isaanii hanqina qabu sirreessuu' jedhu koreen hojmaata waajjira SFSH hojiirra oolchurrattii gufuu isaan quunname, hanqina humna namaa fi baajataa, hanqina naamusa hojjetootaa fi hoggansaa akka ilaaluuf kallatti waliigalaa haguuggii fooyya'iinsa sirna haqaa jalatti kaa'uuf isaan dandeessisa. Kanaaf, daangaan aangoo hojii koree bal'aadha jechuun ni danda'ama.

Hata'u malee, koreewwan sadarkaa sadarkaan jiran hojiilee guyyaa guyyaa manneen hojii keessa otoo hin seenin daangaa aangoo isaanii qofa keessatti hojjechuu qabu.[134] Daangaan aangoo hojii isaanii kun ammoo dhimma hojiirra oolmaa fi fooyya'iinsa SFSH wajjiin kan wal-qabatuu fi raawwiin SFSH qaamolee haqaa toora sirriirra qajeelchaa adeemuu fi sirreeffamni barbaachisu yoo jiraate irratti mari'achuu yoo ta'u hojii idilee guyyaa guyyaan manni hojii tokko hojjetu keessa galuuf aangoo hin qabu. Hima biraan kaa'uuf, koreen dhimma hojii idilee mana hojii tokkoo akka ajandaatti kaasee irratti mari'achuus ta'e kallattii kanaan ykn sanaan haa hojjetamu jechuuf aangoo hin qabu jechuu dha. Haaluma kanaan, bilisummaa hojii mana hojii tokko akkasumas bilisummaa ogummaa ogeessaa haala seeraan beekamtii argatee jiruuu ala keessa galuu fi bifa miidhuu danda'uun koreen irratti yoo hojjetu daangaa aangoo hojii keessaa ala baheera jechuu dha. Fakkeenyaaf, manni murtii dhimma dhiyaateef tokko haala kanaan murteesuu qaba, dhimma kana abbaan seeraa kun ykn sun hojjechuu qaba jechuun gahee hojii hogganaa mana murtii ykn abbaa seeraa ofitti fudhachuu hin qabu/hin danda'u.

Kaayyoon hojii koreen hojjetamu akkasitti hubachuun haa dandaa'amu malee bu'uura dambii lakk. 82/1999 tiin kaayyoon sagantichaa inni bu'uura qaamolee haqaa naannichaa jijjiirama hundee qabeessa ta'e fiduu, qaamoleen haqaa kutannoon olaantummaa seraa kabajuu fi kabachiisuu akka dandaa'an taasisuu fi tajaajilli isaan kennan kallattii iftoominaan, si'oominaan erga SFSH kun hojiirra oolee yeroo gabaabaa keessatti bu'aa qabatamaa ta'e akka fidu kan barbaadamu ta'uun ni hubatama.[135]

Yaada kana irraa kan hubatamuu sagantaan kun yeroo gabaabaa keessatti akka bua'aa fidu kan kaayyeefame ta'uu isaati. Kana galmaan gahuu akka gargaaruufis Waajjirri Qindeessaa hundeeffamera. Haa ta'u malee hojiin fooyya'insa sirna haqaa hojii yeroo tokko qofa

---

[134] Qajeelfama kwt 3(4)

[135] Seensa Dambii Waajjira Qindeessaa Sagantaa Fooyya'iinsa Sirna Haqaa Mootummaa Naannoo Oromiyaa hundeessuuf bahe, Dambii lakk. 82/1999

hojjetamee yeroo gabaabaa keessattis bu'aan barbaadame argamu osoo hin taane walitti fufiinsaan hojjetamaa kan deemu ta'uu isaa yaadni seensa dambichaa keessatti ibsame sirriitti hin kaa'u. Bu'aan fooyya'iinsa sirna haqaa kan hundaa'u hojii qaamolee haqaa keessatti hojjetamu qofa irratti osoo hin taane sirna siyaasaa biyya tokko keessa jiru, bajata fi xiyyeeffannoo sagantichaaf kennamu fi qindoomina qaamoleen sagantaa kana hojiirra oolchan qaban kan bu'uureffate dha.

II. Raawwii Hojii Koree sfsh

Koreen sfsh waggoota kurnan darban keessa sfsh hojiirra oolchuu keessatti raawwiin isaa maal akka fakkatu ilaalchisee daataan mala lamaan walitti qabaman ni agarsiisu. Daataan mala bar-gaaffiitiin walitti qabame raawwii hojii koree haala armaan gadiin ibsa.

Raawwii Hojii Koree SFSH

Sadarkaa raawwii hojii	Qabxii madaallii	Dhibbantaa
Olaanaa	3	3.22%
Giddu-galeessa	49	52.68%
Gadaanaa	41	44.08%

Gabateen armaan olii akka agarsiisutti sagantaa fooyya'iinsa sirna haqaa hojiirra oolchuun qulqullinaa fi saffina kenniinsa tajaajila haqaa mirkaneessuu ilaalchisee raawwiin koree gahaa akka hin taane ni akeeka. Namootni 49 ykn 52.68% ta'an raawwiin hojii koree sagantaa barbaadamurra kan hin geenyee fi hanqina kan qabu ta'uu akeekaniiru. Gama biraan, namootni 41 ykn dhibbantaa 44.08% ta'an raawwiin hojii koree hanqina guddaa kan qabuu fi gumaacha irraa eegamu gita barbaadamuun kan hin gumaachine ta'uu fi raawwii hojii isaatii kana ilaalchisee xiyyeeffannoon itti kennamu akka qabu akeekaniiru jechuun ni danda'ama. Walumaagala haala raawwii hojii koree ilaalchisee namoota bar-gaaffii guutan keessaa 96.76% ta'an raawwiin hojii koree hanqina akka qabu ibsaniiru. Hanqinaaleen gama kanaan jira jedhanis hanqina hubannoo fi sagantaa faayya'iinsa sirna haqaa guutummaatti hojiirra akka oolu taasisuu dhabuu fi jijjiirama gama kanaan kenniinsa tajaajila haqaa irraa barbaadamu argamsiisuu dhabuu bifa jedhuun tarreessaniiru. (Hanqinaalee raawwii keessatti mul'atan armaan gaditti mata-duree adda addaa jalatti bal'inaan kan ilaallu ta'a.)

Namoota 93 gaaffii kana deebisan keessaa (namootni lama gaaffii kana hin deebifne) namoota 3 jechuunis dhibbantaan 3.22% qofatu koreen gahee hojii isaatii haala gahumsa qabuun raawwachuun bu'aalee barbaadaman argamsiiseera yaada jedhu dabarsaniiru. Bu'uura qabxii kanaatiin barbaadamu gahaa ta'uu haa baatullee malee koree waggoota kurnan darban keessatti hojiilee sagantaa faayya'iinsa sirna haqaa lafa qabsiisuu keessatti gumaacha qaban hedduu hojjechaa tureera; hojjechaas jira. Haaluma kanaan bu'aalee hedduu argamsiiseera jechuun ni danda'ama. Bu'aalee koreen argamsiise keessaa muraa (akka fakkeenyaatti) armaan gaditti haa ilaallu:

- Baajataa fi meeshaalee barbaachisan ramaduun dhaddachi naanna'aa hundeeffamee kenniinsa tajaajila haqaa dhaqqabamaa fi si'aawaa akka ta'u taasisuu,
- Baajataa barbaachisu ramaduun manneen hojii waajjiraalee fi bakka kenniinsi tajaajila haqaa itti kennan akka mijeeffatan dandeessisuu. Fakkeenyaaf, hogganaan waajjira tokko haala qabatama mana hojii isaanii akka ibsanitti koreen godina isaanii dhiphina manni hojii isaanii qabu qaamaan dhiyaachuun erga ilaalanii booda waajjirri biraa akka ijaaramu furmaatni fulla'aan akka fudhatamu taasisaniiru.[136]
- Turban kora haqaa akka hundaa'u taasisuun uummatni hojii kenniinsa tajaajila haqaarratti yaada isaa akka gumaachuu fi hanqinaaleen jiran akka haqaman taasisuu keessatti gumaacha isaan irraa eegamu akka gumaatan taasisuu,
- Komii namootni dhuunfaa qaamolee haqaa irratti kaasan qaamolee mootummaa biratti hubannoo gahaan akka uumamuu fi kallattii fuul-duraa waliin akka akeekan taasisuu keessatti gahee guddaa taphateera. Hoggannaan waajjira tokko dhimma kana yoo ibsan akkas jedhu, osoo koreen aanaa keenyaa hin jabaatiin dura abbaan dhimmaa rakkoo qabu bulchaatti deemee dubbata, bulchaan ammoo komii sana koreerratti kaasuun dhimmicha mari'achaa yeroo keenya gubna. Amma garuu hanqinni jiru gama mana hojii fi koreen dura akka furamuu fi bulchaan boodarra qofa akka ilaalu kallattii qabsiifnee jirra, haaluma rakkoon gama kanaan ture furmaata argateera jechuun ni danda'ama.[137]

---

[136] Komaadar Daani'eel Immiruu, hoogganaa mana sirreessaa godina wallaggaa lixaa, 15-6-2009 (akkas jechuun ibsu, koreen godina keenyaa mana sirreessaa keenyaa bu'aa guddaa buuseera jechuu ni dandeenya, fknf sirreeffamaan 400 humna keenyaa ol nutti fe'amee waan jiruuf manni sirreessaan biroo akka banamuu fi rakkoo keenya akka hubatu koreetti dhiyeessinee koreenis dhufee ilaaluun Najjootti manni sirreessaan akka banamu ta'ee ijaarsi manichaa 65% ol irra gaheera, haala kanaan rakkoon gama kanaan qabnu furmaa jira

[137] Komaadar Urgaa Gizawu, hogganaa waajjira poolisii aanaa xiyoo, 29-5-2009

- Jiraachuun koree mana murtiif bu'aa hedduu buuseera: bilisummaa mana murtii fi waajjirra haqaa, itti gaafatamummaa isaa, baajata fi deeggarsa adda barbaachisu argachuu, fi komii mana murtii irratti ka'u haala ifaa fi salphaa ta'een deebii itti kennuuf koreen baay'ee gargaareera.[138]

III. Hubannoo Haala Raawwii Hojii Koree SFSH irratti Jiruu

Hubannoon haala raawwii hojii koree sfsh irratti gama miseensotaa koreetiin jiru ciminaa fi laafna koree dhimmoota agarsiisan keessaa tokko waan ta'eef qabatamatti raawwiin jiru maal akka fakkaatu adda baasuuf daataan mala bar-gaaffiitiin walitti qabamee gabatee armaan gadiin ibsameera.

Hubannoo haala raawwii hojii koree irratti jiru

Sadarkaa hubannoo	**Qabxii madaallii**	**Dhibbantaa**
Olaanaa	7	7.36%
Giddu-galeessa	52	54.73%
Gadaanaa	36	37.89%

Gabateen armaan olii akka agarsiisutti miseensotni koree haala raawwii hojii koree irratti hubannoo barbaachisu hunda gonfatanii hojicha hojjechaa jiru jecheen namootni amantaa guutuu qaban dhibbantaa 7.36% qofa. Gama biraatiin namootni hubannoon dhimma raawwii hojii koree irratti jiru gadaanaa fi sadarkaa barbaadamuu gadi jedhan dhibbantaa 36.89% dha. Hima biraan, hubannoon gama kanaan jiru laafina kan qabu qofa osoo hin taane gahee hojii korichaa raawwachuuf hubannoo miseensotni qaban hanqina akka qabu daataan kun akeeka jechuun ni danda'ama. Namootni daataa kana kennan baay'inni isaanii miseensota koree waan ta'aniif hanqini hubannoo jiru qabatamaa fi dhimma xiyyeeffannoo barbaadu ta'uu daataan kun qabatamatti agarsiisa.

Bu'uura dambii 82/1999 fi qajeelfama 1/2001 tiin aangoon koree Olaanaa SFSH Oromiyaa tarraa'ee jira. Tumaa qajeelfama kana kwt 6(1) tiin Koreen Olaanaa SFSH Oromiyaa SFSH naannichaa ilaalchisee karoora yeroo dheeraa, gababaa fi jiddu galeessaa baasuu, ykn akka bahu

[138]Abbabaa Baayisaa, perezidaantii mana murtii aanaa magaalaa bishooftuu, gaafa 1-7-2009

taasisuu fi hojiirra oolchuu ykn akka oolu taasisuuf aangoo akka qabu ni agarsiisa. Koreen Olaanaa kun dhimma sagantaa fooyya'iinsa sirna haqaa keessatti qaama gahee guddaa taphachuu danda'uu dha. Ciminnii ykn laafinni koree kanaa bu'a qabeessummaa sagantaa kanaa irraatti akkasumas qaamolee sganticha raawwachiisan irratti dhiibbaa guddaa fiduu danda'a jechuudha.

Qajeelfamni kun kwt 6(2) jalatti hojiirra oolmaa sagantichaa ilaalchisee koreen kun to'annoo fi hordoffii geggeessuu akka qabu ni aangessa. To'annoo fi hordoffiin kun toora hojiirra oolmaa sagantaalee xixiqqoo sekteroota keessa jiru irratti kan xiyyeeffate ta'uu akka qabu qajeelfamichi ni akeeka. Raawwiin gama kanaan gaggeeffamaa jiru qabatamaan akka agarsiisutti garuu to'annoo fi hordoffiin gama kanaan geggeeffamaa jiru raawwii sagantaalee kanneen bu'uura godhachuun raawwatamaa jiruu miti.[139] Kana malees hojiirra oolmaan sagantichaa bu'uura KGT 2ffaa waliin walsimeen karoora tarsiimawaa tarraa'ee jiru bu'uureffachuun kan hojjetamaa hin jirree fi gabaasamaa kan hin jirre ta'uu isaa ni hubatama. Dabalees karooraa bahaa jiruu fi gabaasni gabaafamaa jirus bu'uura kanaan ta'uu dhabuun isaa laafinsa to'annoo fi hordoffii raawwii sagantaa kana irra jiru kan agarsiisu akka ta'etti kan fudhatamuu dha.

Koreen Olaanaa aangoo qabu keessaa tokko muuxannoolee gaggaarii biyya keessaas ta'e alaa akka babal'atan taasisuu yoo ta'a kana ilaachisee hojiin hojjetamaa hin jiru. Darbees walitti dhufeenyi koreewwan naannoo irraa kaasee hanga sadarkaa aanaa fi bulchiinsa magaalaatti jiran jidduu jiru kan gabaasa waliif dhiheessuu qofarratti rarra'aa jiru kun deeggarsa leenjii fi hubannoo cimsuu koreewwan gadi jiraniif kennuu kan qabu ta'uu qaba ture. Gabaasnii fi gamaggamni kanarratti kennamullee baay'ee laafaa kan ta'ee fi hordofiin gama kanaan taaasifamu ciminaan kan itti hin deemamne ta'uu daataan ni agarsiisa.

Miseensotni koree haala raawwii hojii koree irratti hubannoo barbaachisaa ta'e qabaachuun galma ga'iinsa kaayoo isaatiif gumaacha barbaachisu gumaatuu irratti maal akka fakkaatan

[139] Waajjira Qindeessa SFSH, Duub Deebii Gabaasa Raawwii Hojii SFSH Godinaalee fi Magaalotaa kan bara 2008. (qabataamaan akka rakkootti kan fudhataman keessaa qaamoleen sagantaalee xixiqqaa jedhamuun SFSH Oromiyaa keessatti tarraa'anii jiran raawwii isaanii bu'uura sagantaalee kanaan kan ergaa hin hirre yoo ta'u, kanneen kaan ammoo tasuma gabaasa raawwii sagantaalee kanneenii yeroo isaa eeguun ergaa kan hin jirre ta'uu isaa irraa kan ka'e.)

ilaalchisee ogeessotni af-gaaffii deebisan hundi hanqinni hubannoo akka jiru ibsu.[140] Hanqinni kun ammoo iftoomina gahaa dhabuu dambii fi qajeelfama koree irraa kan eegalu yoo ta'u bal'inaan garuu hanguma barreeffamee jirutti seericha hubachuu dhabuu fi seericha hojiitti hiikuu dhabuu ilaalchisee kan mul'atuu dha.[141]

Gama kanaan, hanqinni hubannoo fi kutannoo jiru kana agarsiistuwwan ibsan hedduu dha. Isaanis, miseensotni koree hoggantoota waajjiraalee garagaraati. Qaamolee haqaa fi qaamolee haqaa ala kan walitti dhufanii dha. Hoggantootni waajjiraalee kanneen irraa dhufuun miseensa koree ta'an dhimma SFSH koreen hojiirra oolchuuf hundeeffame irratti hubannoo wal-qixa qabaatanii gara hojii koreetti seenurratti hanqinni akka jiru tilmaamuun ni danda'ama. Miseensota buleeyyii fi miseensota haraatiif haala hoj-maataa koree irratti leenjiin hubannoo uumuu/cimsuu ilaalchisee haalli koreen miseensota isaatiif kennu hin baratamne.[142] Akka naannottis yoo ta'e leenjiin miseensotaaf kenname waggaa kudhan keessatti yeroo yeroon osoo hin taane yeroo muraasa qofadha. Miseensota leenjii sana argatanii hanga yeroo ammaatti miseensa koree ta'uun itti fufan lakkoofsaan hangana jedhanii ibsuun rakkisaa yoo ta'es baay'ee akka ta'an ni hubatama. Hoggantootni (miseensa koree ta'an) yeroo baay'ee waan jijjiiramaniif (bakkaa waan ka'aniif) namoota hubannoo hojii koree irratti hin qabneen bakka bu'uu; osoo hojmataa isaa sirratti hin hubatanii murtoo adda addaa dabarsuu keessatti hirmaatu jechuu dha.

Miseensotni koree hoggantoota waan ta'aniif hoji-gaggeessitoota waajjiraati: namoota hojiin itti baayyatuu dha. Hoji-gaggeessummaan yeroo dheeraa fi xiyyeeffannoo guddaa kan gaafatu waan ta'eef hojii isaanii kanatti duufuun haala hojmaataa koree fi raawwii hojii isaatiif yeroo fi xiyyeeffannoon kennan laafaa waan ta'eef hubannoo isaan koree irratti qaban gahaa akka hin taane dhimmoota taasisan keessaa isa tokkoo dha.[143] Itti dabalees, miseensotni baay'een hojii koree akka hojii idilee isaanii keessaa akka isa tokkootti fudhachaa hin jiran: akka hojii

---

[140]Obbo Huseen Usmaan, Pirezidaantii Ittaanaa Mana Murtii Waliigala Oromiyaa, (02-7-2009); Obbo Zaakir Muktaar, Bulchaan Aanaa Ciroo, (15-6-2009); Obbo Dhugumaa Nadhaa, Pirezidaantii M/M Godina A/O/ N/F , (9-7-2009); Obbo Masfiin Asaffaa, Bulchaa Godina Harargee lixaa, (15-6-2009); Obbo Zaakir Muktaar, Bulchaan Aanaa Ciroo, (15-6-2009). Obbo Kumasaa Araarsaa pirezidaantii M/M Godina Shawwaa Lixa, (26-6-2009)

[141] Obbo Dhugumaa Nadhaa, Pirezidaantii M/M Godina Addaa Naannawaa Finfinnee, (9-7-2009)

[142] Obbo Hambisa Tolasaa, ogeessa seeraa SFSHa, godina wallagga lixaa.

[143]Obbo Efireem Haayiluu, Pirezidaantii Mana Murtii Olaanaa Godina Harargee Bahaa, afgaaffii gaafa 14/6/2009 irraa kan fudhatame; Obbo Dassaaleny Galataa, Prezidaantti Mana Murtii Aanaa Aqaaqii, afgaaffii gaafa 10/7/2009 geggeefame irraa yaada fudhatame; Obbo Abbabaa Shawwaamoltoo, Itti Gaafatamaa Waajjira Bulchiinsaa fi Nageenyaa B/Magaalaa Buraayyuu, afgaaffii gaafa 13/7/2009 geggeeffame irraa kan fudhatame.

lammataa ykn dabalataatti fudhachuutu jira.[144] Keessumattuu, miseensotni qaama raawwachiiftuu ta'anii fi qaamolee haqaa ala jiran yeroo baay'ee sodaa bulchaaf jecha koree irratti kan hirmaatanii fi gumaacha koreen isaan irraa barbaadu haala gahaa ta'een bahaa ta'een bahuu irratti hanqina qabu.[145] Fedhii dhabuun miseesnota kanneenii hanqina hubannoo kaayyoo hundeeffama koree irraa kan madduu fi xiyyeeffannoo hojichaaf kennuu dhabuu isaanii kan agarsiisuu dha.[146] Kana irraan kan ka'e yeroo tokko tokko walitti qabaan koree itti aanaa hoogganaa biiroo isaa otoo itti aanaan walitti qabaa koree jiruu akka walitti qabu yeroo aangessu ni jira. Kun ammoo hubannoo adeemsa qajeelfamichaa fi dambicha irratti kaa'amee jiru irratti qaban laafaa ta'uu isaa fi hojii kanaaf xiyyeeffannoon barbaachisu kan akkamii akka ta'e hubachuu dhabuu irraan kan ta'e ta'uu isaa mul'isa.

Dhimmi kana ilaalchisee hojmaata sadarkaa naannootti jiru yoo ilaalle qaboon yaa'ii Koree Olaanaa Oromiyaa akka agarsiisutti miseensotni koree irra caalaan isaan kallattiin kan hin hirmaannee fi bakka bu'aan hirmaatan ta'uu isaati.[147] Dhimmi bakka bu'ummaan hirmaachuu ilaalchisee kan ilaalamuun irra jiraatu sagantaan kun akka sagantaa qofaatti osoo hin taane akka hojii idilee qaamolee kanneeniitti kan fudhatamu waan ta'eef bakka bu'aan yeroo mara kan hirmaatamu yoo ta'e xiyyeeffannoo kennamu gadi aanaa taasisuu danda'a. Dabalees bakka bu'uumsa ilaalchisee qajeelfamicha kwt 9(6) fi 9 (7) jalatti kan argamu gaaffii kaasuun isaa akkuma jirutti ta'ee, yeroo ammaa kana hojiirra kan jirre ta'uu isaa ni mul'ata. Sababiin isaas sababootni akka 'sababa hojiin hin argamene' jedhu hangam fudhatamaadha ykn inni kan koree kanaa hojii miti yaada jedhu illee kan kaasu ta'uu waan ta'eef ilaalamuu qaba.[148] Tumaa qajeelfamichaa irraa kan hubatamu sababa gaahan ala korichaa irraa hafuun kan dandaa'amu ta'uu isaa ni ibsa. Haa ta'u malee sababa gahaa jechuun maal jechuudha kan jedhu ilaalchisee ifaa miti. Dabalees namni sababa gaahan maree koree kana irraa hafu dursee beeksisuu kan

---

[144] Obbo Abbabaa Shawwaamoltoo, Itti Gaafatamaa Waajjira Bulchiinsaa fi Nageenyaa B/Magaalaa Buraayyuu, afgaaffii gaafa 13/7/2009 geggeeffame irraa kan fudhatame.

[145] Obbo Arshii Najjash, Ogeessa SFSH Godina Harargee Lixaa, afgaaffii gaafa 14/6/2009 geggeeffame irraa kan fudhatame.

[146] Obbo Arshii Najjash, Ogeessa SFSH Godina Harargee Lixaa, afgaaffii gaafa 14/6/2009 geggeeffame irraa kan fudhatame.

[147] Qaboo Yaa'ii Walgahii Koree Qindeessituu Olaanaa Sagantaa Fooyya'iinsa Sirna Haqaa Mootummaa Naannoo Oromiyaa, Walgahii Idilee 29ffaa, ebla 9/2007, Walgahii Ariifachiisaa 5ffaa, bitootessa 25/2007, Walgahii Idilee 5ffaa, amajji 27/2008 geeffame yoo ilaalle yaada kana argachuu dandeenya.

[148] Qaboo Yaa'ii Walgahii Koree Qindeessituu Olaanaa Sagantaa Fooyya'iinsa Sirna Haqaa Mootummaa Naannoo Oromiyaa, Walgahii Idilee 29ffaa, ebla 9/2007, Walgahii Ariifachiisaa 5ffaa, bitootessa 25/2007, Walgahii Idilee 5ffaa, amajji 27/2008 geeffame yoo ilaalle yaada kana argachuu dandeenya.

qabu ta'uu isaa ni ibsa, eenyuutti akka ibsamu garuu haala ifa ta'een kan kaa'e miti. Kana irraa kan aka'e qaamni sababni dhihaate gahaadha ykn miti jedhu kun ifatti beekamaadha jecuun hin dandaa'amu. Kanaaf bakka bu'aan maree koree irratti akka hirmaatuuf dursee sababni dhihaate gaaha ta'uun isaa madaalamuu akka qabu kaayyoo tumaa kanaati jechuudha.

IV. Daangaa aangoo keessatti hojjechuu koree SFSH

Hubannoo miseensotni qaban adda baasuu keessatti dhimmoota gargaaran keessaa tokko koreen daangaa aangoo isaatii keessatti hojjechuu fi bilisummaa hojii manneen hojii kabajuu fi kabachiisuu ilaalchisee raawwii jiruu dha. Haaluma kanaan qabatamaatti koreen sfsh daagaa aangoo isaatii keessatti hojjechuu ilaalchisee maal akka fakkaatu adda baasuuf daataan mala bar-gaaffii fi af-gaaffiitiin walitti qabameera. Daataa bar-gaaffiin walitti qabame gabateen armaan gadiin dhiyaateera.

Gabatee daangaa aangoo keessatti hojjechuu koree agarsiisu

Sadarkaa raawwii	**Qabxii madaallii**	**Dhibbantaa**
Olaanaa	53	55.78%
Giddu-galeessa	36	37.89%
Gadaanaa	6	6.31%

Gabateen armaan olii akka garsiisutti koreen daangaa aangoo isaatii beekuu fi keessatti hojjechuu ilaalchisee raawwiin isaa fooyya'aa ta'uu kan agarsiisu yoo ta'ellee hanqinnis akka jiru ni akeeka. Namoonti 55.78% ta'an koreen daangaa aangoo isaatii keessatti kan hojjetu ta'uu fi bilisummaa manneen hojii kabajuu irratti raawwiin isaa olaanaa akka ta'e ibsaniiru. Namoota 95 keessaa namootni 36 ammoo koreen gama kanaan hanqina tokko tokko kan qabu yoo ta'ellee daagaa aangoo isaatii beekee keessatti hojjechuu irratti hanqina bal'aa kan hin qabne ta'uu ibsu. Gama biraatiin, koreen daangaa aangoo hojii isaatii adda baasee beekuu fi keessatti hojjechuurratti hanqina bal'aa akka qabuu fi dhimmi kun dhimma xiyyeffannoon ilaalamuu qabu akka ta'e kan ibsan ammoo namoota bar-gaafficha guutan keessaa 6.31% qofa dha.

Walumaagala daataa mala bar-gaaffiitiin walitti qabame keessaa dhibbantaa 44.2% kan ta'an koreen gama daangaa aangoo koree beekuu fi keessatti hojjechuu ilaalchisee hanqinaalee tokko tokko kan qabu ta'uu ibsu. Bifuma walfakkaatuun daataan mala af-gaaffiitiin walitti qabamanis hanqinaalee kanneen raawwii keessatti akka calaqqisiisu ni ibsu. Haaluma kanaan, armaan gaditti hanqinaalee mul'atan dhimmoota akka agarsiistuutti gargaaran fayyadamuun dhiyeessuu yaala.

Koreen sadarkaa zoonii, bulchiinsa magaalaa fi aanaatti gahee aangoo isaanii irra darbuun waa'ee hojii idilee waajjirraalee kanneen akka mana murtii, waajjira haqaa fi poolisii irratti xiyyeeffachuun yeroo isaan ajandaa qabatan ni mul'ata. Akka ajandaatti dhimmoonni dhihaatan yeroo tokko tokko dhimmoota waliigalaa bu'uura qajeelfamaa fi dambichaan SFSH Oromiyaa tarkaanfachiisuu dandaa'an osoo hin taane dhimmoota xixiqqoo kanneen akka komee wal'irratti dhihaatan dhageeffachuu, dhimmoota adeemsa isaanii xumurachuun murtii hin arganne, kallattiin abbootii seeraa ykn abbaa alangaa ykn poolisii dhuunfaa irratti kan xiyyeeffate yeroo ta'u ni jira.[149]

Miseensotni dhimmoota ajandaa taasisuun irratti mari'atan yeroo baay'ee dhimma komii qaamolee haqaa sadan (Mana Murtii, Biiroo Haqaa fi Komishinii Poolisii) irratti kan xiyyeeffatu ta'uu fi dhimma SFSH lafa qabsiisuu fi hojmaata qaamolee haqaa ceesisuurratti mari'achuu ilaalchisee hanqina akka qabu namootni af-gaaffii deebisan ni ibsu.[150] Yeroo baay'ee koreen kan taa'u hanqinni naamusa ogeessota Mana Murtii, Biiroo Haqaa fi Poolisii mudate ykn ni mudata jedhamee tilmaame ykn komee qaamolee kana irratti dhihaatu ilaalchisee yoo ta'u hojmaata qaamolee haqaa sadan kanneenii sirreessuu irratti laafinni jiru bal'aa dha.[151] Hanqinaalee kanneen qofa irratti xiyyeeffachuun koree hanqinaalee waajjiraalee mootummaa SFSH hojiirra oolchan keessatti mul'atan akka dagataman hanqinaalee taaasisaa jiran keessaa

[149] Obbo Zaakir Muktaar, Bulchaan Aanaa Ciroo, (15-6-2009), Obbo Misgaanuu Adimaasuu, Ogeessa SFSH Godina Addaa Naannawaa Finfinnee (10-7-2009), Obbo Dhugumaa Nadhaa, Pirezidaantii M/M Godina Addaa Naannawaa Finfinnee (9-7-2009), Obbo Taaddasaa Habtaamuu, Itti Gaafatamaa W/Haqaa Aanaa Aqaaqii (13-6-2006), Obbo Efireem Haayiluu Prezidaantii Mana Murtii Olaanaa Godina Harargee Lixaa (14-6-2009), Obbo Dassaaleny Galataa, Prezisaantii Mana Murtii Aanaa Aqaaqii (10-7-2009), Obbo Tacaan Malkaa, A/Adeemsa Qorannoo M/M Waliigala Oromiyaa (26-6-2007), Komiishnar Ittafaa Tolaa Komishinara Poolisii Oromiyaa (26-6-2009), Komishinar Tsahaay Nagaash, Komishinara Mana Sirreessaa Oromiyaa (26-6-2009)

[150] Miil-jalee olii

[151] Abbabaa Baayisaa, perezidaantii mana murtii aanaa magaalaa Bishooftuu, (1-7-2009); Obbo Asaffaa Taakkalee, Itti Gaafatamaa Waajjira Haqaa Aanaa Buraayyuu, (12-7-2009);

isa tokko akka ta'etti fudhatama. [152] Gam-tokkotti luucca'uun kun gahee qaamoleen biroo hojiirra oolmaa SFSH irratti taphachuu qaban akka hin baane akkasumas qindoominni miseensota koree gidduu jiru akka laafu taasisuu danda'a.[153] Gabaabaatti, dhimmoota caqasamanii fi qaamolee haqaa sadan kana irratti qofa xiyyeeffachuun koree daangaa raawwatiinsa SFSH fi gahee hojii korichaa sirriitti adda baasuu dhabuurraa kan madduu dha.[154]

Haala hanqinaalee naamusaa qaamolee haqaa keessatti raawwataman koreen sirreessu ilaalchisee hanqinni raawwii hubannoo irraa maddu akka jiru miseensotni koree ni ibsu. Fakkeenyaaf, abbaa seeraa rakkoo naamusaa qabu tokko akkamittiin akka sirreessanii fi tarkaanfii fudhatan irratti yaadni koreen dhiyaatu tokko tokko faallaa itti gafatamummaa abbaaseerummaa mirkaneessaniti jechuun ni danda'ama. Fakkeenyaaf, abbaan seeraa tokko galmeerratti hanqina tokko uumeera jedhanii yoo yaadan perezidaantiin battalatti galmee akka harkaa fuudhu ykn hojiirraa akka gaggeessu yaada dhiyeessuuf dhiibbaa uumuu haalli itti barbaadan jira.[155] Iddoo tokko tokkottis abbootii seeraa dhaddacha irraa akka ka'aniif dhiibbaa taasisuu, darbees hojiirraa akka geggeeffamaniif murtoo darbarsuun illee ni jira.[156]

Dambii fi qajeelfamni hundeeffama fi raawwii hojii koree akka ibsutti miseensotni koree hooggantoota waajjiraa akka ta'an haala ifa ta'een tumee kan jiru yoo ta'u qabatamatti hoggantootni namoota bakka buusanii koreerratti akka hirmaatan taasisu.[157] Miseensotni ittaanaa hogganootaa isaanii koree irratti akka hirmaatu aangessuutti dabalanii walitti qabdootni koree ittaanaa isaanii koricha akka walitti qaban osoo aangessuu yaalanii ni mul'atu. Yaada kana akka fakkeenyaatti ibsuuf, Yeroo tokko hogganaan godina tokkoo ittaanaan hogganaa isaa koree akka walitti qabu kan aangessu yoo ta'u ogeessi SFSH godinichaa ittaanaan bulchaa koree walitti qabuu akka hin dandeenye yoo ibsu ittaanaan kaabineeyyuu walitti qaba waan ta'eef koree yoo walitti qabe rakkina hin qabu jechuun deebiin akka kennameef ogeessi sun ni

---

[152]Obbo Huseen Usmaan, Pirezidaantii ittaanaa Mana Murtii Waliigala Oromiyaa, (2-7-2009)
[153]Obbo Asaffaa Taakkalee, Itti Gaafatamaa Waajjira Haqaa A/Buraayyuu, (12-7-2009)
[154] Ibsa qajeelfamaarraa itti kenni
[155]Obbo Joonii Bantii, Perezidaantii Mana Murtii Aanaa Gimbii, (15-6-2009)
[156]Fakkenyaaf, Aanaa Gubbaa Qorichaatti koreen kun abbaa seeraa hojiirraa geggeesuuf yeroo yaalan ni jira kun gahee koree kanaa fi daangaa aangoo koree kanaa hubachuu dhabuu irraa kan dhufe ta'uu isaa hubachuun ni dandaa'ama. Obbo Efireem Haayiluu Prezidaantii Mana Murtii Olaanaa Godina Harargee Lixaa, (14-6-2009)
[157]Adde Loomii Kafanii, ogeessaa seeraa SFSH godina Arsii, (15-5-2009);

ibsu.[158] Kun kaayyoo koree kanaa fi aangoo itti aanaa walitti qabaa koree jedhamee qajeelfamaa fi dambicha irratti kan aangessamee jiru hambisuudha.

Walumaagala daangaa aangoo koree keessatti hojjechuu dhabuu ilaalchisee akeektuu fi hanqinaalee jiran gabaabinaan akka armaan gadiitti ibsamaniiru:

- Dhimmoota manneen hojiin murtii argatan akka qaama ol'iyyannoo dhagahuutti ofitti fudhanii keessummeessu.[159] Dhimmootni haala kanaan ilaalaman gariin isaanii dhimmoota gara fuulduraatti ol'iyyannootti dhiyaachuu danda'an yoo ta'an gariin isaanii ammoo kanneen carraan ol'iyyannoon ilaalamuu isaanii xumuramee dha. Dhimmoota murtii argatan kanneen koreen ofitti fuudhee ilaaluu akka danda'u miseensotni koree dhimma aangoo hojii isaanii keessatti kufu ta'uu kan ibsan jiru.[160]
- Hanqinaalee dandeettii ykn naamusa ogeessota qaamolee haqaa kallattiin/alkallattiin ajandaa koree gochuun ogeessota irratti tarkaanfii fudhachuu yaaluun haalawwan koreen daangaa aangoo isaa keessaa bahee itti hojjetuu keessaa isa tokkoo dha. Fakkeenyaaf, armaan olitti akkuma ibsame koreen aanaa Gubbaa Qorichaa abbaa seeraa haalli isaan hojiirraa gaggeessuuf itti deeman jira.[161] Akkasumas ogeessota dhuunfaan ofitti waamanii doorsisuuf haalli itti deeman ni mul'ata. Fakkeenyaaf, aanaa Qilxu Kaarratti yeroo tokko aabbaan seeraa tokko bakka bu'ummaan koree irratti akka dhiyaatu erga taasisanii booda haala hamilee isaa miidhuu danda'uun arrabsuu fi dorsisuu bakki itti yaalan jira.[162]
- Yeroo tokko tokko dhimmoota dantaa uummataa fi mootummaa ofkeessaa qaban jedhaman gara mana murtiitti osoo hin dhiyaatiin koreetti dhiyeessuun akka irratti mari'atamuu fi kallattiin akka qabatamu haalli itti taasisuu yaalan bal'inaan mul'ata.[163] Fakkeenyaaf, koreen Aanaa Magaalaa Bishooftuu gaafa 26-4-2006 dhimmoota akka ajandaatti irratti mari'ate keessaa tokko Ijaarsa seeraa alaa irratti murtii kaabineen kenne ilaaluu' kan jedhuu dha. Bifuma wafakkaatuun ajandaa gaafa 4-4-2006 qabame keessa tokko ammoo 'kondoominiyeemii seeraa ala qabamee jiru gadi lakkisiisuu' kan jedhu dhimma koreen irratti mari'atee dha. Dhimmootni kanneen dhimma gara fuul-duraatti mana murtiitti,

[158] Obbo Galmeessaa Itichaa, ogeessa seeraa SFSH Godina Arsii Lixaa, (28-6-2009)
[159] Obbo Taaddasaa Habtaamuu, Itti Gaafatamaa W/Haqaa Aanaa Aqaaqii, (13-6-2009)
[160] Fakkeenyaaf, Obbo Galmeessaa Itichaa, ogeessa seeraa SFSH Godina Arsii Lixaa, (28-6-2009)
[161] Obbo Efireem Haayiluu Prezidaantii Mana Murtii Olaanaa Godina Harargee Lixaa, (14-6-2009)
[162] Gumii abbootii seeraa godina wallagga lixaa
[163] Obbo Dassaaleny Galataa, Prezisaantii Mana Murtii Aanaa Aqaaqii, (10-7-2009)

waajjirra poolisii fi haqaatti dhiyaachuu danda'an yoo ta'an gama biraatiin ammoo sadarkaa kanatti dhimma qaamolee haqaa kenniinsa tajaajila haqaa ilaalchisanii irratti mari'atan osoo hin taane dhiibbaa qaamolee haqaarratti uumuuf haal-duree deemamuu akka ta'e miseensotni koree ni ibsu.[164]

- Dhimmoota hojii qaamota haqaa keessa jiran irraan dhiibba gahuuf ajandaalee qabachuun maree geggeessuu, akkasumas koreen kun qaamolee haqaa kana to'achuuf akka dhaabbatetti fudhachuun maree geggeessuun ni jira. Kana jechuunis itti waamamni qaamolee haqaa koree kanaaf akka ta'eetti hubannoo dogongoraa qabachuun ni jira.[165]
- Miseensotni koree hubannoo kaayyoo koreerratti qaban baay'ee muraasa mirga daa'immanii fi dubartootaa qaamolee keessatti akkamitti akka guddisan, mirga namoot dandeettii hin qabnee akkamitti cimsina fi kkf ilaaluu irratti hanqina guddaa qabu. Achitti ajandaan marii baay'ee 'jeequmsa ka'e akkamitti dhaabsiifna? Kan jedhu fi kkf qofa irratti xiyyeeffachuun mari'achuutu jira malee dhimmoota karoora KGT 2^{ffaa} waliin walqabatanii jiran irratti xiyyeeffachuun kallatti hojiirra oolmaa sagantichaa gara fuulduraatti haala akkamiin fooyyeesuun akka dandaa'amu kan jedhu irratti mari'atamaa hin jiru.
- Dhimmoota dantaa dhuunfaa namootaa ta'an akka ajandaa marii koreetti dhiyeessuun bal'inaan mul'ata.[166] Miseensotni koree dhimma fira isaanii ilaalamaa jiru gara ofii isaaniitii barbaadanitti akka murtaa'u taasisuuf dhimmicha ajandaa godhanii dhiyeessu; murtiin kenname jiru dantaa isaanii ykn kan fira isaanii miidhee jira yoo ta'e ogeessota irratti tarkaanfiin akka fudhatamu taasisuu yaalu.[167]
- Qaamoleen haqaa hojii kenniinsa haqaa keessatti xiyyeeffannoo isaan dhimma mootummaa fi uummataaf kennan laafaadha[168] jedhanii tilmaamuun waan mul'atuuf dhimmootni dantaa mootummaa fi uummataa ta'an gara qaamolee haqaatti osoo hin dhufiin ykn erga dhufee booda koree irratti akka irratti mari'atamu taasisuun qaamolee haqaa to'achuuf yaaliin taasifama. Fakkeenyaaf, koree bulchiinsa magaalaa Bishooftuu ajandaa qabate tokko irratti sassaabbiin gibira mootummaa gaggeeffamaa waan jiruuf manni murtii dhimma kanarratti

[164]Obbo Efireem Haayiluu Prezidaantii Mana Murtii Olaanaa Godina Harargee Lixaa, (14-6-2009)
[165]Obbo Efireem Haayiluu Prezidaantii Mana Murtii Olaanaa Godina Harargee Lixaa, (14-6-2009)
[166]Obbo Taaddasaa Habtaamuu, Itti Gaafatamaa W/Haqaa Aaanaa Aqaaqii, (13-6-2006)
[167]Sheek Mammad Badhaasoo, Af-yaa'ii Aanaa Xiyoo, (16-5-009)
[168]Gammadaa Maammoo, hoggaanaa ittaanaa bulchiinsaa fi nageenya godina shaashmaannee, (30-6-2009)

tumsa barbaachisu akka taasisu gaafatameera.[169] Tumsi manni murtii taasisu murtii qulqullinaa fi saffina qabu kennuu waan ta'eef deeggarsi gaafatames gama kanaan ta'a jedhamee kan yaadamu waan ta'eef kenniinsa tajaajila abbaa seerummaa irratti dhiibbaa akeekame akka ta'etti fudhatamuu danda'a.

- Abbaan seeraa tokko hanqina naamusaa ykn dandeettii kan qabu yoo ta'e dhimma kana ilaaluun akka hojiirraa gaggeeffamu murteessuu kan danda'u gumii abbootii seeraa akka ta'e seeraan tumamee jira.[170] Haa ta'u malee isa kana ilaalchisee karaa koree kanaa dhiibbaa uumuuf yeroo yaaliin taasifamu ni jira. Akkasumas dhimma naamusaa keessatti koreen kun osoo gahee qabaate yaada jedhu kaasuun dhiibbaa uumuuf yeroo barbaadamu ni jira.
- Gama biraan, namootni/waajjiraaleen miseensa koree hin taane koree irratti haalli itti hirmaatan mul'achaa turan jira. Fakkeenyaaf, hoggantootni waajjira dhaabaa[171], hogganaa waajjira barnootaa[172], fi hogganaan waajjira kominikeeshinii mootummaa[173] akka miseensaatti koree irratti akka hirmaatan taasifamaa tureera.
- Mana Murtii akka meeshaa dogogggara qaamolee raawwachiiftuu ittiin sirreessaniitti fudhachuun koreen daagaa aangoo isaa ala bahuun manni murtii hojii hin malle akka hojjetu haalli itti taasisuu yaalan ni mul'ata. Fakkeenyaaf, yeroo tokko aanolee godina Harargee Bahaa keessaa tokkotti kaabineen namoota guyyaa 30 ol mana murtiitti osoo hin dhiyeessin hidhanii turan; dogoggora isaanii kana dhoksuuf jecha koree irratti Manni Murtii duubatti deebi'ee galmee saaquun namootni kanneen mana murtiitti dhiyaachaa kan turan fakkeessee akka galmeessu irratti mari'achuun mana murtii dirqisiisuuf haalli itti yaalan jira.[174]

3.2. Hojii Hooggansa Koree Sfsh

Dambiin lak 82/99 kwt 8 irratti koree kan walitti qabuu fi hoogganu, akka sadarkaa isaanitti, Perezidaantii Bulchiinsa Mootummaa Naannoo Oromiyaa, bulchaa godinaa, bulchaa aanaa, fi kantiibaa bulchiinsa magaalaa akka ta'an tumee jira. Walitti qabaa koree kan ta'an kanneen, sadarkaa irra jiranitti, aangoo koricha hoogganuu kan qaban yoo ta'an gaheen hojii isaanii

[169]Abbabaa Baayisaa, perezidaantii mana murtii aanaa magaalaa Bishooftuu, (1-7-2009)
[170]Heera Mootummaa Federaalaa kwt 79(4), labsii Manneen Murtii Oromiyaa Hundeessuuf bahe labsii 141 kwt
[171]Koree SFSH godina arsii gaafa 4-6-2001, 27-08-2003, 24-01-2004, gaggeeffame irratti ittaanaan waajjira dhaabaa hirmaateera; Qaboo yaa'ii Koree SFSH kan Aanaa Aqaaqii maree gaafa 3/6/2009 geeggeefames haala walfakkaatuun Itti Gaafatamaan Waajjira Dhaabaa akka hirmaatu yeroo taasifame jira.
[172] Koree SFSH godina Arsii Lixaa (17-1-2004)
[173]Koree SFSH godina Arsii Lixaa g 24-1-2004
[174]Abbabaa Baayisaa, perezidaantii mana murtii aanaa magaalaa Bishooftuu, 1-7-2009

hoggantummaa kana keessatti qaban qajeelfamaan ibsameera.[175] Haala qajeelfama kanaatti walittit qabaan koree hojiiwwan armaan gadii hojjeta:

- koree walga'ii waamuu
- koree gaggeessuu
- koricha bakka bu'uun ibsa kennuu fi walga'ii adda addaa irratti hirmaachuu, fi
- murtiilee korichaa hojiirra oolchuu keessatti tumsaa fi deeggarsa barbaachisaa taasisuu hojjeta

I. Koree Walgahii Waamuu fi Karoora Baasuu

Raawwii koree walga'ii waamuu fi gaggeessuu ilaalchisee qajeelfamni akka tumee jirutti koreen sadarkaa hundarra jiran ji'atti al tokko walga'u. Koreen Qindeessaa olaanaa sadarkaa naannoo ji'aan kan walga'u ta'ee, ji'i seenee guyyaa jimaataa waaree booda sa'a saddeeti irraa eegalee ta'a.[176] Koreewwan Qindeessaa godinaa, aanaa fi bulchiinsa magaalaa ji'atti walakkaa guyyaaf yeroo tokko kan walgahan yoo ta'u guyyaa walga'ii itti gaggeeffatan ofii isaanii murteeffachuu danda'u. Fakkeenyaaf, gabaasa erguuf yeroo qopha'aa jiran keessatti walgahuun gabaasicharratti mari'atanii akka ol dabarsanitti yeroo marii isaanii qindeeffachuu danda'u.[177]

Bu'uura qajeelfama kanaatti walitti qabaan koree ji'atti yeroo tokko waggaatti ammoo yeroo 12 walga'uun akka mira'atan gochuu qaba. Hata'u malee, walitti qabaan koree sadarkaa arfanirra jiranu haala seerri ajajuun koree walitti qabaa hin jiran; koreenis walitti qabamaa hin jiru.[178] Fakkeenyaaf, Koreen Bulchiinsa Magaalaa Bishooftuu erga gaafa 5-10-2008 taa'ee hanga gaafa daataan kun walitti qabameetti (1-7-2009) tokkollee hin teenye.[179] Koreen Godina Arsii Lixaa ammoo ji'a torba keessatti yeroo lama kan walgahan ta'u miseensotnii fi qaboon yaa'ii korichaa ibsu.[180] Koreen SFSH Godina Shawaa Lixaa bara 2008 keessa yeroo lama qofa kan walgaahan ta'uu isaa qaboon yaa'ii isaanii ni agarsiisa. Koreen bulchiinsa magaalaa Gimbii bara 2006 fi 2006 waggaatti yeroo shan shan qofa akka walgahan qaboon yaa'ii isaa ni agarsiisa.

---

[175] Qajeelfama kwt 7
[176] Qajeelfama 9(1)
[177] Qajeelfama 9(2)
[178] Obbo Balaay Taaddasaa hogganaa waajjira qindeessituu sagantaa fooyya'iinsa sirna haqaa,
[179] Obbo Mulunaa Dambii, ogeessa seeraa SFSH bulchiinsa magaalaa bishooftuu, (1-7-2009) fi qaboo yaa'ii koree bulchiinsa magaalichaa, gaafa 1-7-2009 ilaalame.
[180] Qaboo yaa'ii korichaa (gaafa 28-12-2008 fi 24-5-2009) fi Obbo Galmeessaa Itichaa, ogeessaa SFSH godina arsii, 28-6-2009

Koreewwan biroonis waggaatti yeroo muraasa qofa walgahii kan gaggeessan yoo ta'u bu'uura qajeelfamaatiin walgahii ta'uu dhabuun kun hanqinaalee koree keessaa isa bu'uuraa akka ta'e namootni af-gaaffii deebisan hundi ni ibsu.[181] Haala kanaan, hanqinni guddaan gama walitti qabaa koreetiin jiru koree bu'uura seeraatiin walitti qabuu dhabuu fi marii idileessuu dhabuudha.[182]

Koreewwan sadarkaa hudaarra jiran SFSH naannicha galmaan gahuuf karoora hojii baafachuu qabu. Koreen Qindeessaa naannoo karoora SFSH akka waliigalaatti jiru kan baasuu yoo ta'u koreen gadii ammoo karoora koreen naannoo baasuu fi haala qabatama godina, aanaa fi magaalaa isaanii giddu-galeessa godhachuun karoora mataa isanii baafatu.[183] Karoorri isaan baafatan kanneen akka dhimma isaatti karoora yeroo dheeraa, giddu-galeessaa fi gabaabaa ta'uu danda'a. Gama karoora baafachuutiin hojiin koree yoo ilaalame hanqinni jajjaboo ta'an baay'een ni mul'atu. Isaanis,

- Karoorri koreen baafatu karoora qaamoleen haqaa hojii dhuunfaa isaanii hojjechuuf baafatan irraa walitti coramee kan baafamu malee kaayyoo dhuunfaa koree irratti kan hundaa'u akkasumas dhuunfaatti korichi maal hojjechuu akka qaburratti of danda'ee kan bahu miti jechuun ni danda'ma.[184] Hima biraatiin, koreen bara baajata tokko keessa of-danda'ee maal hojjechuu akka qabu taa'ee adda baasuun tokko lama jechuun karoora hojii isaatii baafachuurratti hanqina guddaa qaba.
- Walumaagalatti karoorii bahee itti hojjetamaa jiru kan naannoo kaasee hanga aanaa fi bulchiinsa magaalaatti jiru KGT 2^{ffa}kan qaamolee haqaa bu'uura kan godhatee fi karoora tarsiimowaa dhaabbileef kaa'amee jiru tilmaama keessa kan galche miti. Karoorri bahee itti hojjetama jirus kan madaalamu waan hiin taaneef to'annoof hordoffiif rakkisaa ta'a. Dabalees sadarkaa SFSH Naannichaa irra jiru ibsuuf illee kan rakkisu ta'uu isaa ni mul'isa.

[181]Obbo Asaffaa Taakkalee, Itti Gaafatamaa Waajjira Haqaa A/Buraayyuu, (12-7-2009); Obbo Balaay Taaddasaa

[182] Waajjira Qindeessaa SFSH Oromiyaa, Duub-deebii Gabaasa Raawwii Hojii SFSH Godinaalee fi Magaalotaa, kan bara 2008 keessaa ilaaluun akkuma dandaa'amutti raawwii koree SFSH sadarkaa sadarkaan jiranii ilaalchisee rakkoolee guddaa turan keessa tokko bu'uura karooraan mareen geggeeffamuu dhabuu ture.

[183]Qajeelfama kwt 6(1(1)), 6(2(1)), 6(3(1))) fi 6(4(1))

[184] Galmeessaa Itichaa, ogeessa seeraa SFSH Godina Arsii Lixaa, 28-6-2009; Obbo Mulunaa Dambii, ogeessa seeraa SFSH bulchiinsa magaalaa bishooftuu, (1-7-2009);

- Karoorri yeroo karoorfamuu qabutti qophaa'ee hin dhiyaatu: erga yeroon dheeraa darbee booda karoorri koree bahee dhiyaata. Bakka tokko tokkotti ammoo erga walakkeessi bara baajataa tokko xumuramee booda dhiyaata.[185] Fakeenyaaf, karoorri Koree Anaan Shaashmaannee bara baajata 2009 hanga gaafa daataan qorannoo kanaa Aanaa sanaa waalitti qabameetti (28-6-2009) bahee mariif dhiyaachuun hin raggaafamiin jira.[186]
- Gama kanaan rakkoon guddaan jiru koreen karoora hojii kan raggaasifatu yoo ta'ellee bu'uura karoora baafaten raawwachiisurratti hanqina guddaa qaba. Gutuutummaatti bifa jechuun danda'amuun dhimmi akka karooraatti qabamuu fi ajandaa ta'ee dhiyaatu gidduu garagarummaa guddaatu jira.[187] Haala kanaan, hojiin koree bu'uura karoorfameen hojjetamaa hin jiru jechu: karoorrii fi ajandaan marii wal hin unatu jechuu dha. Karoora kan baafatan yoo ta'ellee dhimmi heddumminaan irratti mari'atamuu fi irratti hojjetamu dhimmoota ariifachiisoo ta'anii dha. Kanaaf qabatamatti, dhimmoota ariifachiisoo ta'antanii yeroo yerootti dhiyaatantu akka karoora korichaatti irratti hojjetamaa jira jechuun ni danda'ama.[188]

II. Walgahii Koree Hogganuu: Ajandaa Qabsiisuu fi Mari'achiisuu

Hojii walgahii koree hogganuu keessatti dhimmi akka ijootti ilaalamu tokko dhimma ajandaa marii koree qabuu fi bu'uura sanaan marii gaggeessuu dha. Ajandaan walgahii sagantaa walgahii guyyaa lama dura miseensotaaf raabsamuun tokkoo tokkoon isaanii dhimmicharratti yaada waliigalaa qabatanii akka dhiyaatan akkasumas dursanii akka mirkaneessan gochuun barbaachisaa dha.[189] Ajandaa qofa osoo hin taane dhimmootni barbaachisoo ta'an hundi dursanii miseensota koree gahuun irratti qophaa'anii akka dhiyaatan gochuun barbaachisaa akka ta'e qajeelfamichi tumameera.[190] Hata'u malee, qabatamatti ajandaan yeroo baay'ee dursee hin qabamu; dursee miseensotaafis hin ergamu. Ajandaan walitti qaba qofaan dhiyaata; innis ajandaa ariifachiisaa dha. Yeroo baay'ee walitti qabaa koreen ajandaan qabame dhiyaachuun

---

[185]Obbo Hambisaa Tolaa, ogeessa SFSH, Godina Wallagga Lixaa, Obbo Maammoo Tusi, perezidaantii MMA Xiyoo, 15-5-2009; Warqinaa Galataa, Hogganaa Waajjira Haqaa Aanaa Gimbii, 14-6-2009; Abbabaa Baayisaa, perezidaantii mana murtii aanaa magaalaa Bishooftuu, 1-7-2009;

[186]Obbo Yiilmaa Taaddasee, ogeessa SFSH aanaa shaashmaannee, 29-6-2009

[187]Obbo Yiilmaa Taaddasee, ogeessa SFSH aanaa shaashmaannee, 29-6-2009; Obbo Tafarraa Waldee , Itti Gaafatamaa W/Haqaa Godina Addaa Naawwaww Finfinnee, gaaffiif deebii gaafa 9/7/2009; Itti gaafatamtoota Qajeelcha Poolisii, Wajjira Haqaa, Mana Murtii Godina Addaa Naannawaa Finfinee, 9-7-2009;

[188]Tacaan, ogeessa seeraa mana murtii waliigalaa oromiyaa, 7-7-2009

[189] Qajeelfama kwt 9(3 fi 10)

[190] Qajeelfama kwt 9(3)

miseensota koreetiif walgahii irratti dubbifama: dhimma ariifachiisaa ta'e irratti mari'atu jechuu dha.[191] Miseensotni kan walgahiitti waamaman taateen tokko yommuu mudatu kan walgahan yoo ta'u rakkoo sanaaf jecha bilbilaan harra waaree boodatti ykn bor ganamatti ykn harra ganama walgahii kottaa jedhamnanii yerootti waamamantu akka heddummatu miseensotni ni ibsu.[192] Hima biraan, walitti qabaan dhimmoota koreen irratti mari'atu dursee miseensotaaf erguun dhimmicharratti qopha'anii akka dhiyaatan gumaata isaan irraa eegamu akka gumaachan gochuurratti hanqinni jiru bal'aadha jechuu dha. Miseensotni dhimmi isaan akka ajandaa ta'u barbaadan yoo qabaatan walgahii dhiyaatan irratti qabsiifachuun akka irratti mari'atan gochuu yaalu.[193]Haa ta'u malee kun qaamolee biroon dhimmicha irratti hanga barbaadame akka yaada fi furmaata hin laanne kan taasisu waan ta'eef kaayyoo marichaa daran kan dhiphisu ta'a.

Barreessitootni koree dhimmoota ajandaa ta'an miseensota irraa walitti qabanii qopheessuuf yeroo dheeraa itti fudhata. Miseensotni hoggantoota mana hojii waan ta'aniif yeroo barbaadamanitti hin argaman: gaaffii ogeessi seeraa SFSH dhiyeessutti yerootti deebii hin laatan. Akka ogeessi seeraa SFSH jedhan tokkotti ajandaa koreen gaafa tokko irratti mari'atu miseensota irraa walitti qabee dhiyeessuuf yoo xiqqaate yeroo ji'a lamaa barbaachisa.[194] Haaluma walfakaatuun, ogeessi biroon akka ibsanitti, koreen akka walgahuuf miseensota waamuu fi ajandaa marii qabuuf yeroo dheeraa akka itti fudhatuu qofa osoo hin taane yeroo baay'ee akka hin milkoofneef ibsu.[195]Haa ta'u malee yeroon amma dambii fi qajeelfama keessatti ibsamee jiru gareen sagantaa keessatti hirmaatu hundumtuu dirqama isa irraa eegamu bu'uura seeraan kanbahu ta'uu isaanii qofa tilmaama keessa kan galche waan ta'eef hanqina jiruuf furmaatni kaa'amuu qaba.

---

[191]Galmeessaa Itichaa, ogeessa seeraa SFSH Godina Arsii Lixaa, 28-6-2009; Obbo Mulunaa Dambii, ogeessa seeraa SFSH bulchiinsa magaalaa bishooftuu, (1-7-2009); ….

[192]Obbo Kamaal Sarboo, Perezidaantii Mana Murtii Olaangaa Godina Arsii Lixaa, (29-6-2009); Obbo Huseen Usmaan, Itti Aanaa Pirezidaantii Mana Murtii Waliigala Oromiyaa, Aaf-gaaffii gaafa 2/7/2009 geggeefame irraa kan fudhatame; Obbo Zaakir Muktaar, Bulchaan Aanaa Ciroo, afgaaffii gaafa 15/6/2009 geggeeffameen irraa kan fudhatame; Obbo Misgaanuu Adimaasuu, Ogeessa SFSH Godina Addaa Naannawaa Finfinnee, afgaaffii gaafa 10/7/2009 geggeefame irraa kan fudhatame; Obbo Dhugumaa Nadhaa, Pirezidaantii M/M Godina Addaa Naannawaa Finfinnee, (9-7-2009)

[193]Adde Badiriyaa Huseen, Af-yaa'ii Aanaa Shaashmaannee, 27-6-2009; …

[194]Obbo Galmeessaa

[195]Obbo Gaaddisaa Margaa, Ogeessaa Seeraa SFSH aanaa Xiyoo, (15-6-2009); Obbo Hambisaa Tolaa, ogeessa seeraa SFSH godina wallagga lixaa, godina wallagga lixaa, 13-6-2009; Adde Loomii Kafanii, ogeessa seeraa SFSH Godina Arsii, 15-5-2009;

Dhimmoota ajandaa koree ta'an akka barbaachisummaa fi rogummaa isaanitti adda baasanii akka irratti mari'atamu gochuun hojii walitti qabaa koree irraa barbaadamu keessaa isa tokkoo dha. Ijoo kanarratti dhimmootni armaan olitti daangaa aangoo koree jalatti ibsaman dhimmoota ajandaa ta'an calalanii dhiyeessuurratti koreen maal akka fakkaatu hanga tokko ibsameera. Dhimmoota aangoo koree keessatti hammataman yoo ta'es taatewwan xixiqqaa irratti xiyyeffachuun koree bal'inaan kan mul'atu yoo ta'u ijoowwan ijoo koreen irratti mari'achuu qabu boodatti akka harkifatuuf sababa ta'eera.[196]Koreen dhimma firoota bulchaa ykn miseensota hojjetoota nageenyaa ta'an dhimma ajandaa koreen irratti mari'atu godhanii yeroo dhiyeessan jira.[197] Itti dabalees, manneen hojii qaamolee haqaa ala jiran haala kenniinsa tajaajila haqaaf deeggarsa kennan irratti osoo hin taane taatee raawwatame tokko irratti xiyyeeffatu; amaleeffannaa isaanii kana dhiisuun haala kaayyoo hundeeffama koree galmaan ittiin gahanirratti akka mari'atanii fi ajandaa qabsiifatan taasisuu dhabuun hanqina hoggansaa keessatti kan ilaalamu ta'a.[198]

Dhimmootni ajandaa ta'anii dhiyaatan baay'een osoo irratti hin mari'atamiin bulu jechuun ni danda'ama. Marii ittaanutti ammoo dhimmoota birootu ajandaa ta'ee dhiyaata waan ta'eef isaan duraan qabamanii turan ni dagatamu. Dhimmoota irratti mari'atamuu qaban duguuganii irratti mari'achuu fi furmaata kennuu irratti hanqinaaleen jiran guddaa yoo ta'an harcaatiin gama kanaan uumamaa jiru rakkoo sirna haqaa sababoota ta'an duguuganii irratti hojjechuu dhabuu hordofsiisaa jira.[199]

Yeroo tokko tokko koree qaama komii dhagahu godhanii fayyadamuun ni jira. Fakkeenyaaf, qaamolee miseensa hin taane koree keessatti akka hirmaatan gochuun badii qaamoleen haqaa raawwatan kaasanii akka himannaa koreerratti dhiyeessanii fi qaamolee kanneen sodaachisuu haalli itti taasisan darbee darbee ni mul'ata. Fakkeenyaaf, manneen hojii akka waajjira dhaabaa, waajjira daldalaa fi misooma gabaa, waajjira lafaa fi eegumsa naannoo, koree irratti dhiyaatanii komii isaanii akka dhageessifatan taasisu.[200]

---

[196]Kamaal Sirboo, perizaantii mana murtii olaanaa godina arsii lixaa, 29-6-2009
[197]Obbo Joonii Bantii, Perezidaantii Mana Murtii Aanaa Gimbii, (15-6-2009)
[198]Obbo Joonii Bantii, Perezidaantii Mana Murtii Aanaa Gimbii, (15-6-2009)
[199]Tacaan , ogeessa seeraa mana murtii waliigala oromiyaa, 7-7-2009
[200]Joonii bantii, Perezidaantii mana murtii aanaa gimbii,

Hojii hoggansa marii koree keessatti dhimmi xiyyeeffannoo barbaadu tokko bu'uura seerichi aangessetti walitti qabaan aangoo koree walitti qabuu fi hogganuu ofitti fudhatanii hojjechuu yoo ta'u sababa adda addaatiif hojii kana raawwachuu kan hin dandeenye yoo ta'e ammoo qaama seeraan hojicha bakka bu'ee hojjechuu danda'utti dabarsuun barbaachisaa ta'a. Darbee darbees yoo ta'e walitti qabaan aangoo isaa ittaanaa isaatti dabarsuun koree walitti akka qabu gochuu barbaadu.[201]

III. Murtii Koree Raawwachiisuu

Murtii koreen dabarse akka raawwatamu taasisuu fi gama kanaan deeggarsa barbaachisaa ta'e kennuun hojiiwwan ijoo walitti qabaan hojjetu keessaa isa tokkoo dha. Murtii fi yaadni koreen dabarsu gadi bu'ee hojirra akka oolu gochuun barbaachisummaa koree fi bu'a-qabeessummaa isaa wajjiin kan wal-qabatu waan ta'eef hojii xiyyeeffannoon hojjetamuu qabuu dha. Hata'u malee, murtiilee koreen dabarsu haala barbaadamuun hojiitti jijjiiramaa kan hin jirre yoo ta'u, hojiitti akka jijjiiramuufis hordoffii fi gamaggamni taasifamu laafaa ta'uu isaa qabatamni jiru ni mul'isa.[202] Hojiitti jijjiiramuu murtii koree gamaggamuu fi hordofuun haala barbaadamuun akka hin gaggeeffamne dhimmootni taasisan hedduu dha. Sababoota sana keessaa muraasa caqasuuf,

- Koreen murtii walgahii irratti dabarse ilaalchisee walgahii ittaanurratti raawwiin murtichaa maalirra akka gahe gamaggamuuf yeroo gahaa hin argatu. Ajandaa qabamanillee daguuganii irratti mari'atamee waan hin xumuramneef hojiin yeroo darbee maalirra akka gahe gamaagamuun baay'ee ulfaataadha.[203]
- Koreen, yeroo baay'ee, dhimmootni ariifachiisaa ta'an yeroo uumaman walgaha waan ta'eef yeroo walgahiin duraa itti ta'amee fi walgahiin ittaanu itti taa'amu gidduu dheerenni yeroo guddaa dha.[204] Dhimmi walgahiin irratti taa'amaa jiru dhimma

---

[201]Obbo Gaaddisaa Margaa, Ogeessaa Seeraa SFSH aanaa Xiyoo, (15-6-2009); Obbo Hambisaa Tolaa, ogeessa seeraa SFSH godina wallagga lixaa, godina wallagga lixaa, 13-6-2009; Adde Loomii Kafanii, ogeessa seeraa SFSH Godina Arsii, 15-5-2009;

SFSHtti Godina Arsii Lixaa.

[202]Komaadar Gaaddisaa Nigusee, hogganaa Qajeelcha Poolisii Godina Arsii Lixaa, 29-6-2009; Obbo Efireem Haayiluu, Pirezidaantii Mana Murtii Olaanaa Godina Harargee Bahaa, (14-6-2009); Obbo Kumasaa Araarsaa, pirezidaantii M/M Godina Shawwaa Lixa, af-gaafii gaafa 26-6-2009 geggeeffame irraa kan fudhatame; Komishinar Tsahaay Nagaash, Komishinara Mana Sirreessaa Oromiyaa, (26-6-2009)

[203]Obbo Mulunaa Dambii ……; Qaboo Yaa'ii Walgahii Koree Qindeessituu Olaanaa Sagantaa Fooyya'iinsa Sirna Haqaa Mootummaa Naannoo Oromiyaa, Walgahii Idilee 29ffaa, ebla 9/2007, Walgahii Ariifachiisaa 5ffaa, bitootessa 25/2007, Walgahii Idilee 5ffaa, amajji 27/2008 geeffame yoo ilaalle yaada kana argachuu dandeenya.

[204]Obbo Efireem Haayiluu, Pirezidaantii Mana Murtii Olaanaa Godina Harargee Bahaa, (14-6-2009)

ariifachiisaa waan ta'eef rakkoo amma ka'e furuurratti xiyyeeffachuu ala gara boodatti deebi'anii murtii duraan darbe hojiitti jijjiiramuu isaarratti mari'achuu fi gamaagamuuf yeroo hin argatan.[205]

- Koreen, yeroo baay'ee, kallattii furmaataa qofa kaa'uun manneen hojii murtii darbe sana akka raawwachiisan waan taasifamuuf haalli raawwii murtii sanaa kan sektaroota saganticha raawwachiisanii ta'a jechuudha. Haa ta'u malee, koreen manni hojii murticha akka raawwachiisuuf itti kenname raawwachuusaa hin hordofu. Kanaafuu, murtiilee koree hojiirra oolchuu keessatti tumsaa fi deeggarsa barbaachisaa taasisuu ilaalchisee walitti qabaan dirqama isarraa eegamu haala barbaadamuun bahaa jira jechuun hin danda'amu.
- Koreen yeroo rakkoo qofa ta'uu hin qabu, idilaa'ee adeemuu danda'u qaba. Walitti dhufeenya koree olaanaa fi godinaa fi aanaalee jidduu jirus cimee gamaggamni sadarkaa sadarkaatti geggeeffamee duubdeebiin kennamee sirreeffamni fudhatamuu danda'uu qaba. Haa ta'u malee kun geggeeffamaa kan hin jirre ta'uun isaa rakkoodha.[206]

Koreen bu'uura qajeelfama jiruutiin walitti qabamu, ajandaa qabachuu, murtii dabarsuu fi murtii kenname raawwachiisuu akka dadhabu hanqinaalee taasisan keessaa inni jalqabaa hanqina hoggansaa gama walitti qabaatiin mul'atuu dha. Walitti qabaan koree walitti qabaa fi hogganaa kaabinee fi bulchaa bulchiinsa nannoo isaatii waan ta'eef hojiin kan itti heddummatuu fi hanqina yeroo cimaa kan qabu ta'uun beekamaa dha. Baayinni hojii fi hanqinni yeroo walitti qabaa koree bira jiru laafina koree irratti dhimma dhiibbaa mataa isaanii qabanii dha.[207] Kanaafuu, hanqina jiru kana akka duuchutti seerri ittaanaa walitti qabaa aangessee jira jechuun ni danda'ama. Haa ta'u malee Manneen Murtii hanga barbaadame saganticha hoogganuu akka hin dandeenye qabatamaa lafa jiruun hubachiisa.

---

[205]Warqinaa Galataa, Hogganaa Waajjira Haqaa Aanaa Gimbii, 14-6-2009

[206]Komaander Tasfaayee dinquu, Itti Gaafatamaa Qajeelcha Poolisii Godina Addaa Naannawaa Finfinee, komander Asnaaqee Sa'ifuu, Fookaal personii Sagantaa riifoormii Qajeelcha Qajeelcha Poolisii Godina Addaa Naannawaa Finfinee(9-7-2009), Obbo Asaffaa Taakkalee ittigaafatamaa Wajjira Haqaa Aanaa Buraayyuu(13-7-2009)

[207]Obbo Alamaayyoo Asaffaa, Itti Gaafatamaa Waajjira Publlic Servisii Godina Addaa Naannawaa Finfinnee, Afgaaffii Gaafa 10/7/2009; obbo Tafarraa Waldee , Itti Gaafatamaa W/Haqaa Godina Addaa Naawwaww Finfinnee, (9-7-2009)

Perezidaantiin mana murtii sadarkaa hundaarra jiran ittaanaa walitti qabaa koree dha.[208] Dambii fi qajeelfamni koree hundeessuu fi gahee hojii isaatii murteessuuf bahe aangoo fi gahee hojii ittaanaa walitti qabaa waan dubbatan hin qaban. Aangoo walitti qabaa ittaanaa qabaachuun perezidaantii mana murtii tokko bakka walitti qabaan hin jirretti isa bakka bu'uun gahee hojii qajeelfamni walitti qabaaf kennu raawwachiisuu danda'a jechuu dha. Haaluma kanaan, perezidaantiin mana murtii koreen akka walgahuu, ajandaan akka qabamu, murtiin akka darbuu, murtiin darbe akka raawwatamuu fi koree bakka bu'uun ibsa barbaachisu kennuuf aangoo qaba jechaa dha. Hata'u malee, perezidaantiin mana murtii aangoo ittaanaa walitti qabaa koree qabu kanatti fayyadamuun koreen yerootti akka walgahuu fi gahee hojii isarraa barbaadamu akka bahu gochuurratti hanqinni bal'aan akka jiru daataan walitti qabame ni agarsiisa.[209] Perezidaantiin mana murtii gama kanaan hanqina akka qaban kan amanan yoo ta'u haala barbaadamuun akka hin hojjenne kan isaan taasisaa jiru sababoota armaan gadii ibsu:

- Ittaanaan walitti qabaa ofitti amanamummaa guutuu dhabuu fi eeggatummaa qabachuu irraan kan ka'e koree walitti qabuurratti hanqina bal'aa qabu.
- Ittaanaan walgahii guyyaa waamu miseensotni koree akka guyyaa walitti qabaan walitti qabuutti hin argaman. Fakkeenyaaf, Koree Bulchiinsa Magaalaa Bishooftuu yoo fudhanne guyyaa walitti qabaan koricha (kantiibaa) walitti qabu yeroo baay'ee miseensotni salgan isanii kan argaman yoo ta'an guyyaa ittaanaan walitti qabaa (perezidaantiin mana murtii) walitti qabu ammoo miseensotni afur ykn isaa gadittu walitti qabama.[210]
- Guyyaa ittaanaan walitti qabaa koree walitti qabu dhimmoota ijoo ta'an irratti mari'achuu fi murtii dabarsuurraa miseensotni of-qusatu. Keessumaa dhimmoota maallaqa barbaadan irratti murtii dabarsuun kan ulfaatu yoo ta'u murticha

[208]Dambii kwt 8(1(2)), 8(2(2)), 8(3(2)), fi 8(4(2))

[209] Obbo Taaddasaa Habtaamuu, Itti Gaafatamaa W/Haqaa Aanaa Aqaaqii, 13-6-2009; Galmeessaa Itichaa, ogeessa seeraa SFSH Godina Arsii Lixaa, 28-6-2009; Obbo Mulunaa Dambii, ogeessa seeraa SFSH bulchiinsa magaalaa bishooftuu, (1-7-2009); Obbo Masfiin Asaffaa, Bulchaa Godina Harargee lixaa, 15-6-2009, Kom. Siisaay Yamfaa, Itti Gaafatamaa Qajeelcha Poolisii Godina Harargee Lixaa, 14-6-2009; Haalumaa walfakkaatuun obbo Zaakir Muktaar, Bulchaan Aanaa Ciroo 15-6-2009

[210]Qaboo yaa'ii koree SFSH bulchiinsa magaalaa bishooftuu gaafa 1-7-2009

raawwachiisuun ammoo caalaatti kan ulfaatu waan ta'ee ittaanaan dhimmoota akkasii keessummeessuu irraa of qusata.[211]

- Dhimmootni koree irratti dhiyaatanii murtii barbaadan, yeroo baay'ee, raawwachiisuuf maallaqa barbaadu. Koreen ammoo baajata mataa isaa hin qabu qabu waan ta'eef qaama baajata irratti murteessuu eeggata. Maallaqa irratti murteessuu kan danda'u ammoo bulchaa/kantiibaa malee perezidaantii mana murtii miti. Kanaaf, perezidaantiin koree yoo walitti qabellee baajata mootummaarratti murteessuu waan hin dandeenyeef koree walitti qabuunsa bu'aa fidu gahaa miti jechuu dha.
- Miseensotni koree baay'een isaanii manneen hojii qaama raawwachiiftuu ta'an irraa kan dhufanii yoo ta'u miseensotni qaama raawwachiiftuu ala jiran mana murtii fi waajjira af-yaa'ii dha. Itti waamamni miseensota manneen hojii qaama raawwachiiftuu ta'an irraa dhufan waajjira walitti qabaa koreetiif waan ta'eef, hidhatni cimaan isaan gidduu jiru kun waamicha walitti qabaan taasisu irratti ni argamu. Gaafa ittaanaan walitti qabaa koree walitti qabu ammoo miseensotni haala barbaadamuun hin argaman; yeroo baay'ee nama biraa bakka buusanii koree irratti hirmaachisu.[212]
- Waajjirri tokko dhaabbatee abbummaan qaamolee haqaa akka hogganu gochuun rakkoo gama sanaan jiru ambisuuf qooda guddaa qaba malee bulchaan koree kana hoogganuu yoo itti fufe bu'a-qabeessummaan korichaa gaaffii keessa galaa deema.[213]

Walumaagala, qabatamaan yeroo ammaa kana raawwii hojii koree kanaa ilaalchisee wantootni jajjabeessaa ta'an haa jiraatan malee, hojiirra oolmaa sagantichaa ilaalchisee mareen yeroon geggeeffamuu dhabuu, gabaasni bu'uura qajeelfamaa fi KGT 2ffaan dhihaachuu dhabuu, to'annoo fi hordoffiin bu'uura barbaachisaa ta'een geggeeffamuu dhabuu, qaamoleen saganticha hojiirra oolchaan haala barbaadameen sagantichaaf xiyyeeffannoo dhabuu fi kkf jedhamuun duubdeebii hojii bara 2008 ilaalchisee Waajjirri Qindeessaa irraatti kan mul'atu rakkoo hoogganso sagantichaa sadarkaa sadarkaan jiruu ta'uu ni mul'isa.[214]

---

[211] Obbo Huseen Usmaan, Itti Aanaa Pirezidaantii Mana Murtii Waliigala Oromiyaa, (2-7-2009); Abbabaa Baayisaa, perezidaantii mana murtii aanaa magaalaa bishooftuu, gaafa 1-7-2009

[212] 49. Obbo Joonii Bantii, Perezidaantii Mana Murtii Aanaa Gimbii, (15-6-2009)

[213] Obbo Hambisaa Tolaa, ogeessa seeraa SFSH godina wallagga lixaa, godina wallagga lixaa, 13-6-2009

[214] Obbo Zaakir Muktaar, Bulchaan Aanaa Ciroo, (15-6-2009), Obbo Misgaanuu Adimaasuu, Ogeessa SFSH Godina Addaa Naannawaa Finfinnee (10-7-2009), Obbo Dhugumaa Nadhaa, Pirezidaantii M/M Godina Addaa Naannawaa Finfinnee (9-7-2009), Obbo Taaddasaa Habtaamuu, Itti Gaafatamaa W/Haqaa Aaanaa Aqaaqii (13-6-2006), Obbo Efireem Haayiluu Prezidaantii Mana Murtii Olaanaa Godina Harargee Lixaa (14-6-2009), Obbo Dassaaleny Galataa,

3.3. Gurmaa'iinsa Koree SFSH: Kallattii miseensummaatiin yoo ilaalau

- Miseensotni koree hoggantoota manneen hojii qaamolee haqaa ta'anii fi manneen hojii qaamolee haqaa hin taanerraa kan walitti dhufanii dha. Fakkeenyaaf, hoggantootni manneen hojii akka Mana Murtii, Amana Marii/Caffee, Biiroo Haqaa, Komishinii Poolisii, Komishinii Manneen Sirreessaa fi Komishinii Naamusaa fi Farra Malaammaltummaa qaamolee haqaa irraa kan dhufan yoo ta'an hoggantootni manneen hojii akka Biiroo Dhimma Dubartootaa fi Daa'immanii, Bulchiinsaa, Biiroo Paablik Sarvisii fi Misooma Qabeenya Namaa, fi Biiroo Bulchiinsaa fi Nageenya manneen hojii qaamolee haqaa ala jiraniidha. Hoggantootni manneen hojii qaamolee haqaa ala jiran SFSH hojiirra kan hin oolchine yoo ta'ellee miseensa koree SFSH ta'anii tajaajilu. Miseensa koree ta'uu isaanii fi bu'aa isaan gumaachuu qaban irratti yaadotni kennaman gama kanaan xiyyeeffannoon kennamuu akka qabuu kan akeekanii dha. Haaluma kanaan, armaan gaditti yaadota gama kanaan ka'ana gabaabsinee haa ilaallu.

- Daataan walitti qaban barbaachisummaa miseensummaa miseensota tokko tokkoo gaaffii keessa yoo galchan mul'atu. Fakkeenyaaf, manneen hojii akka Waajjirri Dhimma Dubartootaa fi Daa'immanii fi Waajjirri Bulchiinsaa rogummaa isaan SFSH hojiirra oolchuu wajjiin wal-qabatee qaban laafaadha.[215] Qaamoleen kanneen kallattiinis ta'e al-kallattiin waajjira isaanii keessatti kenniinsa tajaajila haqaa hojiirra oolchuurratti hin hirmaatan: hanqinaa fi cimina isaa adda baasanii yaada furmaata'aa ka'aa adeemuurrattis hubannoo isaan qaban cima ta'a jedhanii tilmaamuun rakkisaadha. Qabatamattis waajjiraaleen kanneen SFSH akka waliigalaatti hojiirra oolchuuf yaadota furmaataa kennuurra mudannoo/taatee raawwate tokko qabatanii adeemuutu irraa calaqqisa.
- Baayyachuun miseensa koree idilaa'uu dhabuu koreetiif wantoota akka sababa tokkotti eeramuu danda'uu dha. Miseensotni yoo baayyatan harcaatiin uumamuu danda'us ni

---

Prezisaantii Mana Murtii Aanaa Aqaaqii (10-7-2009), Obbo Tacaan Malkaa, A/Adeemsa Qorannoo M/M Waliigala Oromiyaa (26-6-2007), Komiishnar Ittafaa Tolaa Komishinara Poolisii Oromiyaa (26-6-2009), Komishinar Tsahaay Nagaash, Komishinara Mana Sirreessaa Oromiyaa (26-6-2009)Komishinar Tsahaay Nagaash, Komishinara Mana Sirreessaa Oromiyaa waliin af-gaaffii gaafa 26/6/2009 geggeeffame haaluma walfakkaatuun hojiin koree kanaa laafaa akka ta'ee fi hanga barbaadame socho'amaa kan hin jirre ta'uu, mariin idilaa'aa kan hin jirre ta'uu, ajandaaleen barbaachisuu qabamaa kan hin jirre ta'uu fi kkf kaasuun sagantaan kun hooggansa irratti laafaa ta'uu ni kaasu.

[215] Komaandar Mokonniin Taaddasee, hoogganaa waajjira poolisii magaalaa shaashmaannee, 30-1-2009

baayyata; guutni walgahii (mila'ate-gubahe) ol-ka'a waan ta'eef guuta walgahii eeguuf jecha yeroo walgahii dabarsan ni uumama.[216]

- Gama biraan, akka muuxannoon biyyoota biroo agarsiisutti koree SFSH keessatti qaamoleen miseensa ta'anii galuu qaban jiru. Fakkeenyaaf, Waldaa Abukaattotaa, Dhaabbilee Hawaasummaa, Waldaa Ogeessota Seeraa, Dhaabbilee Deeggarsa Ogummaa Seeraa Kennan fi kkf dabalataan miseensa koree SFSH ta'anii bakka tajaajilan jira.[217]

Akuma waliigalaatti, muuxannoolee akka addunyaatti jiru irraas hubachuun akka dandaa'amutti miseensotni koree dirqama qaamolee sagantaa kana hojiirra oolchaniitti daanga'uu akka hin qabne ni mul'isa. Qaamoleen hojiirra oolmaa sagantichaaf gummaacha taasisu dandaa'an sagantaa kana keessatti akka haammatamaniif ni barbaadama. Kallattii kanaan qaamoleen akka Bulchiinsaa, Waajjira Dhimma Daa'immanii fi Dubartootaa fi kkf kallattiinis ta'e alkallattiin koree sfsh tiif gumaacha taasisuu keessatti qooda kan qaban waan ta'eef hirmaachuun isaanii hanqina hin qabu jechuun ni danda'ama. Haaluma kanaan, hirmaannaan qaamolee kenniinsa tajaajila haqaa wajjiin quunnamtii qaban kan akka waldaa abukaattotaa yoo miseensa koree ta'an bu'aa argamsiisuu akka danda'an muuxannoon jiru ni akeeka.

3.4. Caaseffama Wajjira Qindeessaa SFSH Fi Ogeessa SFSH

SFSH akkaataa barbaadamutti hojiirra akka ooluu fi bu'aa barbaadamu akka argamsiisutti qaama saganticha qindeessu, deeggarsa ogummaa kennu, haala raawwii sagantichaa hordofuu fi yaada fooya'iinaa burqisiisuu danda'u hundeessuun barbaachisaa akka ta'e qorannoon dhimmi kana irratti geggeeffaman ni mul'isu. Bu'uuruma kanaanis Waajjirri Qindeessaa Sagaantaa Fooyya'iinsa Sirna Haqaaa akka hundeeffamuu, fi ogeessi SFSH sadarkaa godinaa, aanaa fi bulchiinsa magaalaatti qacaramuun akka hojjetan ta'ee jira.[218] Qindeessaan SFSH kun sadarkaa naannootti gita waajjiraatiin hundeeffamee kan jiru yoo ta'u sadarkaa godinaa, aanaa fi bulchiinsa magaalaatti ammoo ogeessa tokkoon bakka bu'ee kan jiru waan ta'eef hundeeffamnii fi raawwiin hojii isaanii garaagarummaa kan qabu ta'uu ni hubatama. Haaluma kanaan, mata-duree xixiqqaa lamatti adda qooduun akka armaan gadiitti gurmaa'iinsa Waajjira qindeessaa

---

[216]Obbo Dhugumaa Nadhaa, Pirezidaantii M/M Godina Addaa Naannawaa Finfinnee, 9/7/2009; Obbo Tafarraa Waldee , Itti Gaafatamaa W/Haqaa Godina Addaa Naawwaww Finfinnee, 9-7-2009

[217]Muuxannoo biyya Naayjeeri'aa, yaada ka'umsaa naannooon ssuk dhiyeessan,

[218] Dambii lak 82/99, seensa, kwt 6, 7 fi kwt 8(2(9)), 8(3(10))) fi 8(4(8))

SFSH Oromiyaa fi Ogeessa SFSH sadarkaa zoonii, bulchiinsa magaalaa fi aanaatti jiru ilaaluuf yaalla:

Dhimmi gurmaa'insa qaamolee kanaa ilaalchise af-gaaffii geeggeeffame irraa akka hubatamutti Waajjira qindeessaa fi Ogeessa kun itti waamamni isaanii rakkoo akka qabu namootni af-gaaffii deebisan ni ibsu.[219] Dabalataanis gurmaa'insaa fi itti waamama Waajjira Qindeessituu fi Ogeessa SFSH ilaalchisee bargaaffii ogeessotaa fi miseensota koree keessaa namoota 95 dhiheeffamee ture bu'uura gabatee itti anuun yaadni isaanii cuunfamee dhihaateera.

Gabatee 2

	Rakkoo qabaa	**Rakkoo hin qabuu**	**Hin beeku**
Gurmaa'insi WQSFSH	51	38	6
Dhibbantaan	53.6%	40%	6.3%

Gabatee kana irraa hubachuun akka dandaa'amu ogeessotaa fi miseensota koree gaaffiin caaseffamaa fi gurmaa'insa Waajjira qindeessituu ilaalchisee dhihaateef keessaa lakkoofsaan 51 (53.6%) ta'an haallu gurmaa'insi waajjirichaa kallattii itti waamamaa fi walitti hidhatiinsa hojiin rakkoo kan qabu ta'uu isaa nuuf ibsaniiru. Ogeessotni fi miseensotni koree 38 (40%) ta'an ammoo rakkoo hin qabu yaada jedhu erga kaa'anii booddee haa ta'u malee jechuun waajjirri kunii fi ogeessotni sadarkaa zoonii, bulchiinsa magaalaa fi aanaa jiran haala barbaadameen hojii isaanii hojeechaa kan hin jirre ta'uu dabalatan ni ibsu. Namoota bar-gaaffiin dhihaateef keessaa lakkoofsaan 6 (6.3%)

[219]Obbo Balaay Taaddasaa Hoogganaa Waajjira Qindeessaa SFSH Oromiyaa, (7-8-2009), Obbo Dassaaleny Galataa, Prezisaantii Mana Murtii Aanaa Aqaaqii, (10-7-2009), Obbo Taaddasaa Habtaamuu, Itti Gaafatamaa W/Haqaa Aanaa Aqaaqii, (13-6-2009), Obbo Huseen Usmaan, Itti Aanaa Pirezidaantii Mana Murtii Waliigala Oromiyaa, Aaf-gaaffii gaafa 2/7/2009 geggeefame, Obbo Alamaayyoo Asaffaa, Itti Gaafatamaa Waajjira Publlic Servisii Godina Addaa Naannawaa Finfinnee, Afgaaffii Gaafa 10/7/2009 geggeffame, Obbo Misgaanuu Adimaasuu, Ogeessa SFSH Godina Addaa Naannawaa Finfinnee, afgaaffii gaafa 10/7/2009 geggeefame, obbo Tafarraa Waldee , Itti Gaafatamaa W/Haqaa Godina Addaa Naawwaww Finfinnee, gaaffiif deebii gaafa 9/7/2009 geggeeffame irraa hubachuun ni dandaa'ama.

dhimmi kana irratti hubannoo gahaa kan hin qabne ta'uu ibsaniiru. Egaan yaad akana irratti hundaa'uun gurmaa'insa Waajjira Qindeessaa fi Ogeessa SFSH sadarkaa sadarkaan jiru ilaalchisee seeraa fi hojimaatni jiru maal akka fakkatuu ilaalchisee bifa itti aanuun xiinxalli geggeeffameera.

3.4.1. Waajjira Qindeessaa SFSH

I. Itti Waamama Waajjira Qindeessaa

Bu'uura Dambii 82/1999 kwt 3 tiin Waajjirri Qindeessaa SFSH Oromyaa Biiroo Ijaarsa Dandeettii jalattii jedhamee duraan beekamu jalatti akka waajjira tokkootti hundaa'e. Haala maqeessaa fi caaseffama amma jiruutiin waajjirri kun Biiroo Paablik Servisii fi misooma qaabeenya namaa jalatti hojjechaa jira jechuu dha. Waajjirri Qindeessaa kallattii itti gaafatamummaa fi bajataan qaama Biiroo Paablik Servisii fi Misooma Qabeenya Namaa irraa akka ta'e dambii fi qajeelfamicha irraa ni hubatama. Bu'uura qajeelfamichaan Biiroo Paablik Servisii jalatti hundaa'uurratti dabalee kwt. 4(3) jalatti bajata hojiif barbaachisu gama tokkoon wajjira kana irraa kan argatu gama biraan ammoo Biiroo Bulchiinsaa irraa akka argatu ni agarsiisa. Biiroon kun rifoormii hojii akka waliigalaatti kan gaggeessuu fi qindeessu akkasumas dandeettii raawwachiisummaa waajjiraalee mootummaa olaantummaan kan raawwatu waan ta'eef qaamni raawwii sfsh qindeessuuf (waajjirri qindeessaa sfsh) deeggarsa ogummaa fi tumsa barbaachisaa hunda ni gumaacha jedhamee akeekameera. Haaluma kanaan, biiroon kun raawwii sfsh, waajjira qindeessaa fi ogeessota sfsh tiif hanga danda'ametti deeggarsa barbaachisaa ta'e gumaachuu irratti argama.

Waajjirri Qindeessaa sagantaa kanaaf deggersa ni kenna erga jedhamee walitti dhufeenyi inni qaamolee haqaa waliin qabu kallattiin ta'uu dhabuun isaa akka hudhaatti fudhatamuu dandaa'a. Biiroon Ijaarsa Dandeettii hojii qaamolee haqaa keessatti hojjetamuu ilaalchisee hubannoo gaahaa dhabuu irraan kan ka'e waajjira kanaaf xiyyeeffannaa barbaachisu kennuu irratti hanqina qaba jedhu. Kanaaf gurmaa'ina waajjira kanaa ilaalchisee muuxannooleen addunyaa jiran, kan naannolee biroo fi Mootummaa Federaalaa tilamaama keessa haala galcheen tumaan Dambii kanaa ilaalamuu qaba.

Qabatamaa lafa jiru ilaalchisee yaadotni bar-gaaffii ogeessotaa fi miseensota koreef dhihaatan irraa akka hubatamutti rakkoodha jedhanii wantoonni kaasan keessaa inni guddaan waajjiri

kunii fi ogeessotni kun hanga barbaadame kan socho'uu dadhabeef sababa gurmaa'insaa fi itti waamama isaa irraan kan ka'edha. Waajjirri Qindeessaas ta'e ogeessi SFSH sadarkaa sadarkaan jiru caaseffamaa fi gurmaa'insa amma jiruun hanga barbaadamu xiyyeeffannoo fi walitti dhufeenya qaamolee haqaa waliin kan hin arganne ta'uu hubachuun dandaa'ameera.

kun guutummaan guutuutti waajjiri kun itti waamamni isaa qaama sagantaa kana hoogganuuf akka hin taane ni mul'isa.[220]

Waajjirri Qindeessaa kallattiin sekteroota sagantaa kana geggeessan waliin kallatti itti gaafatamummaan walitti hidhachuun barbaachisaadha. Sababiin isaas waajjirri kun sadarkaa raawwii SFSH irra jiru ilaalchisee gabaasa qindeessuun koree olaanaaf kan dhiheesu waan ta'eef. Bu'uura kanaanis biirooleen sagantaa kana hojiirra oolchan raawwii sagantaa xixiqqoo waajjira isaanii keessa jiru ilaalchisee gabaasa Waajjira Qindeessaaf dhiheessuun waajjirichi ammoo duubdeebii kennuun walitti dhufeenyi ni jiraata jechuudha. Hata'u malee gabaasa dhiheessuu qofa osoo hin taane bu'uura tumaa qajeelfamichaa fi dambichaan waajjirri kun qaamolee kanneen dirqisiisee haala itti gabaasa fudhachuu fi raawwii isaanii gamgamuu danda'u jiraachuu danda'uu qaba. Kun hojiirra oolmaa sagantichaa malee waa'ee hojii idilee qaamolee haqaa akka hin taane hubatamuu qaba. Haa ta'u malee hojiirra oolmaa irratti akkuma mata dureewwan armaan olitti ilaalaman jalatti daataaleen xiinxalaman agarsiisutti baratamaan miseensota koree bira jiru korichi akka qaamolee haqaa to'achuu danda'uutti fudhachuu akka ta'e ilaalleera.

Tumaan dambichaa fi qajeelfamichaa caaseffamaa fi gurmaa'insi waajjira kanaa haala armaan oliin haa ibsu malee hojii waajjirri kun hojjetuu yoo ilaalamu walitti hidhatiinsa dhihoo kan qabaachuun irra ture qaamolee sagantaa kana raawwachiisaniif malee Biiroo Paablik Servisii fi Misooma Qabeenya Humna Namaaf ta'uu akka hin qabne ni agarsiisa.[221] Sababii qaamni kun

---

[220] Yaada kana ilaalchisee Itti Gaafatamaan Waajjira Qindeessaa SFSH Oromiyaa yeroo ibsan, " riifoormiin yeroo jalqabu kan geggeeffamaa ture Biiroo Siivil Servisiin hoogganamuun turuun isaa dhugaadha, haa ta'u malee yeroo ammaa kan biirooleen biroon bahanii riifoormii isaanii of danda'uun sektara isaanii jalatti hoogganachuun geggeeffachaa jiru kan qaamolee haqaa kun sababa qaamolee addaa addaa of keessatti qabateef jedhamee haa hafu malee sektaroota kanniin akka hoogganamu taasisuun bu'a qabeessummaa isaa ilaalamee sirrachuu qaba." Yaada jedhu kaasaniiru. Af-gaaffii gaafa 6/8/2009 geggeeffame irraa kan fudhatame.

[221] Bargaaffii fi afgaafiin qorannoo kanaaf galtee akka ta'uuf daataaleen godinoota jahaa, anaalee jahaa fi bulchiinsa magaalaa lama irraa sassaabames kan agarsiisu sababa itti waamama fookal perisoonii irraan kan ka'e hojii ogeessi kun hojjetu xiyyeeffannaa hojichaaf barbaachisu kan hin arganne ta'uu isaa agarsiisa. Gama biraan ammoo af-gaaffii Itti gaafatamaa Waajjira Qindeessaa SFSH Oromiyaa Obbo Balaay Taaddasaa waliin gaafa

riifoormii raawwachiisuuf qofa Biiroo Ijaarsa Dandeettii duraanii rifoormii biirolee mootummaa keessa jiran ni hooggana jechuun kan qaamolee haqaas hoogganuu qaba gudunfaan jedhu irra gahuun kan hin dandaa'amnee fi qabatama amala rifoormii qaamolee haqaa tilmaama keessa kan hin galchine ture. Sababiin isaas qaamoleen haqaa sababa amala hojii isaanii irraa kan ka'e xiyyeeffannoo fi ofeeggannoo addaa barbaadu waan ta'eef. Kanaaf Waajjirri Qindeessaa jedhamee sagantaa fooyya'iinsa qaamolee haqaa qindeessu kallattidhaan walitti dhufeenya qaamolee haqaa waliin yoo qabaate malee amala addaa qaamolee haqaa tilmaama keessa galchuun haala akkamiin riifoormii qaamolee haqaa keessa jiru qindeessa gaaffiin jedhu ka'uu mala.

Gama biraan ammoo muuxannooleen biyyoota ambaa boqonnaa darbe keessatti ilaalle kan akka Moldoovaa, Boosiniyaa fi Herzegovinaa, Naayijeeriyaa fi kkf akka agarsiisutti akkasumas kallattiin Gamtaa Awurooppaa fi Baankii addunyaa illee akka agarsiisutti qaamoleen haqaa sagantaa fooyya'iinsa isaanii ofii hoogganachuu akka qaban ni agarsiisa. Kanaaf akka duugduubeetti kan isaan kaasanis amala hojii qaamolee haqaa irraan kan ka'e riifoormii isaanii qaamoleen haqaa kun akka ofiif hoogganan ykn bu'uura irraa kaasee geggeeffatan yoo taasifame amananii fudhachun bu'a qabeessummaa isaa dabaluun dandaa'ama yaada jedhu irraa ka'eeti.

Biiroon Paablik Servisii fi Misooma Qabeenya Humana Namaa hoogganaa riifoormiiwwan qaamolee mootummaa keessatti geggeeffamu yoo ta'e illee kallattiin kan qaamolee haqaa ni hooggana jechuun goolabuun kan hin dandaa'amnedha. Sababiin isaas walitti dhufeenya qaamolee haqaa waliin isaan qaban baay'ee murtaa'adha. Haala kanaan xiyyeeffannoo barbaachisu kennuufiin saganticha keessatti gumaacha barbaachisu taasisuus hin dandaa'an. Kana jechuun qaamoleen haqaa amala hojii isaanii irraa kan ka'e haalli bulchiinsaa isaanii seeraan biiroolee mootummaa biroo irraa adda bahee kan jiru waan ta'eef biirichi rifoormii yoo hoogganeyyuu kan qaamolee haqaa haala addaan ilaalamuu kan qabu ta'a. Kana irraan kan ka'e Waajjirri Qindeessaa sagantaa kana qindeessus hojii isaa guutummaan guutuutti hojechuuf haalotni isa dandeessisan guutamuufii danda'uu qaba. Haalota kanniin keessaa tokko

---

6/8/2009 geggeeffames akka agarsiisuutti itti waamamni keenya Biiroo Ijaarsa Dandeettiif Ta'uun isaa bu'uura barbaadameen sochoonee hojii keenya akka hin hojjenne gufuu nutti ta'eera yaada jedhu nuuf kennaniiru.

gurmaa'insa want ta'eef qaamni waajjiricha to'atu qaama saganticha keessaa qooda qabuu fi to'achuu danda'u ta'uu akka qabus tilmaamuun ni dandaa'ama.

Yaadota kana irraa kaanee gurmaa'insa Waajjira Qindeessaa keessatti akka rakkootti kan ka'uu danda'u inni biroon itti waamamni waajjira kanaa qaamole haqaa keessaa tokkoof maaliif akka ta'u hin barbaadamne kan jedhuuf sababni gaahaan jiraachuu qaba. Adeemsa hojiirra oolmaa sagantaa kanaa keessatti Biiroon Paablik Servisii fi Misooma Qabeenya Namaa sagantaa kana ofii hojiirra kan oolchu miti waan ta'eef rakkoowwan raawwii keessatti mudatan ilaalchisee muuxanno gahaa fi ogummaa barbaachisu qabaachuu ni danda'u jedhamuunis hin dandaa'amu waan ta'eef hoojii Waajjira Qindeessaa irratti rakkoo fiduu danda'a sodaan jedhus sirriitti tilmaamuu qaba.

i. SFSH Oromiyaa Raawwii Isaa Qindeessuu Fi Deggersa Ogummaa Kennuu

Bu'uura kwt. 6.1 dambii 82/1999 tiin akkuma agarsiifamee jiru Waajjirri Qindeessaa SFSHO gaheen hojii isaa inni jalqaba hojiirra oolmaa SFSHO keessatti raawwii sagantaalee xixiqqaa waajjiraalee saganticha hojiirra oolchan keessa jiru raawwii isaanii qindeessuu fi deggersa ogummaa isaan barbaachisu kennuu akka ta'e ni kaa'a. Kana jechuunis sagantaaleen xixiqqaan kun dhuunfaan waajjiraaleen kan hojiirra oolan yoo ta'e illee bu'uura SFSH tiin adda kan isaan taasisu bifa qondoomeen kan hojiirra oolan ta'uu isaati. Kanaafuu waajjiraaleen hojiirra oolmaa sagantaa kanaa keessatti riifoormiiwwan waajjiraalee biroo keessatti geggeeffaman tilmaama keessa galchaa adeemuu qabu yaada jedhu kan agarsiisu ta'uu isaati.

Dabalees gama biroon adeemsa raawwii keessatti rakkoo isaan mudatu ilaalchisee karaa waajjira qindeessituu furmaata argachaa akka adeemu ni kaa'a. Sababiin isaas waajjirri qindeessituu hojii kanaaf akka toluttu ogeessota of jalaa kan qabu waan ta'eef kanatti waajjiiraaleen akka faayyadaman ni eegama. Haa ta'u malee qabatamaa hojii Waajjira Qindeessituu lafa jiru ilaalchisee to'annoo fi Hordoffiin geggeeffamaa jiru laafaa ta'uu isaa hubachuun ni dandaa'ama.[222]

[222]Komiishnar Ittafaa Tolaa Komishinara Poolisii Oromiyaa, af-gaaffii gaafa 26/6/2009 geggeefame irraa kan fudhatame; Komishinar Tsahaay Nagaash, Komishinara Mana Sirreessaa Oromiyaa, af-gaaffii gaafa 26/6/2009 geggeeffame irraa kan fudhatame; Obbo Tacaan Malkaa, A/Adeemsa Qorannoo M/M Waliigala Oromiyaa, afgaafii gaafa 26/6/2007 geggeefame irraa kan fudhatame; Obbo Huseen Usmaan, Itti Aanaa Pirezidaantii Mana Murtii Waliigala Oromiyaa, (2-7-2009); Abbabaa Baayisaa, perezidaantii mana murtii aanaa magaalaa bishooftuu, gaafa 1-7-2009.

ii. Gabaasa Koree Olaanaaf Dhiheessuu

Kwt. 6(2) jalatti hojiirra oolmaa riifoormii ilaalchisee taaskfoorsii qaamolee haqaa kanneen keessatti hundaa'an wajjin ni hojjetaa ni qindeessa akkasumas gaabaasaa isaas ni dhiheessa jechuun ibseera. Hojii kana keessatti walitti dhfeenyi Waajjira Qindeessaa fi Waajjiraalee saganticha hojiirra oolchan jiddu jiru maal akka ta'u kan akeekedha. Haa ta'u malee qaamoleen sagantaa kana hojiirra oolchaan raawwii isaanii ilaalchisee gabaasa akka isaaf taasisan akka godhu aangoon haa kennamuuf malee haala akkamiin kan jedhu ilaalchisee tumaan dambii kanaa guutummaan guutuutti ifaadha jechuun hin dandaa'amau.[223] Sababiin isaas caaseffama Waajjira Qindeessaa fi walitti dhufeenya fookal personii ykn ogeessa fooyya'iinsa sirna haqaa sadarkaalee zoonii, aanaa fi bulchiinsa magaalaatti hundaa'anii jiran jidduu kallattiin walitti dhufeenyi jiru laafaa waan ta'eef. Akkasumas ogeessotni sadarkaa jalaa jiran kun hojii biroo akka hojjetanii karaa itti gaafatamaa dhihoo isaanii kan taasifaman waan ta'eef yeroo isaa eeggatee gabaasa sassaabuu, qindeessuu fi erguu irratti hanqina guddaa qabu.[224] Dabalees dambiin kun kwt. 6(5) jalatti waajjirri Qindeessaa qaamoleen kun gabaasa raawwii hojiirra oolmaa sagantichaa ilaalchisee akka taasisan ni taasisa jechuun ala yoo dhiheessuudhaa baatan maaltu dhufa kan jedhu ilaalchisee banaa akka ta'e hubachuun ni dandaa'ama.

Rakkoon kun kan mudachuu danda'es caaseffama Waajjira Qindeessaa fi Ogeessota sadarkaa jalaa jiran irraa kan ka'e kallattin karaa itti walargan hin jiru sababa ta'eefidha. Gama biraan ammoo dambii kana kwt. 6(5) jalatti gabaasa dhihaateef qindeessee koree olaanaaf ni dhiheessa kan jedhuun ala raawwii isaanii ilaalchisee xiinxala akkamii akka geggeessuu fi to'annoo fi hordoffii raawwii hojii isaanii ilaalchisee Waajjira kanaan geggeeffamu ilaalchisee ifaa miti. Kanaaf tumaaleen dambii fi qajeelfama kanaa haala kana tilmaama keessa haala galcheen fooyya'uu akka qabu ni mul'isa.

3.4.1.1. Waajjiraalee Saganticha Hojiirra Olchan Waliin Walitti Dhufeenya Jiru

Bu'uura dambii 82/1999 tiin dirqamani SFSH Oromiyaa hojiirra oolchuu kan sekteroota sagantaa kanaan haammatamaniiti. Kana jechuun koreen olaanaa fi Waajjirri Qindeessaa hojiilee isaan hojjetan hojii saganticha sekteroota hojiirra oolchaaniif deggersa kennuu,

[223] Dambii 82/1999, kwt. 6(5).

[224] Obbo Balaay Taaddasaa Hoogganaa Waajjira Qindeessaa SFSH Oromiyaa, af-gaafii gaafa 7/8/2009 geggeeffame irraa kan fudhatame.

rakkoowwan hojiirra oolmaa keessa mudataniif furmaata kennuu fi waliigalatti sadarkaa raawwii sagantichaa madaalaa adeemuun karooraa fi tarsiimoo sagantichaa fooyyeessaa deemuudha.

Bu'uura kanaan dirqamni sagantaa kana hojirra oolchuu inni guddaan tarkaanfilee sekteroonni fudhatan irratti hundaa'a. Haa ta'u malee hojiirra oolmaa sagantaa kanaa ilaalchisee sadarkaa sekteraatti kallattii kaa'amee jiru yoo ilaalle qajeelfama fi dambii kana hojiirra oolchuuf bahe kwt. 5 jalatti *"Manneen Hojii SFSH hojiirra oolchan keessatti ogeessi kaka'umsa, dandeettii fi ogummaa isaatiin hogganaa gargaaruuf filatamee ramadamuun qaamolee dhimmi ilaallatu wajjin quunnamtii uumuun hojjetu qajeelfama kanaan dabalameera."* jechuun ibseera. Tumaa kana irraas kan hubatamu hojiin riifoormii kun kan hoogganaa fi nama tokko qofa irratti rarra'ee hojiirra oolu qofa akka ta'eetti ni kaa'a.

Gama biraan ammoo sagantaa fooyya'iinsa sirna haqaa kana ilaalchisee akka sectora mootummaa tokkootti sadarkaa naannoodhaa kaasee hanga sadarkaa aanaa fi bulchiinsa magaalaatti walitti dhufeenyaa ogeessotni sadarkaa sectoraatti filataman waliin qaban ilaalchisee waanti ibsame hin jiru. Kana jechuun hojiirra oolmaa sagantichaa keessatti sekteroonni sadarkaa tokko irra jiran quunnamtii taasisuu kan qaban koree qindeessituu sadarkaa isaanii irra jiru waliin qofa akka ta'eetti ni kaa'a, haa ta'u malee sektorri tokko quunnamtii sadarkaa olaanaa sectora isaa waliin taasisuun sirreeffamni barbaachisu akka fudhatamu taasisuu ilaalchisee tilmaama keessa kan galche hin fakkaatu.

Dabalees walitti dhufeenyi koree qindeessaa fi qaamolee sagantaa kana hojiirra oolchaan kan ittin dhugoomu keessaa tokko kallatti gabaasa hojii sagantichaan akka ta'e dambii fi qajeelfamni sagantaa kan hojirra oolchuuf baahe ni ka'a. Qabiyyee gabaasa dhihaatuu ilaalchisee haala waliigalaatiin maal maal akka of keessati qabachuu qabu ilaalchisee qajeelfama dambii 82/1999 raawwachisuuf bahe kwt. 11 jalatti tarraa'ee jiru yoo ilaale bifa waliigalaan kan kaa'amedha. Kun ammoo waajjiraaleen gabaasa hojii idilee isaanii akka isaan koree kanaaf dhiheessan taasisaa akka jiru kan mul'isu yoo ta'u bu'uura KGT lammaaffaa (2008-2012) kaa'amee jiruun hojii hojjetamaa jiru kan KFSH irratti haala xiyyeeffateen

adeemaa kan hin jirre ta'uu isaa qabatamaan kan lafa jirudha.[225] Kun rakkoolee lama agarsiisuu danda'a tokkoffaa foormaatiin gabaasni ittiin dhihaachaa jiru ifaa ta'uu dhabuu fi lammaffaa irratti hojiin waajjiraalee saganticha hojiirra oolchan keessatti bifa sagantaalee xixiqqaa jedhamaniin kan raawwatamaa hin jirre ta'uu isaa agarsiisuu danda'a.

3.4.1.2. Gurmaa'ina Waajjira Qindeessaa fi Bajata Waajjirichaa

Armaan olitti akkuma tuquuf yaalame sagantaan kun of danda'ee sochoo'uun isaa hojiirra oolmaa isaaf barbaachisaadha. Haa ta'u malee Waajjira Qindeessaa SFSH Oromiyaa ilaalchisee kan kwt. 3 dambicha jala jiru akka agarsiisutti waajjiricha bajata isaa Waajjira Pirezidaantii Bulchiinsa Mootummaa Naannoo Oromiyaa fi Biiroo Paablik Servisii fi Bulchiinsa Qabeenya Humna Namaa (yeroos Biiroo Ijaarsa Dandeettii kan jedhamu) irraa akka argatu ibsa. Kana jechuun Waajjiri kun akka sektara mootummaa tokkootti of danda'ee bajata mataa isaa dhabuun isaa hojii karoorfateef bajata barbaacha gara biiroolee kanneenii kan adeemu ta'uu isaa agarsiisa.[226] Kun ammoo hojiin biiroo kanaa biirooleen kunniin sagantaa fooyya'iinsa sirna haqaa kana akka qaama kanaaf bajatni of danda'e akka ramadamuuf kan agarsiisu akka hin taane ni agarsiisa. Sochiin Waajjira Qindeessaa kan hundaa'u biiroleen kunniin hojii waajjiri kun hojjetu akka hojii isaaniitti fudhachuun bajata ramaduuf fedhii isaan qabanii fi hojiilee idilee isaanii waliin sadarkaa walqixa kennuun qooddii bajataa taasisuu danda'uu isaanii irratti hundaa'a. Bu'a qabeessummaa Waajjira Qindeessaa bajataa fi fedhii qaama biraa irratti kan hunda'u ta'uu isaa mul'isuu irra darbee sagantaan kun xiyyeeffannaa barbaachisu akka hin arganne taasisuu keessattillee gahee mataa isaa qaba.

Dabalees yeroo ammaa kana biiroleen Oromiyaa gurmaa'iinsi isaanii yeroo yeroon geggeeddarmaa kan jirudha. Bu'uura kanaan Biiroon Ijaarsa Dandeetti kan jedhamaa ture gara Biiroo Siivil Servisiitti yeroo ammaa ammoo gara Biiroo Publik Servisii fi Misooma Qabeenya Humana Namaatti kan geeddaramee jiru yoo ta'u, sadarkaa biiroo kanaas gadi bu'ee jira. Duraan sadarkaa Itti aanaa Pirezidaantii Naannoo kan ture amma sababa gurmaa'insi kun hafeef sadakaa biiroo naannoo tokkotti gadi bu'eera. Kana irraa kan ka'e Waajjirri Qindeessaa Biirro Paablik Servisii fi Misooma Humna Namaa jalatti gurmaa'ee haa turu jechuun xiyyeeffannoo

---

[225] Waajjira Qindeessaa SFSH Oromiyaa. Duub-deebii Gabaasa Raawwii Hojii SFSH Godinaalee fi Magaalota Bara 2008, irraa akka hubachuun dandaa'amuutti wantoota akka rakkooti ka'an keessaa tokko raawwii sagantaalee xixqqaa mannen hojii irratti hundaa'uun gabaasni qindaa'e dhihaachuu dhabuu isaati.

[226] Obbo Huseen Umar, I/aanaa Pirezidaantii M/M Waliigala Oromiyaa, af-gaaffii gaafa 26/2006 geggeeffame irraatti akka ibsanitti waajjiri kun karaa kamiinuu of danda'ee socho'uu dadhabuun isaa hojiirra oolmaa sagantichaa irraan keessumaa kallatti to'annoo fi hordoffiin dhiibbaa guddaa qaba.

duraan karaa Itti Aanaa Pirezidaantii ni argate jedhamee tilmaamaa ture fi walitti dhufeenya qaamolee haqaa waliin sagantaan kun qabaachuu dandaa'a jedhamee yaadamee ture irra caalaa akka fagaatu kan taasisu ta'a jechuudha.

Yeroo ammaa kana itti waamamni Waajjira Qindeessaa ilaalchisee karaa lama ol ta'uun isaa hojii waajjirichaa irratti dhiibbaa fidee jira. Kunis karaa tokkoon Biiroo Paablik Servisiif karaa biroo ammoo Koree Olaanaaf ta'uun isaa hojiif haala mijataa hin uumu. Kanaaf gurmaa'insi waajjira kana haala hojiicha tilmaama keessa galcheen ta'uun dirqama.[227]Waajjirri qindeessaa SFSH dambii lak 82/99 hundeeffame. Aangoo fi gaheen hojii isaatii dambii kanaan tumameera. Gurmaa'insa ilaalchisee ittigaafatamaa waajjiraa, garee oggeessotaaa fi hojjetoota biroo qaba. Itti waamamni ittigaafatamaa waajjiricha Ittaanaa Pirezidaantii fi hogganaa Biiroo Ijaarsa Dandeettiif akka ta'e kan tumame yoo ta'u, yeroo ammaa kana garuu haalli caaseffamaa fi maqeessi biiroo kanaa waan jijjiirameef ittiwaamamni ittigaafatamaa Biiroo Paablik Sarvisii fi Misooma Human Namaaf ta'a jechuudha.[228] Waajjirichi bu'aa raawwii hojii isaatii fi hojiirra oolmaa SFSH qindeessee koree olaanaa SFSH tiif waan dhiyeessuuf walitti qabaana koree olaanaa (Pirezidaantiin Bulchiinsa Mootummaa Naannoo Oromiyaa) hogganaa ittigaafatamaa waajjirichaa ta'a jechuun ni danda'ama.[229] Waajjirichi wanta hojiidhaaf isa barbaahisu hunda Waajjira Prezidaantii Bulchiinsa Mootummaa Naannoo Oromiyaa fi Biiroo Ijaarsa Dandeettii irraa argata jedhee tumaa kan jiru yoo ta'ellee sababa jijjiirama caaseffamaa fi maqeeffama biirooleetiin yeroo ammaa kana waajjirichi baajata isa barbaachisu Biiroo Paablik Sarvisii fi Bulchiinsa Humna Nama Oromiyaa irraa argata jira.[230]

Waajjirichi aangoo fi gahee hojii adda bahee isaaf kenname haa qabaatu malaa akka qaamolee motuummaa kaanii bajata qabu irratti karoora akka baafatuuf hin taasifamne. Hojiilee waajjirri kun hojjetu muraasa yoo ilaalle; SFSH hojiirra oolchuu keessatti deeggarsa ogummaa kennuu, rakkoowwan raawwii irratti mudatan qorachuun yaada fooyyessaa maddisiisuu fi bu'aa SFSH argame qindeessuu fi hubachiisuu, fi kkf hojjeta.[231] Waajjirichi yeroo ammaa kana qabatamatti gahee hojii isaatiin duraan eeraman kanneenitti dabalee hojiiwwan biroos hojjechaa kan jiruu fi

---

[227] Obbo Balaay Taaddasaa Hoogganaa Waajjira Qindeessaa SFSH Oromiyaa, af-gaafii gaafa 7/8/2009 geggeeffame irraa kan fudhatame.

[228] Dambii lak 82/99 kwt 5(2) hidha

[229] Dambiii lak 82/99 kwt 7

[230]Obbo Balaay Taaddasaa Hoogganaa Waajjira Qindeessaa SFSH Oromiyaa, af-gaafii gaafa 7/8/2009 geggeeffame irraa kan fudhatame.

[231] Dambii lak 82/99 kwt 6

gaheen hojii isaatii kunis fooyya'aa kan jiru ta'uu hogganaan waajjirichaa ni ibsu.[232] Fakkeenyaaf, torban kora haqaa qindeessuu, yaada uummatni kenniinsa tajaajila haqaarratti qabu walitti qabuu fi qindeessuun koree sadarkaan jiraniif dhiyeessuu, hanqina hojmaata fi naamusa ogeessota qaamolee haqaa ilaachisee raawwii qaamoleen haqaa qaban qindeessaa fi miseensa garee to'annoo fi do'ii ta'uun hojjechuu, fi kkf irratti bal'inaan hirmaachaa jira.

Aangoo fi gaheen hojii waajjira kanaaf kenname hojiirra oolmaa SFSH qindeessuu fi hojiirra oolmaa isaa abbummaan hordofuu yoo ta'u qabatamatti gahee hojii isaa kana bahuurratti hanqinaalee garagaraa akka qabu namootni af-gaaffii deebisan ni ibsu. Hanqinaaleen kanneenis gama hanqina caaseffama waajjirichaa fi hanqina raawwachistummaa ogeessotaatiin ilaalamuu kan danda'anii dha:

- Waajjirri kun miseensa koree olaanaa SFSH hata'u malee dhimmoota koreen murtii irratti dabarsu irratti mirga sagalee kennuu hin qabu: yaadni hogganaan waajjirichaa dhiyeessu hayyama dhuunfaa miseensotaa qofarratti hundaa'uun keessummeeffamuu yoo danda'ees akka waajjira abbummaan SFSH hordofuutti dhimma hojiirra oolmaa SFSH koreen murteessurratti sagalee kennuu hin danda'u. Miseensa koree ta'ee sagalee dhabuun miseensummaa waajjirichaa fi abbummaan hordofuu SFSH isaa dhimma gaaffii keessa galchuu ta'uu dandaa'a.
- Waajjirri kun hojiif wantoota isa barbaachisan biiroo Paablik Sarvisii fi Misooma Humna Naamaa irraa kan argatu yoo ta'u hojiin hojjetu ammoo hojii SFSH qaamolee haqaarratti raawwatiinsa qabaatuudha. Haalli casseffama waajjiraa kaayyoo hundeeffama isaatii galmaan gahuu haala isa dandeessisuun qaamolee haqaa wajjiin kan walitti hidhatu miti. Qaama hojicha hin raawwachiifnee fi raawwii hojichaa keessattis abbummaan hin hirmaanne maallaqaa fi wantoota barbaachisoo ta'an biroo waajjirichaaf akka dhiyeessu taasisuun hanqinni wal-hubannoo akka uumamu taasisa. Kanaafuu, haalli hojmaata ittiwaamamaa waajjirichaa fi haalli hojmaata qaamolee haqaa garagara waan ta'eef haalli caaseffama waajjirichaa haala raawwii gahee hojii isaatii wajjiin

[232] Obbo Balaay Taaddasaa Hoogganaa Waajjira Qindeessaa SFSH Oromiyaa, af-gaafii gaafa 7/8/2009 geggeeffame irraa kan fudhatame.

walsimuurratti hanqina kan qabuu fi raawwii hojii waajjirichaarratti dhiibbaa mata-isaatii dhaqqabsiisuu keessatti gahee qaba.[233]

- Hojiiwwan ijoo waajjirichaaf kennaman kan akka SFSH hojiirra oolchuu keessatti rakkoo cimaa ta'an qoratee adda baasuu dhabuu, leenjii qaamolee saganticha raaawwachiisaniif kennuu dhabuu, SFSH caalaatti bu'a qabeessa gochuuf yaadota haaraa maddisiisuu fi hojiirra akka oolan gochaa adeemuu dhabuu, qamolee hirtaa biyya keessaa fi alaa deeggarsa ogummaa fi maallaqaa kennanii wajjiin qindoomina uumuu dhabuu fi kkf irratti wajjirichi hanqina qaba.[234]
- Akkaataan caaseffamaa fi gurmaa'insa waajjira kanaa amma jiru hojii idilee waajjirichaa irratti dhiibbaa guddaa qaba. Fakkeenyaaf waa'eedhuma raawwii SFSH walitti qabaa koree (Pirezidaantii Naannoo) waliin mari'achuuf akka abbaa dhimmaatti beellama qabachuun akka keessumeeffaman yeroo ta'u ni mul'ataa. Gama biroon hojii koree ilaalchisee iddoo walitti qabaan hin jirretti ammoo itti aanaan ajandaaleen dhihaatan kun humna koo oli waan ta'eef walitti qabaan dhimmicha irratti haa mari'achiisu jechuun ajandaan yeroo bulu ni jira.[235]
- Waajjirri kun ogeessa SFSH godina, aanaa fi bulchiinsa magaalaa irra jiraniif deeggarsa ogummaa kennuurratti akkasumas gamaggama hojii isaanii gaggeessuurratti hanqina qaba. Ogeessotaaf leenjii gahaa hin kennu; waggaatti ykn isaa olitti ogeessota kan walitti qabu yoo ta'ellee waa'ee gabaasa dhiyeessuu kkf irratti mari'achuu malee leenjii dandeetti cimsu kennuurratti hanqina bal'aan akka qabu ogeessotni ni eeru.[236]
- Dabalataan sadarkaa zoonii fi aanaatti sochii hojii geggeessuuf sagantaan kun of danda'ee bajata kan hin qabne waan ta'eef yeroo hundumaa kadhataa fi deggersa irratti kan hundaa'e ta'uun isaa akka barbaadame akka hin sochoone taasiseera. Dabalees hojiirra oolmaan sagantaa kanaa fi mareen idileessuun yeroo baay'ee fedhii itti

---

[233] Obbo Balaay Taaddasaa Hoogganaa Waajjira Qindeessaa SFSH Oromiyaa, af-gaafii gaafa 7/8/2009 geggeeffame irraa kan fudhatame.

[234] Komiishinar Ittafaa Tolaa Komishinara Poolisii Oromiyaa, af-gaaffii gaafa 26/6/2009 geggeefame irraa kan fudhatame.

[235] Obbo Balaay Taaddasaa Hoogganaa Waajjira Qindeessaa SFSH Oromiyaa, af-gaafii gaafa 7/8/2009 geggeeffame irraa kan fudhatame.

[236] obbo Tafarraa Waldee , Itti Gaafatamaa W/Haqaa Godina Addaa Naawwaww Finfinnee, gaaffiif deebii gaafa 9/7/2009 irraa kan fudhatame.

gaafatamtootaa irratti kan rarra'u ta'uun isaa hojiirra oolmaa sagantaa kanaa gadi buuseera.[237]

- Raawwii SFSH manneen hojii keessa jiru ilaalchisee gabaasa dhiyaatu ilaalurra darbee dhimmichi qabatamatti maalirra akka jiru qulqulleessuu ilaalchisee hojii waajjirichi hojjechaa jiru laafaa akka ta'ee fi hanqinni gama kanaan jiru yeroo gara yerootti xiqqaachaa deemaa akka hin jirre namootni af-gaaffii deebisan ni eeru.[238]

3.4.2. Ogeessa SFSH

Dambiin lak 82/1999 ogeessi SFSH miseensa koree Qindeessaa SFSH godinaa, aanaa fi bulchiinsa magaalaa ta'uu kwt 8 jalatti ibsuurra darbee waa'ee ogeessa SFSH waan dubbatu hin qabu. Gaheen hojii isaatii boodarra akka miiltoo qajeelfama 1/2001tti qofaatti bahee kan itti dabalame ture. Kana jechuunis gaheen hojii ogeessa SFSH dambiin ykn qajeelfamaan kan tumame osoo hin taanee bifa murtii koree Qindeessaa olaanaa SFSH kan darbe, miiltoo qajeelfamichaa kan ta'ee dha. Bu'uura dambii lak 82/99 ogeessi SFSH koree irratti sagalee malee kan hirmaatuu fi qaboo yaa'ii qabuun koricha kan tajaajilu yoo ta'u miseensa koree fi miiltoo caqasame kanaatti ogeessi SFSH aangoo fi gahee hojii SFSH sadarkaa godina, aanaa ykn bulchiinsa magaalaa keessatti ramadamee jiru abbummaan hordofa.

Haaluma kanaan, SFSH karoora baafachuun raawwachiisuu, sagantaalee xixiqqaa SFSH manneen hojii keessatti raawwatamuu isaanii hordofuu, hubannoo SFSH akka uumamu gochuu, waltajjiiwwan marii akka qopha'an gochuu, raawwii SFSH ilaalchisee gabaasa dhiyeessuu, fedhii leenjii manneen hojii adda baasuu fi manneen hojii raawwii gaarii qaban jajjabeessuu hojjeta. Ajandaa, karooraa, raawwiii fi gabaasa adda addaa qophessutti dabalee kora haqaarratti uummatni dhiyaatee yaada isaa akka kennu rakkoon gama sanaan jiru akka furamu haala ni mijeessa. Yaada uummatni kenniinsa tajaajila haqaarratti qabu qindeessee koreef dhiyeessuun koreen sadarkaan jiru akka mirkaneessu erga taasisee booda Waajjirra Qindeessaa SFSH tiif erga.

Hojii ogeessi SFSH akka hojjetuuf aangeffame hojiirra oolmaa SFSH abbummaan hordofuu waan ta'eef, hoji bal'aa yoo ta'u hojii ogummaa fi dandeettii, maallaqa (baajata), yeroo fi tumsa

---

[237] Obbo Huseen Umar, I/aanaa Pirezidaantii M/M Waliigala Oromiyaa, af-gaaffii gaafa 26/2006 geggeeffame irraa kan fudhatame.

qaamolee adda addaa barbaadudha. Qabatamatti ogeessi SFSH gahee hojii itti kenname raawwachuu kan isa dandeessisu aangoo qabachuu isaatii fi SFSH hojiirra oolchuurratti hanqinni gama isaatiin jiru maal akka fakkaatu gabaasisnee ilaaluu yaalla.

- Namootni ogeessa SFSH ta'anii ramadaman, bakka baay'eetti, gahumsa hojichi barbaaduu kan akka ogummaa seeraa, ogummaa qindeessuu fi hubannoo SFSH qabaachuurratti hanqina qabu.[239] Ogummaa fi hubannoo barbaachisu osoo hin qabaatiin namootni bakka sanatti ramadamanii hojjetan hedduu yoo ta'an bakka sanatti osoo hin ramadamiinis namootni bakka bu'umsaan (yeroof) hojjetan baay'ee dha. Fakkeenyaaf, Godinni Arsii Lixaa aanolee 13 fi bulchiinsa magaalaa sadii kan qabu waan ta'eef gita sadarkaa godinaatti jiru osoo hin dabalatiin ogeessa SFSH 16 barbaada. Hata'u malee, yeroo daataan qorannoo kanaa walitti qabametti ogeessotni bakkichatti ramadamanii jiran shan qofa- bakki 11 hojii kana hojjechuuf namoota ogummaa fi hubannoo isaa hin qabneen qabamee jira.[240] Bifuma walfakkaatuun, Godinni Arsii, kan sadarkaa godinaa osoo dabalatiin, ogeessa SFSH 25 barbaada; bakkeewwan hojii jiran kanneen keessaa kudhan qofti ogeessaan kan qabame yoo ta'u bakkeewwan 15 ammoo bakka bu'ummaan namoota ogummaa fi hubannoo barbaachisu hin qabneen kan qabamee dha.[241] Namootni ogummaa fi hubannoo barbaachisu akkasumas faayidaa bakkichaa osoo hin argatiin bakka bu'ummaan hojjetan hojii SFSH aanichaa ykn bulchiinsa magaalichaa abbummaan hoogganuurratti hanqina ifa galaa kan qaban ta'uun hubatamaa dha. Hanqinaalee kenneen keessaa gaabaasa, karooraa fi raawwii SFSH qulqullinaa barbaachisuu fi yeroo barbaadamutti akka hin dhiyeessine taasisaa kan jiru yoo ta'u qulqullina hojii koree godinaa fi ogeessa SFSH godinaa irratti dhiibbaa mataa isaatii dhaqqabsiisaa jira jechuun ni danda'ama.[242]

---

[239] Komandar Mokonniin Taaddasee, hogganaa waajjira poolisii magaalaa shaashmaannee, 30-6-2009 ; Obbo Yilmaa taaddasee, Ogeessa SFSH aanaa Shaashmaannee, 29-6-2009; Obbo Caalii Baqqalee, focal person, bulchiinsa magaalaa gimbii, 15-6-2009; Obbo Galmeessaa Itichaa, ogeessa seeraa SFSH Godina Arsii Lixaa, 28-6-2009; Obbo Warqinaa Galataa, Hogganaa Waajjira Haqaa Aanaa Gimbii, 14-6-2009; Obbo Iyyob Dastaa, hoogganaa waajjira haqaa aanaa ada'aa

[240] Obbo Galmeessaa Itichaa, ogeessa seeraa SFSH Godina Arsii Lixaa, 28-6-2009; Obbo Masfiin Asaffaa, Bulchaa Godina Harargee lixaa, 15-6-2009

[241] Adde Loomii Kafanii, Ogeessa SFSH Godina Arsii, 16-5-2009

[242] Obbo Arshii Najaash, Ogeessa SFSH Godina Harargee Lixaa, 14-6-2009; Itti gaafatamtoota Qajeelcha Poolisii, Wajjira Haqaa, Mana Murtii Godina Addaa Naannawaa Finfinee, 9-7-2009;

- Ogeessa SFSH ilaalchisee rakkoon jiru tokko rakkoo caaseffamaa fi bakka ramaddii wajjiin kan wal-qabatuu dha. Ogeessi kun Waajjira Paabliik Sarvisii fi Misooma Qabeenya Namaa damee sgantaa ijaarsa dandeettii jalatti gita ogeessa SFSH irratti ramadamee hojjeta. Waajjirri kun hojiiwwan riifoormii naannicha keessatti gaggeeffaman irratti qorannoo gaggeessa; itti fufiinsaan hojiirra akka oolan taasisuurratti deeggarsa barbaachisaa kenna.[243]
- Hojiiwwan rifoormii keessaa tokko hojii rifoormii SFSH dha. Hata'u malee, SFSH amala addaa, ogummaa addaa fi raawwii addaa kan barbaadu waan ta'eef abbummaan waajjira kanaan kan gaggeeffamu ta'uu hin danda'u: rifoormicha kan hojiirra oolchan manneen hojii qaamolee haqaati. Haaluma kanaan, ogeessi SFSH qaaman waajjira kanatti ramadamuun manneen hojii qaamolee haqaa irra deemee daataa barbaachisan walitti qabata. Hima biraatiin, namni kun hidhata hojii waajjiraa isaatii wajjiin osoo hin taane qaamolee haqaa kan akka Mana Murtii, Waajjira Haqaa, Waajjira Poolisii, fi Mana Sirreessaa wajjiin hidhata hoji cimaa qaba. Hogganaan waajjira ogeessichaa fi hoggantootni hojii ogeessi hojjetuu gargar waan ta'aniif hojii ogeessi hojjetu irratti hogganaan waajjiraa hubannoo gahaa hin qabu; hojichas hin hordofu hin gamaaggamus. Fakkeenyaaf, SFSH kan hojiiira oolchuu fi hojiirra oolmaa isaa kan gamaaggamu manneen hojii qaamolee haqaa dha. Hojii ogeessi hojjetu kan gamaggamuu fi qabxii madaallii laatuuf mana hojii isaatiii osoo taahe hoggantoota manneen hojii qaamolee haqaati.
- Ogeessi SFSH hojiirra oolmaa SFSH hordofuuf manneen hojii saganticha hojiirra oolchan irra deemuun hojmaata isaanii to'achuu qaba. Gahee hojii isaatii kana raawwachuuf yeroo hunda hoggantoota isaa sadarkaan jiran hayyamsiisuu qaba. Hojii idilee mana hojichaa hoggantootni isaa akka hojjetu isa ajajanis raawwachuu kan qabu yoo ta'u bakka tokko tokkotti hojiin idilee mana hojiisaa heddummachuun hojii SFSH boodatti yoo harkisu ni mul'ata.[244]
- Miindaa fi faayidaalee ogeessi SFSH argachaa jiru dhamaatii, ogummaa fi dandeettii bakkichi barbaaduu wajjiin akka wal-hin gitne sababoota akeekan ogeessotni daataan

[243] Labsii qaamolee raawwachiistuu lak 199-2008, kwt 17(6)

[244] Aadde loomii Kafanii, Ogeessa SFSH Godina Arsii, Af-gaaffii gaafa 15/5/29 geggeefame irraa kan fuhatame.

irraa walitti qabame ni eeru.[245] Fakkeenyaaf, ogeessotni baay'een hojii SFSH hojjechaa hin turan: dafanii hojii gadi lakkisuun hojii biroo barbaadatu.

- Hojii ogeessi SFSH akka hojjetaniif itti kennamee fi aangoon hojicha hojjechuu isaan dandeessisu akka wal-hin simne namootni af-gaaffii deebisan ni ibsu. Aangoo gahaa ta'e akka hin qabne sababootni akeekaniis jiru. Fakkeenyaaf, koree keessatti miseensa yoo ta'ellee akka miseensota biroo sagalee hin qabu: yaada miseensotni biroo dabarsan qofa barreessa. Bakka tokko tokkotti ammoo yaada ogeessaa keessummeessu irraa miseensotni koree of-qusatanii fi hamilee ogeesichaa itti miidhan jira.[246] Manneen hojii SFSH hojiirra oolchaan ogeessi SFSH aangoo hojiirra oolmaa SFSH hordofuu akka qabu hubatanii bifa sanaan keessummeessuurra ogeessicha akka nama ergaa qofa deemuutti fi tajaajil sekireetarii kennuuf ramadamee qofaatti ilaaluun ni mul'ata.[247]
- Ogeessa SFSHtti hojiin ni heddummata, hojii SFSH hojjechuutti dabalee hojii bulchiinsa gaarii akka waliigalaa keessattis si'oominaan ni hirmaata. Ogeessotni godinarra jiran gabaasaa fi karooraa ogeessi SFSH aanolee irraa ol-dabarsan walitti qabanii qindeessun WQSFSHf ol-dabarsu. Fakkeenyaaf, ogeessi SFSH godina Arsii karooraa fi gabaasa aanolee 25 dubbisanii fi qindeessanii qaama dhimmi ilaaluuf kan egan yoo ta'u hojii dabalataa waajjjirri isaanii itti kennuu wajjiin walitti dabalamee kan ulfaatu akka ta'e eeru; hojichi nama tokkotti kan ulfaatu akka ta'uu danda'u tilmaamuun salphaa dha.[248]
- Karoorri waggaa SFSH akka waliigalaatti koree Qindeessaa olaanaatiin (kan WQSFSH keessatti miseensa ta'eef qopheesseefii dhiyeessu) bahee koreewwan sadarkaa gadii irra jiran ammoo karoora sanaa fi haala qabatama godina/aanaa/bulchiinsa magaalaa isaanii irratti hundaa'uun baafachuu qabu. Hata'u malee, qabatamatti haala kanaan koreewwan gadii karoora baasaa hin jirani. Ogeessotni SFSH karoora qaamolee haqaa fuudhanii erga cuunfanii akka karoora koreetti qopheessuun koreen akka mirkaneessu gochaa jiru. Isuma kanayyuu koreen dafe yerootti hin mirkaneessu. Gama biraan manneen hojii

---

[245] Obbo Balaay Taaddasaai …, Adde Loomii,

[246] Yilmaa taaddasee, Ogeessa SFSH aanaa Shaashmaannee, 29-6-2009

[247] Komaadar Rattaa Balaachoo; Namootni baay'een focal person akka *waree nagaarii qofa* godhanii ilaaluutu jira, namni aangoo hin qabne raawwachiisuu hin danda'u

[248] Aadde loomii Kafanii, Ogeessa SFSH Godina Arsii, Af-gaaffii gaafa 15/5/29 geggeefame irraa kan fuhatame.

gabaasaa fi karoora isaa yerootti ogeessa SFSH waan hin ergineef karoora qopheessuufis ta'e gabaasa qopheessanii dhiyeessuuf akka rakkatan ni eeru.[249]

- Ogeessota SFSH leenjiin barbaachisu kennamaafii akka hin jirre ogeessotni af-gaaffii deebisan ni ibsu. Yeroo muraasa bifa leenjiitiin kan waamamanii turan yoo ta'ellee gabaasa dhiyeessurra kan darbee haala hojii isaanii itti raawwatan kan agarsiisu leenjii gaahaa akka hin fudhanne akeeku.[250]

[249] Hambisa Tolasaa, ogeessa seeraa SFSHa, godina wallagga lixaa.
[250] Mulunaa Dambii, ogeessaa SFSH magaalaa bishooftuu, 1-7-2009

Boqonnaa Afur

Yaadota Gudunfaa fi Furmaataa

3.1. Yaadota Gudunfaa

Koreen SFSH bu'aa SFSH yoo ta'u kaayyoo fi gaheen hojii isaatii inni guddaan hojiirra oolmaa SFSH keessatti deeggarsa barbaachisaa ta'e manneen hojii qaamolee haqaatiif kennuu; rakkoo gama qindoominaa, bajataa, hubannoo fi itti gaafatamummaatiin jiran furuun bu'a-qabeessummaa kenniinsa tajaajila haqaa naannoo keenyaa mirkaneessaa adeemuu dha. Gabaabaatti kaayyoon hojii koree kanaa SFSH bifa qindaa'aa ta'ee fi tarkaanfataa adeemuu danda'uun hojiirra akka ooluuf tumsaa barbaachisaa ta'e qaamolee haqaa saganticha hojiirra oolchaniif taasisuu dha. Raawwii SFSH manneen hojii qaamolee haqaa abbummaan hordofuun ciminaa fi hanqina gama kanaan jiru qindeessuun hojii koreetiif haala kan mijeessu Waajjirri Qindeessaa SFSH akka Naannootti hundeeffamee jiru yoo ta'u sadarkaa godinaa, aanaa fi bulchiinsa magaalaatti ammoo ogeessa SFSH jiruu dha.

Sagantaa fooyya'iinsa sirna haqaa hojiirra akka ooluuf tumsa taasisuun kenniinsi tajaajila haqaa caalaatti bu'a-qabeessa taasisuu keessatti hanqinaaleen fi hudhaaleen raawwii keessatti mudatan haa jiraatan malee koreen bu'aalee hedduu argamsiiseera. Isaanis, qindoomina qaamolee haqaa gidduu jiraachuu qabu jabeessuu, bajataa fi humna namaa gahumsa qabu ramaduun manneen hojii cimsuu, uummatni kenniinsa tajaajila haqaa irratti yaada isaa akka kennu gochuun hirmaannaa uummataa fi itti gaafatamummaa qaamolee haqaa mirkaneessuu. Itti dabalees komiin qaamolee haqaa irratti ka'u bifa ifa ta'ee fi qindaa'een dhiyaatee furmaata akka argatu haala mijeessuu, bilisummaa fi itti gaaafatamummaan manneen hojii qaamolee haqaa akka mirkanaa'u gochuu fi kkf hojjechuun raawwiin SFSH bu'aa akka argamsiisu taasisaa jira.

Dambii fi qajeelfamni hundeeffamaa fi gahee hojii koree ilaalchisee daangaa aangoo hojii isaatii adda baasuu yaalaniiru. Armaan olitti akka ibsame, koreen hojiirra oolmaa SFSH abbummaa fi adda durummaan kan hoogganu waan ta'eef dhimma SFSH wajjiin wal-qabatu hunda hojii idilee manneen hojii keessa osoo hin seeniin ilaaluu fi gamaggamuun kallattii furmaataa kaa'uu akka qabu qajeelfamnii fi dambiin hundeeffamaa fi gahee hojii koree tumu ni ibsa. Haata'u malee, bakka baay'eetti koreen daangaa aangoo isaatii ala bahuun yookaan daangaa aangoo isaatii dhiphisuun gahee hojiisaa haala barbaadamuun raawwachuurratti hanqina akka qabu

qorannoon kun ni agarsiisa. Fakkeenyaaf, akka waliigalaatti dhimma hojiirra oolmaa sagantichaa (SFSH) irratti mari'achuun saffinaa fi qulqullina kenniinsa tajaajilaarratti mari'achuu irra itti gaafatamummaa Mana Murtii, Waajjira Haqaa fi Poolisii qofa mirkaneessuu irratti duufuun kaayyoo korichaa isa guddaa dagachuun bal'inaan mul'ata. Haaluma kanaan, daangaa aangoo koree keessaa bahuun dhimmoota manneen hojiitti ilaalamaa jiran, ilaalamuuf jiranii fi murtii argatan dhiyeessuun kallattii murtii agarsiisuu yookan akka qaamaa ol'iyyata dhagahutti hanqinaalee murtii ibsuun kallattiin tarkaanfii ogeessota irratti fudhachuu yaalu. Gama biraan ammoo SFSH Mana Sirreessaa, Biiroo Bulchiinsaa fi Nageenyaa, Komishinii Naamusaa fi Farra Malaammaltuu fi Waajjira Af-Yaa'ii keessaatti raawwiin isaa maal akka fakkaatu ilaaluu fi gamaggamaa deemurratti hojii koreen hojjetu laafaa ta'uu hubachuun ni dandaa'ama.

Koreen gahee hojii seeraan kennameef kana itti gaafatamummaa guutuun fudhachuun xiyyeeffannoo, kutannoo fi hubannoo barbaachisuun raawwachuu irratti hanqina qaba. Miseensotni koree hojii koree akka hojii lammaffatti ilaaluun gumaacha isaan irraa barbaadamu bahuurratti hanqina guddaa calaqqisuusu. Miseensotni tokko tokko waltajjii koree kana akka iddoo itti tajaajila qaamolee haqaa irraa argatan ilaalchisee komii dhiyeessan qofa godhanii koree fudhachuun dhimma sagantaa fooyya'iinsa sirna haqaa irratti bifa waliigalaatiin mari'achuun dirqama isaanii ta'uu yeroo dagatan ni mul'ata.

Miseensotni koree, kaayyoo hundeeffamaa fi daangoo aangoo hojii koree irratti leenjii hubannoo cimsu argachuu akkasumas koreewwan sadarkaan jiran deeggarsa ogummaa fi deeggersa walirraa argachuu ilaalchisee hojiin hojjetamaa jiru gadaanaa waan ta'eef daangaa aangoo koree keessatti hojjechuu ilaalchisee qaawwii akka uumamu ta'eera. Daangaa hojii koree kanaa ilaalchisee aangoo seeraan kenname galmaan gahuuf karoora baafatan raawwachuu ilaalchisee akka hanqina guddaatti kan ka'u bu'uura karooraan bajatni karoora duukaa kan hin ramadamne waan ta'eef hojiirra oolmaa sagantichaa irratti dhiibbaa guddaa akka fidaa ture xiinxala daataa geggeeffame ni agarsiisa.

Koree SFSH sadarkaa sadarkaan jiran kan walitti qabu bulchaa Bulchiinsa Mootummaa Naannoo Oromiyaa, Bulchaa Bulchiinsa Godinaa, Aanaa fi Magaalaa dha. Walitti qabaan koree hojii hoggansa koree hedduu hojjeta. Koree walitti qabuu, karoora hojii koree baasuu, ajandaa marii qabsiisuu, marii koree hogganuu, murtii/kallatii furmaataa koreen dabarsu raawwachiisuu

fi qaama alaaf ibsa kennuu ilaalchisee adda durummaan kan aangeffamee fi ittigaafatamummaa isaa kan qabu walitti qabaa koree dha. Hoggantootni kanneen namoota hojii fi itti gaafatamummaa hedduu qaban akkasumas carraa dafanii jijjiiramuu qabani dha. Sababa kanaafis marii idileessuu, karoora haala qulqullinaa qabuun yerootti raggaasisuu fi raawwachiisuu, ajandaa marii yerootti qabsiisuu, murtii kenname raawwachiisuu fi raawwii isaa gamagamuu irratti koreen hanqina akka qabaatu taasisuu keessatti laafinni hoggansa korichaa gumaacha guddaa akka qabu xiinxallu boqonnaa sadaffaa keessatti geggeeffame agarsiiseera.

Hooggansa (walitti qaba) koree ilaachisee hanqinaalee jiran maqsuuf yaadotni akka furmaataatti miseensota koree af-gaaffii fi bargaaffiin deebii kennan irraa walitti qabame bakka gurguddaa lamatti qoodama. Isaanis, walitti qabaa koree jijjiiruu ykn waajjira qindeessaa SFSH cimsuun walitti qabaa koree amma jiru itti fufee hojii kana akka hojjetu gochuu dha. Walitti qabaan koree jijjiiramuu wayya yaadotni jedhan akka agarsiisanitti hoggansi koree yeroo, hubannoo fi xiyyeeffannoo waan barbaaduuf qaamolee haqaatiin yoo walitti qabame filatamaa akka ta'etti dhiyeesseera.

Haaluma kanaan, Manni Murtii, Biiroon Haqaa fi Waajjirri Caffee akka filannootti dhiyaataniiru. Mannii Murtii walitti qabaa koree ta'uu qaba yaadotni jedhan sababoota hedduu dhiyeessu. Akka fakkeenyatti, Manni Murtii dhimma kenniinsa tajaajila haqaa ilaalchisee quuqamaa fi abbummaan hojjechuu akka qabu seenaa hundeeffama isaa fi muuxannoo biyyota addaa kan agarsiisu akkasumas manni murtii qaamolee haqaa fi kan biroo ajajuu fi kallattii ful-duraa qabsiisuuf aangoo kan qabu ta'uusaa caqasuun ni danda'ama. Biiroon Haqaa adeemsa hojii kenniinsa tajaajila haqaa keessatti jal-qabaa kaasee hanga xumuraatti jechuunis eeruu fuudhuu kaasee hanga sirreeffamaa sirreessanii hawaasatti dabaluu akkasumas falmii sivilii dantaa mootummaa qabuu fi namoota harka qalleenyii ta'an keessatti hirmaachuu waan danda'uuf, koree SFSH walitti yoo qabe filatamaa ta'uu ibsu. Waajjirri Caffee qaamolee mootummaa sadan keessaa olaantummaa waan qabuu fi komii uummataas itti dhiyeenyaan waan hubatuuf, walitti qabaa koree ta'ee yoo hojjete filatamaa akka yaadotni ibsan jiru.

Hata'u malee, yaadota filannoo dhiyaatan kanneen irratti qeeqnii fi sodaan dhiyaatan hedduu fi xiyyeeffannoo kan argatanii dha. Manni Murtii, Biiroon Haqaa ykn Caffee haala qabatama amma jiruutiin miseensota koree akka walgahan gochuu, dhimmoota murteessoo kan akka baajataa fi qaamolee haqaa gidduutti rakkina qindoominaa uumamu irratti murtii dabarsuu, fi

SFSH akka biyyaattis ta'e mootummaatti xiyyeeffannoo olaanaa akka argatu taasisuurratti aangoo fi dandeettii gahaa qabu jechuun tilmaamuun hin dandaa'amu. Yeroo ammaa kana manni murtii walitti qabaa ittaanaa koree yoo ta'ellee koree walitti qabuu fi murtiilee murteessoo ta'an dabarsuu akkasumas miseensota koree walitti qabuurratti raawwii inni qabu hanga barbaadame akka hin taane hubachuun ni dandaa'ama. Yeroo Manni Murtii walgahii waamu miseensotni koree akka gaafa Bulchaan ykn walitti qabaan koree walitti qabuutti hin argaman akkasumas yaada furmaataa jabaa ta'e kennuurratti boodatti harkifatu. Itti dabalees, qaamoleen haqaa walitti qabiinsa Mana Murtiitiin dirree irratti waliin mari'atan kan qaban waan ta'eef dirree marii garee waliinii qaamolee haqaa wajjiin walfaakkaatiinsa qabuu fi itti waamamaa garee kana ta'es dabalataana akka hoogganaan gochuun sagantaalee kanniin walitti makuu ta'uu danda'a yaadni jedhus jira.

Hanqina gama walitti qabaa koreetiin mudachaa jiru hambisuutiif waajjira qindeessaa SFSH cimsuun walitti qabaa koree amma jiru itti fufee hojii kana akka hojjetu gochuu wayya yaadni jedhu yaada furmaataa bal'inaan filatamee dha. Pirezidaantiin/bulchaan/kantiibaan walitti qabaa koree ta'ee itti fufuu qaba yaadni jedhu namoota baay'een akkasumas bal'inaan akka dhiyaatu sababootni taasisan hedduu dha. Isaanis, miseensotni koree qaamolee mootummaa sadanii fi waldaalee ogeessota seeraa irraa kan walitti dhufan waan ta'aniif koree kan walitti qabu kallattiinis hata'u alkallattiin itti gaafatamaa qaamolee kanneenii waan ta'eef hirmaannaa miseensota mirkaneessuu fi hogganuu ilaalchisee bu'aa fooyya'aa argamsiisuu danda'a.

Yaada eenyu haa hoogganu jedhu kana kallatti biraan yoo ilaallu koreen deeggarsa barbaachisaa ta'e kan akka maallaqaa hojii koreef barbaachisu akkasumas hojii Waajjira Qindeessaaf barbaachisu sodaa malee haala akkamiin argachuu danda'a kan jedhu tilmaama keessa haala galcheen ta'uu qaba. Kana irraan ka'uun walitti qabaan koree baajata irratti murtii dabarsuu keessatti gahee olaanaa kan qabuu yoo ta'e korichi humna cimaa argata. Qabatamaan daatan xiinxalames akka agarsiisutti miseensotni baay'een gaafa walitti qabaan koree walgahii waamu walitti qabamu, murtiin SFSH lafa qabsiisuu danda'anis gaafa sana murtaa'u, hojiirra oolmaan isaanis caalmaatti mirkanaa'aa kan jiru yoo walitti qabaan kallattii kaa'ee dha.

Koreen karoora raawwii hojii wagga waggaan kan baafatu yoo ta'ellee baajata/maallaq karoora kana ittiin rawwachiifatu hin qabu. Dambii fi qajeelfamni hundeeffamaa fi raawwii hojii koree tuman maallaqa koreen hojiisaa galama ittiin geessisu argachuu akka qabuu fi qaama kamirraa

akka argatu waan ibsu hin qaban. Qabatamattis koreef baajatni ramadamu waan hin jirreef maallaqa hojiif isa barbaachisu guddaa yoo ta'e bulchiinsi mootummaa naannooykn godinaa ykn aanaa ykn magaalaa akka kennuuf kan gaafatu yoo ta'u hojiiwwan xixiqqaa raawwachuuf ammoo qaamolee haqaa fi namoota dhuunfaa bifa kadhaatiin gaafachuun argachaa jiru.

Baajata karoora isaa ittiin raawwatu dhabuun kun raawwiin sagantichaa hayyama/fedha qaamolee haqaa irratti akka rarra'u gochutti dabalatee kaayyoo qabate galmaan akka hin geenye gufuu ta'aa dhimmoota jiran keessaa isa ijoo dha. Rakkoo gama kanaan uumamuu danda'u hambisuuf biyyootni muxannoon isaanii ilaalaman kallatiin baajatni qaama karooraa ta'uun dhihaatee akka ramadamuuf gochuun koreen of-danda'ee hojiisaa akka hojjetu taasisaa jiru. Kanaafuu, koreen miilla lamaaniin dhaabatee karoora karoorfate raawwachiisuu akka danda'uu gochuun hojiirra oolmaa SFSH akka saffisiisutti bulchiinsi sadarkaan argamu koree sadarkaa isaatti hundaa'ee jiruuf baajata gahaa ta'e ramaduun barbaachisaa akka ta'e ni hubachiisa.

Waajjirri qindeessaa SFSH raawwii hojii SFSH keessatti deeggarsa ogummaa manneen hojiif kennuu, rakkoowwan raawwii keessatti mudatan qorachuun yaada fooyyessaa maddisiisuun koree olaanaaf dhiyeessuu fi bu'aa SFSH irraa argame qindeessanii ol-kaa'uu, dhimma SFSH irratti hubannoo qaamolee dhimmi ilaalu hundaaf uumuu fi kkf hojjechuun kenniinsa tajaajila haqaa Noonnoo Keenyaa bu'a-qabeessa taasisuurratti hojjeta.

Hata'u malee, waajjirri kun raawwii hojii SFSH qaamoleen haqaa hojjetan abbummaan hordofuu fi deeggarsa barbaachisaa ta'e kennuurratti hanqina qaba. Gahee hojii isaatii haala barbaadamuun akka hin baane sababootni taasisan hedduu dha. Fakkeenyaaf, hojiirra oolmaa SFSH abbummaan kan hordofuu fi yaada fooya'iinsa sagantichaaf ta'u maddisiisaa akka adeemuuf kan aangeffame yoo ta'ellee akka miseensota biroo koree keessatti sagalee hin qabu. Gama biraan, maallaqa hojiif isa barbaachisu Biiroo Paablik Sarvisii fi Misooma Qabeenya Namaa kan argatu yoo ta'u biiroon kun dhimma SFSH wajjiin kallattiin hidhata guddaa hin qabu. Hima biraan, waajjirri qindeessaa SFSH maallaqa hojjiif isa barbaachisu qaama SFSH abbummaan hin hoogganne irraa kan argatu waan ta'eef walitti hidhamiinsi hojii fi caaseffama waajjira SFSH fi biiroo kan wal-simu miti. Gama biroon ammoo qaamni bajata kennu kun hojii qaamolee haqaa keessatti hojjetamu kana hangam hubannoo qaba kan jedhu illee akka gaaffiitti ka'uu danda'a.

Haalli qabatama raawwii hojii waajjira kanaa akka agarsiisutti deeggarsa ogummaa kan akka leenjii raawwattoota SFSH kennuu, yaadota fooyya'iinsaa maddisiisaa adeemuu fi hordofii raawwii hojii SFSH gamaggamuu ilaalchisee bu'a-barbaadamu argamsiisurratti hanqina qaba. Uumamuu hanqinaalee kanneeniif dhimmoota akka sababaatti fudhataman kan akka baajata fi madda galii biroo dhabuu waajjirichaa, ogeessotaa dandeettii raawwii hojii SFSH gamaggamuu fi yaadota fooyya'iinsaa maddisiisaa deeman horachuu dhabuu, fi hordoffii fi to'annoo manneen hojiirratti taasisaa jiru laafaa ta'uunsaa akka sababaatti caqasuun ni danda'ama.

Ogeessi SFSH hojiirra oolmaa SFSH abbummaan hordofuun hojii rifoormii manneen hojii qaamolee haqaa keessatti hojjetamu wal unachaa akka deemuu fi fuul-duratti akka tarkaanfatu taasisuu irratti hojjeta. Ogeessi kun Waajjira Paabliik Sarvisii fi Misooma Qabeenya Namaa keessatti ramadamee kan jiru yoo ta'u gaheen hojii isaatii ammoo hojii rifoormii qaamolee haqaa keessatti raawwatu hordofuu dha. Bakki ramaddii fi bakkii hojii gargari waan ta'eef Waajjira Paabliik Sarvisii keessa taa'uun hojii Mana Murtii, Waajjira Haqaa, Waajjira Poolisii fi kkf keessatti hojjetamu kan hordofuu fi raawwii hojii isaanii kan ilaaluu irratti rakkoo akka itti fide hubachuun dandaa'ameera.

Hoogganaa ogeessa SFSH fi hogganaa hojii ogeessi hojjetu gargari waan ta'eef raawwii ogeessaa gamaggamaa adeemuuf mijataa miti. Itti dabalees, hojii rifoormii qaamolee haqaa abbummaan akka hordofanii fi yaada fooyya'iinsaas burqisiisaa akka deemaniif seerii gama tokkoon kan aangesse yoo ta'u seerumti kun gama biraan ammoo murtii koreen dabarsu keessatti sagalee akka hin qabne taasiseera. Miseensa koree ta'ee sagalee dhabuun ogeessaa dhimma abbummaan hordofu irratti deebi'ee alagaa kan isa taasisaa jiru yoo ta'u qaamolee haqaa birattis fudhatamummaa isaa gadi buuseera jechuun ni danda'ama.

Dandeettii fi ogummaa hojichi barbaadu gonfachuu irratti hangina ogeessota SFSH haqaa birratti mul'atu akkasumas faayidaa fi miindaa dhamaatii hojichaa wajjiin wal-simuu danda'u argachuu dhabuun ogeessotaa raawwii hojii isaanii irratti dhiibaa qaba. Gama biraan ogeessotni iddoo kanatti ramadamanii jiran hedduun isaanii carraa ittiin eeggachuuf kan ta'aniif yeroo carraa fooyya'aa ta'e argatan dhiisanii kan deeman ta'uu daataan arganne ni mul'isa. Dabalees faayidaan iddichaaf qabamee jiru hawwataa ta'uu dhabuun isaas akka sababaatti kan ilaalamu waan ta'eef ogeessota ciccimoo ta'an hawwachuu akka hin dandeenye daataan keenya ni

agarsiisa. Sababa kana irraan kan ka'e hojichi bakka bu'ummaan akka hojjetamu ta'aa kan jiru ta'uu isaas hubachuun dandaa'ameera.

3.2. Yaadota Furmaataa

1. Hubannoo uumuu;
    a. Bifa waliigalaatiin kaayyoo hundeeffama koree kanaa ilaalchisee hubannoon jiru laafaa waan ta'eef miseensotaaf yeroo yeroon hubannoon kennamuun barbaachisaa ta'a. Bu'uuruma kanaan miseensota koree keessa jiran ilaalchisee hubannoo isaan SFSH lafa qabsiisuun kenniinsa tajaajila haqaa si'awaa, haqa-qabeessaa, dhaqqabamaa fi bu'a-qabeessa taasisaa adeemuuf qaban cimsuun barbaachisaadha. Kana irrattis Koreen Olaanaa fi Waajjirri Qindeessa Instiituutii Leenjii Ogeessota Qaamolee Seeraa fi Qo'annoo Seeraa Oromiyaa waliin ta'uun rakkoon hubannoo jiru akka furamu taasisuu.
    b. Daangaa aangoo koree fi aangoo qaamolee haqaa miseensa koree ta'anii ilaalchisee hubannoon jiru laafaa waan ta'eef, miseensotni koree daangaa aangoo koree keessatti hojjechuun bu'a-qabeessummaa kenniinsa tajaajila haqaa mirkaneessaa akka deemanitti leenjiin hubannoo cimsu Waajjira Qindeessaan yero yeroon kennamuun barbaachisaa ta'a. Dhimma kana irrattis Instiituutii Leenjii Ogeessota Qaamolee Seeraa fi Qo'annoo Seeraa Oromiyaa waliin walitti dhufeenyaan hojiin leenjii miseensota koreef kennuu hojjetamuu qaba.
    c. Kaayyoo hundeeffama koree kanaa fi aangoo koree kanaa ilaalchisee yaadotni dogongoraa ykn hubannoo guutuu irratti hin hundoofne kanneen akka koreen kun qaamolee haqaa to'achuuf hundaa'eetti fudhachuu kan jiru waan ta'eef gama kanaan rakkoo uumamuu danda'u hambisuuf hubannoon gahaan uumamuu barbaachisaa ta'a. Raawwiin isaa haaluma tuqaa "a" jalatti ibsameen raawwachuu danda'a.
    d. Dhimmoota hojiirra oolmsaa SFSH waliin walqabate jiru ilaalchisee komiiwwan qaamolee haqaa irratti ka'an akkamitti hirrifamuu dandaa'u kan jedhu irratti xiyyeeffachuun koreen kun akkamitti hojjechuu akka qabu ilaalchisee osoo aangoo qaamolee kanneenii keessa hin seenin akkamitti akka furamu irratti hubannoon uumuun ni barbaachisa. Kun Koree Olaanaa fi

Waajjira Qindeessaa sagantaa kanaan yeroo yeroon hubannoon kennamuu danda'uu qaba.

e. Dhimmoota dantaa uummataa fi mootummaa of keessaa qaban ilaalchisee soda qaamoleen haqaa dhimmoota kanneeniif xiyyeeffannoo barbaachisu hin kennan jedhuun jiddu seenuuf ykn dhiibbaa uumuuf yaalamu hafaa akka ta'uuf dhimmoota kanneen irratti hubannoon Qaamolee Haqaaf akkasumas Miseensota Koree hundumaaf karaa Waajjira Qindeessaa kennamuu qaba.

f. Hanqina hubannoo irraa kan ka'e darbee darbee daangaa aangoo koree kanaa garmalee hiikuun hojii qaamolee haqaa keessa seenuun dhiibbaa uumuun kan jiru waan ta'eef inni kun akka furamuuf gaaheen koree kanaa adda bahee beekamee hubannoon irratti yoo kenname furmaata ta'a. Bu'uuruma kanaan kaayyoon hundeeffama koree kanaas hojiilee SFSH Oromiyaa lafa qabsiisuu fi tarkaanfachiisaa adeemuu, adeemsa hojiirra oolmaa sagantaalee xixiqqaa mannen hojii keessatti rakkoolee mudataniif furmaata kennaa adeemuu malee hojii qaamolee kanneenii keessa kallattiin seenuun kan hin dandaa'amne ta'uu isaa hubannaan gahaan uumamuu barbachisaadha.

g. Ilaalcha koreen kun qaamolee haqaa to'achuuf ykn itti waamani qaamolee haqaa koree kanaaf jedhu jiraachuun isaa hojii qaamolee haqaa irraan dhiibbaa geessisuu ykn jiddu lixummaa fiduu kan danda'u waan ta'eef dhimmi kana irratti bu'uura heera mootummaa fi seerota qaamolee haqaa hundeessuuf bahan irratti hubannoon miseensota koree hundumaaf uumamuun gahee koreen fi Waajjirri Qindeessaa taphachuu danda'u irratti hubannoon uumamuu qaba.

2. Gurmaa'insa koree fi hojimaata koree ilaalchisee yaadota furmaataa akeekaman:-

a. SFSH lafa-qabsiisuu fi tarkaanfachiisuu keessatti yaadota galtee ta'an hunda irratti mari'achuu akkasumas gita barbaadamutti yaada fooyya'iinsaa maddisiisaa adeemuuf qaamolee kenniinsa tajaajila haqaa keessatti qooda olaanaa qaban kan akka Waldaaa Ogeessota Seeraa fkn Waldaa Abukaattotaa miseensa koree gochuun barbaachisaa dha.

b. Koreen SFSH kenniinsa tajaajila haqaa keessatti hanqinaalee gama naamusa ogeessota mana murtii, biiroo haqaa fi poolisii akkasumas komii gama kanaan dhiyaatu irratti xiyyeeffachuun akka furamaniif qaama dhimmi isaa ilaallatutti

dabarsuun akkuma jirutti ta'ee, yaadota waliigalaa raawwii fi fooyya'iinsa SFSH cimsuu danda'anii fi qaamaa hojiirra oolmaa SFSH abbummaan hordofu (Waajjira Qindeessaa SFSH) kallattii qabsiisuu fi hogganuu danda'u irratti xiyyeeffachuun barbaachisaa dha.

c. Koreen SFSH xiyyeeffannoo olaanaa akka argatu, qaamoleen miseensa kore ta'anii fi SFSH hojiirra oolchaan hirmaannaa ho'aa akka taasisan, qaamolee haqaa fi Qaamoolee isaan biroo gidduu qindoominni gaariin akka jiraatu, dandeettii raawwatiinsa murtii koree akka cimuu fi hojiirra oolmaa SFSH tiif deeggarsi gahaan yerootti akka taasifamutti koreen Pirezidaantii mootummaa naannoon, bulchaa bulchiinsa godinaa fi aanaa, fi kantiibaa bulchiinsa magaalaatiin akka hooganamu (walitti qabamu) godhanii itti fufsiiuun barbaachisaa dha.

d. Haa ta'u malee adeemsa amma jiruun koreen kun xiyyeeffannoo barbaachisaa ta'e osoo hin argatin itti fufuu kan hin dandeenye want ta'eef xiyyeeffannoo hojii koree kanaf karaa walitti qabdoota koree kennamu dabaluun barbaachisaadha. Dabalees hojiin koree kanaan hojjetamu akka hojii idileetti ilaalamee sagantaan isaa kabajamaa adeemuun barbaachisaa dha. Koreen SFSH kun bu'uuruma amma jiruun qaama bulchiinsaan hoogganamaa xiyyeeffannoon sagantichaaf kennamu sirratee yoo adeeme haala qabatamaa hundeeffama miseensota koree kana irraa kan ka'e bu'a qabeessa ta'uu danda'a.

e. Hooggantoonni ykn walitti qabaan koree sadarkaa sadarkaan jiran hojiin koree kana hoogganuu ykn walitti qabuun dirqama seeraan kennameef waan ta'eef akka hojii idilee isaaniitti fudhachuun xiyyeeffannaa barbaachisu kennuu saganticha hojiirra oolchuutu isaan irraa eegama.

f. Itti Aanaan walitti qabaa koree kanaa yeroo walitti qabaan hin jirretti sodaalee garaagaraan murtii fudhachuu fi marii geggeessuu dhabuu irratti laafinni jiru furamuu danda'uu qaba.

g. Harcaatii miseensota koree ilaalchisee jiruuf miseensotni maree kana irratti hirmaachuunii fi saganticha gara hojiitti geeddaruun dirqama seeraan isaanitti kenname ta'uu hubatanii akka hojjetan taasisuu. Sababa harcaatii isaniif itti

gaafatamummaa dhufuu malu ilaalchisee dambii fi qajeelfamichi haala ifa ta'een kaa'uu danda'uu qaba.

h. Koreen yeroo hundumaa dhimmoota ariifachiisoo qofaa yeroo mudatu walgahuu hin qabu. Yeroo isaa eeggatee bu'uura karooraan marii idileessuun raawwii SFSH Oromiyaa irratti maria'chuun sadarkaa raawwii sagantichaa gamagammaa adeemuun dirqama ta'uu isaa hubachuun irratti hojjechuun barbaachisaadha. Kana waliin walqabatees mareen geggeefamu dantaa walitti qabaa ykn itti aanaa walitti qabaa irratti kan rarra'e ta'uun kaayyoo sagantichaa dagachuu waan ta'uuf bu'uura karooraan idilaa'uun dirqama ta'a.

3. Waajjira Qindeessaa SFSH fi hojimaata waajjirichaa ilaalchisee yaadota furmaataa akeekaman:-

a. Caaseffama Waajjira kanaa ilaalchisee itti waamamni isaa biiroo walitti qabaa koreef otoo ta'ee bu'a qabeessumaa waajjira kanaa dabaluu dandaa'a. Kanaaf itti waamamni waajjirichaa Pirezideentii naannoof ta'uu qaba,

b. Sadarkaa zooniitti hojii SFSH kana ilaalchisee hojjetamu hojii ogeessa tokkoon hojjetamee bu'aa barbaachisu argamsiisaa kan hin jirre waan ta'eef kun furamuu danda'uu qaba. Kanaaf sadarkaa zooniitti waajjirichi akkuma waajjiraatti gadi bu'ee bulchaa zoonii jalatti akka dhaabbatu ta'uun barbaachisaadha. Sadarkaa aanaatti garuu bulchaa jalatti ogeessi tokko akka hojii SFSH aanichaa akka hojjetu taasifamuu danda'a. Hojiif kallattiidhaan waajjirichi kan walqunnamu walitti qabaa fi qaamolee haqaa waliin wan ta'eef caaseffamni waajjirichaas kana calanqisiisuu ta'uu danda'uu qaba. Saadarkaa bulchiinsa magaalaattis bifuma walfakkaatuun ogeessi sagantaa kanaa kantiibaa jalatti hojii kana akka hojjetuu taasifamuu danda'uu qaba.

c. Caaseffamni Waajjira Qindeessaa keessatti ogeessota deggersa kennanii hundaa'u hojichaaf ogeessota seeraa dandeettii fi ogummaa barbaachisu hawwachuu haala danda'uun kan hundaa'e ta'uu qaba.

d. Hojii kennameef bu'uura barbaadameen akka hojjetuuf, waajjira kanaaf bajatni of dandaa'a ta'e akka sektara mootummaa tokkootti ramadameef karoora baafachuun akka hojjetuuf aangeffamuu danda'uu qaba.

e. Maree koree keessatti waajjirri Qindeessaa fi Ogeessi akka barreessaatti qofa akka hirmaatu taasisuun, sagantaa kanaan walitti dhufeenyaan qaama yeroo hundaa hojjetu ykn kaayyoon isaa inni guddaan sagantaa kana galmaan gahuuf hundaa'ee dagachuu ta'a waan ta'eef akkaataa qaamni kun sagalee guutuu qabaatee maree kana keessatti itti hirmaatu taasisuuf tumaaleen qajeelfamichaa fi dambii fooyya'uu danda'uu qaba.

f. Waajjirri Qindeessaa kun to'annoo fi hordoffii bu'uura karooran geggeessuu danda'uu qaba. Karoorrii fi gabaasni raawwii sagantichaa ilaalchisee dhihaatu fi gamagamamu bifa madaalamuu danda'uun ta'uu danda'uu qaba. Aangoo waajjirichaa keessaa kanneen akka raawwii sagantichaa ilaalchisee sakatta'iinsa yeroo yeroon geggeesuu, rakkoown raawwii sagantichaa mudatan ilaalchisee qorannoo geggeessuu ykn qaamolee akka ILOSQSO waliin ta'uun akka geggeeffamu taasisuutti fayyadamuun rakkoo qaamolee haqaa mudatan fi sagantichatti hudhaa ta'uu dandaa'an jedhaman furuuf hojjechuun barbaachisaadha.

g. Sadarkaa SFSH irra jiru ilaalchisee yeroo yeroon sakatta'iinsi waajjira kanaan geggeeffamee karoorri tarsimoowaa fi KGT 2ffaa irra deebi'amee fooyya'aa akka adeemu taasisuun barbaachisaadha.

h. Waajjira kanaaf bajatni kan hojii isaaf isa barbaachisu akkuma qaama mootummaa kamiiyyuu kan ramadamuuf ta'uun isaa akkuma jirutti ta'ee, bifa waliigalaatiin bajatni hojii irra oolmaa sagantichaaf barbaachisu SFSH'f ramadamuu danda'uu qaba. Sagantaan kun bajata idilee qaamolee sagantaa kana hojiirra oolchaniin qofa kan galma gahu akka hin taane hubatamu qaba.

i. Ajandaaleen mareef dhihaatan bu'uura qajeelfamaan dursa dhihaachuun miseensotaaf dhihaatee akka irratti qophaa'anii dhihaatan taasifamuun cimee itti fufuu qaba. Gama biraan ammoo miseensotni ajandaa dhiheeffachuu barbaadan dursee ajandaa isaanii akka dhiheeffataniif haalli mijatee itti hojjetamuu danda'uu qaba.

j. Ajandaan qabamus yeroo hundaa dhimmoota xiyyeeffannoo barbaadanii fi dhimmoota ariifachiisoo ta'an qofa irratti kan xiyyeefate ta'uu hin qabu. Dhimmoota raawwii sagantichaa waliin kan walqabate yoo xiqqaatee xiqqaate

kurmaanatti yeroo tokko gabaasa raawwii sagantaalee xixiqqaa waajjiroota saganticha hojiirra oolchan irraa dhihaatuu irratti mari'atamuu danda'uu qaba. Mareen idileen geggeeffamu akkuma jirutti ta'ee.

4. Ogeessa SFSH ilaalchisee:-
    a. Hojii idilee isaanii sagantaa kanaaf haala mijeessuu fi hojii sagantaa kanaa hojjechu waan ta'eef hojii dabalataan akka burjaaja'an taasifamuu hin qaban.
    b. Faayidaanii fi dantaan ogeessota kanaa irra deebi'amee akka ogeessa dandeetti fi ogummaa barbaachisu haawwachuu akka danda'utti sirrachuu qaba.
    c. Gahee fi aangoon isaan hojiirra oolmaa sagantichaa keessatti qaban bu'uura seeraan kan kaa'ame ta'uu qaba. Kana jechuun Dambii fi Qajeelfamichi aangoo Ogeessa SFSH haala haammateen irra deebi'amee fooyya'uu qaba.

5. Haguuggii seeraa jiru ilaalchisee yaadota furmaataa akeekaman;
    a. Tumaaleen dambii 82/1999 fi qajeelfama 1/2001 bu'uura caasefama biirolee mootummaa haaraa, yaadota fooyya'iinsaa armaan olitti dhihaatan tilmaama keessa galcheen akkasumas haalota qabatamoo sirna haqaa keessa yeroo ammaa jiru tilmaama keessa galcheen irra deebi'amee fooyya'uun barbaachisaadha.
    b. Aangoo Ogeessa SFSH haala haammateen irra deebi'amee ilaalamuun barbaachisaa ta'a.
    c. Dhimmi aangoo koree kanaa ilaalchisee haguuggiin seeraa jiru irra deebi'amee haala ifaa ta'een kana ibsee akka kaa'u taasifamuun barbaachisaa ta'a. Tumaaleen dambichaa fi qajeelfamichaa waa'ee aangoo koree tuman haala aangoo idilee miseensotaa gaaffii jala hin galchineen irra deebi'amee ifee akka tumamu taasifamuu qaba.
    d. Karooraa fi gabaasa dhiheessuu ilaalchisee tumaaleen qajeelfamichaa fi dambicha jala jiran haala dirqisiisaa ta'een tumamuu danda'uu qaba.
    e. Qabiyyee gabaasaa ilaalchisee kan jiru ammoo bu'uura raawwii SFSH irratti xiyyeeffatee fi haala madaalamuu danda'uun dhihaachuu akka qabu dirqisiisaa godhee seerichii kaa'uu danda'uu qaba. Gabaasni dhihaatu hojii idilee qaamolee haqaa akka hin taanes haala adda baaseen ibsuu danda'uu qaba.

Miiltoo

I. Maqaa namoota af-gaaffiin deebisan

1. Obbo Huseen Umar, I/aanaa Pirezidaantii M/M Waliigala Oromiyaa
2. Obbo Birhaanuu Tsagaayee, Hoogganaa Biiroo Haqaa Oromiyaa
3. Obbo Arshii Najaash, Ogeessa SFSH Godina Harargee Lixaa
4. Komiishinar Ittafaa Tolaa Komishinara Koomiishinii Poolisii Oromiyaa
5. Koomishinar Tsaahaay Nagaash, Koomiishinara Koomiishinii Mana sirreessaa Oromiyaa
6. Obbo Balaay Taaddasaa Hoogganaa Waajjira Qindeessaa SFSH Oromiyaa
7. Obbo Addisuu Lagaas, Gorsaa Seeraa Pirezidaantii Mootummaa Naannoo Oromiyaa
8. Obbo Tafarraa Waldee, Itti Gaafatamaa W/Haqaa Godina Addaa Oromiyaa Naawwaww Finfinnee
9. Aadde Fiqiree Ayyaaleew, Daaraaktoreetii Daarikteera Hojii Geggeessuummaa M/M/Waliigala Federaalaa
10. Obbo Amsaaluu Olaanii, Abbaa Adeemsa KTAS M/M/Waliigala Oromiyaa
11. Obbo Masfiin Asaffaa, Bulchaa Godina Harargee lixaa
12. Obbo Efireem Haayiluu, Pirezidaantii Mana Murtii Olaanaa Godina Harargee Bahaa
13. Obbo Dassaaleny Galataa, Prezidaantti Mana Murtii Aanaa Aqaaqii
14. Obbo Abbabaa Shawwaamoltoo, Itti Gaafatamaa Waajjira Bulchiinsaa fi Nageenyaa B/Magaalaa Buraayyuu,
15. Obbo Yeneeneh Simeny, Pirezidaantii M/M/Waliigala N/Amaaraa
16. Obbo Isheetee Tasfaayee, I/Aanaa itti gaafatamaa Biiroo Haqaa N/Amaaraa
17. Obbo Gaashawu Zawudee Daariktoora Instiitutii Leenjii Ogeessota Seeraa fi Qo'annoo Seeraa N/Amaaraa
18. Obbo Dassee Siyyum, Abbaa Adeemsa Qorannoo, Gorsaa fi Leenjii Seeraa Biiroo Haqaa Naannoo Amaaraa,
19. Afgaaffii Obbo Mulgeetaa Agoo, Pirezidaantii M/M/Waliigala N/ Kibbaa
20. Aadde Tizitaa Fikaad, I/Aanaa itti gaafatamaa Biiroo Haqaa N/Kibbaa
21. Obbo Sofooniyaas Dastaa, I/Aanaa Daariktoora Instiitutii Leenjii Ogeessota Seeraa fi Qo'annoo Seeraa N/ Kibbaa
22. Obbo Dhugumaa Nadhaa, Pirezidaantii M/M Godina Addaa Naannawaa Finfinnee
23. Obbo Taaddasaa Habtaamuu, Itti Gaafatamaa W/Haqaa Aaanaa Aqaaqii
24. Obbo Tacaan Malkaa, A/Adeemsa Qorannoo M/M Waliigala Oromiyaa
25. Inispector Gonfaa Abbabee, I/gaafatama Qajeelcha Poolisii Aaanaa Amboo,
26. Obbo Bayyanaa Haayiluu, Abbaa Seraa M/M Olaaanaa Sh/Lixaa
27. Obbo Addisuu Biddiraa, Abbaa Seraa M/M Olaaanaa Sh/Lixaa
28. Obbo Beekaa Dirribaa, Abbaa Seraa M/M Olaaanaa Sh/Lixaa
29. Obbo Lammii Dirribaa Abbaa Seraa M/M Olaaanaa Sh/Lixaa
30. Obbo Asaffaa Taakkalee, Itti Gaafatamaa Waajjira Haqaa Aanaa Buraayyuu,
31. Obbo Joonii Bantii, Perezidaantii Mana Murtii Aanaa Gimbii

32. Obbo Dirribaa Mogos, Ogeessa SFSH Bulchiinsa Magaalaa Buraayyuu
33. Obbo Asaffaa Birhaanuu, Itti Gaafatamaa Waajjira Paablik Servisii fi Misooma Humna Namaa Bulchiinsa Magaalaa Buraayyu
34. Obbo Gammadaa Maammoo, Hoggaanaa Ittaanaa Bulchiinsaa fi Nageenya Godina Shaashmaannee
35. Komaander Geetaachoo Gammadaa, Hoogganaa Qajeelcha Poolisii Bulchiinsa Magaalaa Buraayyuu
36. Obbo Masfiin Asaffaa, Bulchaa Godina Harargee lixaa
37. Obbo Zaakir Muktaar, Bulchaan Aanaa Ciroo
38. Obbo Kumasaa Araarsaa, pirezidaantii M/M Godina Shawwaa Lixa,
39. Obbo Galmeessaa Itichaa, ogeessa seeraa SFSH Godina Arsii Lixaa,
40. Obbo Yiilmaa Taaddasee, ogeessa SFSH aanaa Shaashmaannee
41. Obbo Warqinaa Galataa, Hogganaa Waajjira Haqaa Aanaa Gimbii,
42. Adde Badiriyaa Huseen, Af-yaa'ii Aanaa Shaashmaannee,
43. Obbo Lammaa Itichaa, Ogeessa SFSH Godina Shawwaa Lixaa
44. Obbo Kamaal Sarboo, Perezidaantii Mana Murtii Olaangaa Godina Arsii Lixaa,
45. Obbo Alamaayyoo Asaffaa, Itti Gaafatamaa Waajjira Publlic Servisii Godina Addaa Naannawaa Finfinnee,
46. Komaander Tasfaayee dinquu, Itti Gaafatamaa Qajeelcha Poolisii Godina Addaa Naannawaa Finfinee,
47. komander Asnaaqee Sa'ifuu, Fookaal personii Sagantaa riifoormii Qajeelcha Qajeelcha Poolisii Godina Addaa Naannawaa Finfinee
48. Aadde Asnaaqech Alamuu, Itti Gaafatamtuu Waajjira Dhimma Dubartootaa fi Daa'immanii Bulchiinsa Magaalaa Buraayyuu
49. Obbo Iyyob Dastaa, hoogganaa waajjira haqaa aanaa ada'aa
50. Obbo Asfaw Naggasaa, Pirezindaantii Mana Murtii Aanaa Amboo
51. Aadde Masarat Guutamaa, Hooggantuu Waajjira Haqaa Aanaa Amboo
52. Obbo Gazaany Taaffasaa Bulchaa Aanaa Amboo,
53. Obbo Alaamiisaa Abdiisaa, Itti Gaafatamaa Buulchiinsaa fi Nageenyaa Aanaa Amboo,
54. Aadde Giddoo Laggasaa, Itti gaafatamtuu Waajjira Dhimma Dubartii fi Daa'imannii Aanaa Amboo,
55. Obbo Diroo, Abbaa Adeemsa Garee Hariiroo Hawaasaa M/M Godina Shawaa Lixaa,
56. Obbo Dachaasaa Beekaa Dirribaa, Bulchaa Godina Shawaa Lixaa
57. Obbo Geetaachoo Kumsaa Itti gaafatamaa Bulchiinsaa fi Nageenya Godina Shawaa Lixaa,
58. Komaander buzunee Boodasaa, Hoogganaa Qajeelcha Poolisii Godina Shawwaa Lixaa,
59. Obbo Amiin Aadam, Hoogganaa Waajjira Haqaa Godina Shawaa Lixaa,
60. Obbo Bojaa Taaddasee, Itti Gaafatamaa Biiroo Pirezidaantii M/Mutii Federaalaa,
61. Obbo Geetaahuun Raayyaa, B/B Ogeessa SFSH aanaa Aqaaqii
62. Aadde Gannat Girmaa, Itti Aanaa itti gaafatamtuu W/Dhi/Daa'immanii fi Dubartii aanaa Aqaaqii,
63. Obbo Mazgabuu Adimaasuu, Ogeessa SFSH G/A/O/N/Finfinnee,
64. Aaddee Zamzam Shaalow, I/gaafatamtuu W/Dh/Dubartootaa fi Daa'iimmanii Godina Arsii,

65. Obbo Alamaayyoo Injiguu, Hoogganaa Bulchiinsaa fi Nageenya Godina Arsii,
66. Aadde Fiqiree Ayyaalew, Daarikteera Geggeessaa Hojii riifoormii M/M/Waliigala Federaalaa,
67. Obbo Waaqgaarii Sambataa, Abbaa Adeemsa Keenniinsa Murtii Haqaa Waajjira Haqaa Godina Wallaga Lixaa,
68. Inispeektar Girmaa Taarraqeny, Hoogganaa Qajeelcha Poolisii Aanaa Gimbii,
69. Obbo Guutamaa Uummataa, Hoogganaa Waajjira Afyaa'ii Aanaa Gimbii,
70. Obbo Waajjiraa Kumarraa, Hoogganaa Waajjira Paablik Servisii fi Misooma Qabeenya Humna Namaa Aanaa Gimbii,
71. Obbo Cammir Taaddasee, Ogeessa SFSH aanaa Gimbii,
72. Aadde Shawaayee Siidaa, Afyaa'ii Mana Maree Bulchiinsa Magaalaa Bishooftuu,
73. Obbo Gazaaheny Asaffaa, Itti Gaafatamaa Waajjira Bulchiinsa Nageenya Bulchiinsa Magaalaa Bishooftuu,
74. Obbo Maammoo Tusi, perezidaantii Mana Murtii Aanaa Xiyoo
75. Obbo Iyyob Dastaa, Hoogganaa Waajjira Haqaa Aanaa Ada'aa
76. Adde Loomii Kafanii, Ogeessa SFSH Godina Arsii
77. Obbo Gammadaa Maammoo, Hoggaanaa Ittaanaa Bulchiinsaa Fi Nageenya Godina Shaashmaan
78. Obbo Mulunaa Dambii, ogeessaa SFSH, Magaalaa Bishooftuu
79. Obbo Shimallis Simee, hogganaa Waajjira Haqaa Godina Arsii
80. Obbo Hambisaa Tolaa, ogeessa SFSH godina Wallagga Lixaa,
81. Obbo Kamaal Sirboo, Perezidaantii mana murtii Godina Arsii Lixaa
82. Komadar Mokonniin Taaddasee, hogganaa Waajjira Poolisii Magaalaa Shaashmaanee
83. Komaandar Rattaa Balaachoo, hoogganaa qajeelcha poolisii godina arsii lixaa
84. Obbo Warqinaa Galataa, Hogganaa Waajjira Haqaa Aanaa Gimbii
85. Aadde Shiwaayee Siidaa, af-yaa'ii magaalaa Bishooftuu
86. Af-yaa'ii sheek Maammad Badhaasoo
87. Obbo Abbabaa Baayisaa, perezidaantii mana murtii aanaa magaalaa Bishooftuu
88. Obbo Abdallaa Huseen, pirezidaantii Mana Murtii Olaanaa Godina Arsii
89. Obbo Caalii Baqqalee, Ogeessa SFSH Bulchiinsa Magaalaa Gimbii
90. Obbo Hambisaa Tolaa, ogeessa SFSH Wallagga Lixaa
91. Komandar Darajjee Baayisaa, Qajeelcha Poolisii Gimbii
92. Komandar Mokonniin Taaddasee, hogganaa waajjira poolisii magaalaa shaashmaannee
93. Obbo Yilmaa taaddasee, Ogeessa SFSH aanaa Shaashmaannee,
94. Obbo Gaashawu Zawude, Daarikteera Inistiitiyuutiii Leenjii Seeraa Naannoo
95. Obbo Bizunash Warquu, Ittaantuu hooggantuu waajjira dhimma dubartootaa fi daa'immanii, aanaa Xiyoo,
96. Komaadar Daani'eel Immiruu, hoogganaa mana sirreessaa godina wallaggaa lixaa
97. Obbo Hedatoo Fayyisaa, Hogganaa waajjira haqaa magaalaa shaashmaannee
98. Komaandar Darajjee Dabalee, hogganaa mana sirreessaa godina arsii

99. Obbo Kaasahuun Xilahuun, Hogganaa Ittaanaa Waajjira Bulchiinsaa fi Nageenya Godina Arsii Lixaa
100. Adde Badiriyaa Huseen, af-Yaa'ii Aanaa Shaashmaannee
101. Obbo Hirpoo Irreessuu, Pirezidaantii mana murtii aanaa shaashmaannee
102. Obbo Huseen Galchuu, abbaa adeemsa hojii kenniinsa murtii haqaa waajjira haqaa aanaa xiyoo,
103. Obbo Abdallaa Huseen, Pirezidaantii Mana Murtii Olaanaa Godina Arsii Lixaa
104. Obbo Suleemaan Hirphoo, hogganaa qajeelcha bulchiinsaa fi nageenyaa aanaa xiyoo
105. Obbo Musaa Hibraayiim hogganaa qajeelcha bulchiinsaa fi nageenyaa aanaa xiyoo duraanii
106. Adde Zaaraa Roobaa, hogganaa ittaanaa waajjira af-yaa'ii aanaa xiyoo
107. Obbo Geetaachoo Alamuu, Hoogganaa B/Nageenya Godina Arsii
108. Obbo Tolasaa Dureechaa, Itti aanaa Hoogganaa B/Nageenyaa,
109. Komaander, Urgaa Gizaawu, Hoogana Qajeelcha Poolisii Aanaa Xiyyoo
110. Obbo Iyyoob Gannisee, waajjira dhimma dubartootaa fi daa'immanii godina arsii
111. Obbo Jamaal Ahimad daarkteera Qorannoo Sirnaa Haqaa Federaalaa Ministeera paabliik sarvisii fi misooma qabeenya namaa
112. Ayyaantuu Tashoomee, hoggantuu Waajjira Dhimma Dubartootaa fi Daa'immanii Aanaa Gimbii
113. Obbo Balaay Moosisaa, Abbaa Adeemsa Qorannoo Yakkaa fi Kenniinsa Murtii Haqaa Godina Shawaa Lixaa
114. Obbo Tashoomee Dhugaasaa, Itti Gaafatamaa Waajjira Bulchiinsaa fi Nageenya G/A/O/N/ Finfinnee

II. Wabii

a. Barruulee fi Joornaalota

1. Africa Development Bank Long Term Strategy (2013-2022) Supporting Strong, sustained and inclusive Growth in Africa(Approach paper).
2. Alamaayyoo Waaqgaarii, qorannoo sakatta'iinsa fedhii leenjii fi qorannoo ILQSO bara 2009, ILQSO (2008).
3. Bosnia And Herzegovina Justice Sector Reform Strategy 2008-2012, Ministry Of Justice, 2008.
4. Chaarterii garee waliinii qaamolee haqaa mootummaa naannoo oromiyaa foyya'ee dhiyaate, sadaasa 2004,
5. Current concepts and issues in justice sector reform, Dr. Olisa Agbakoba SAN.
6. Dr. Heike Gramckow and Frances Allen, Justice Sector Reform in Mongolia: Looking Back, Looking Forward, justice and Development Working Papper Series 16/2011.
7. Dr. Muhammed Tawfiq Ladan Associate Professor Of Law Department Of Public Law, Faculty Of Law, Ahmadu Bello University, Zaria, Kaduna State, Nigeriaaccess To

Justice And The Justice Sector Reform In Nigeria, A Paper Presented At The First International Conference On The State Of Affairs Of Africa, 2006.

8. Elias N. Stebek (PhD, Associate Professor), Assessment of Ethiopia's Justice Sector Reform Components in GTP I and GTP II, February 2016.
9. Elias N. Stebek, legal sector reform pursuits in Ethiopia: gaps in grassroots empowerment, Mizan Law Review, Vol. 9, No.2.
10. Elias N. Stebek, legal sector reform pursuits in Ethiopia: gaps in grassroots empowerment, Mizan Law Review, Vol. 9, No.2.
11. Eric Dubois, Christel Schurrer and Marco Velicogna, The functioning of judicial systems and the situation of the economy in the European Union Member States, (Strasbourg 2013).
12. Gabaasa Qorannoo Waajjira Barreessaa SFSH fi Bulchiinsa Gaaraa N/Kibbaa Hundeessuuf dhihaate, Mana Maree Naannichaaf murtiif kan dhihaate, fulbaana 2009, Hawaasaa.
13. How to note, Justice Sectore Reform, Ministry of Foraign Affairs of Denmark, DANIDDA/ International Development Cooperation, fula 2.
14. Http://Cc.Europa.Eu/Enlargement/Pdf/Project-InFocus/DonorCoordination/ImplementinSector_Approachs. Pdf
15. Human Rights And Justice Sector Reform In Africa, NATIONAL CRIMINAL JUSTICE REFORM, Donor Assistance To Justice Sector Reform In Africa: Living Up To The New Agenda?, Open Society.
16. Initiatives In Justice Reform 1992-2012, International Bank For Reconstruction And Development / International Development Association Or The World Bank, 2012.
17. Joachim Ahrens, Toward a Post-Washington Consensus: The Importance of Governance Structures in Less Developed Countries and Economies in Transition, University of Göttingen, Department of Economics, Platz der Göttinger Sieben 3, D-37073 Göttingen.
18. John Williamson, A Short History of the Washington Consensus, Barcelona, September 24–25, 2004, fuula 3, (https://piie.com/publications/papers/Williamson 0904-2.pdf (Mudde 3/2009).
19. Justice Sector Reform Teams, (Federal and State Level), Security, Justice and Growth, Security, Justice and Growth Program, Nigeria.
20. Klaus Decker, Christian Möhlen, David F. Varela, "Improving The Performance Of Justice Institutions" (Recent Experiences From Selected Oecd Countries Relevant For Latin America), Poverty Reduction And Economic Management Unit Latin America And The Caribbean (Document Of The World Bank), 2011, Fuula 13.
21. Marina Matic Boskovic, Justice Sector Future Reform Policy Instruments And Framework In Moldova, December 2015, Fuula 17.

22. Marina Matic Boskovic, Justice Sector Future Reform Policy Instruments and Framework in Moldova (Project to Support Coordination of Justice Sector Reform in Moldova European Union Europe Aid/ 131846/C/Ser/Md), December 2015.
23. Marina Matic Boskovic, Justice Sector Future Reform Policy Instruments and Framework in Moldova, Project to Support Coordination of Justice Sector Reform in Moldova, European Union EuropeAid/ 131846/C/SER/MD December 2015.
24. National Center for State Courts. 2007. Mongolia Judicial Reform Program Annual Report 2006. Williamsburg, VA.
25. Nicole Ball and Piet Bieshewuvel, Security And Justice Sector Reform Programing In Africa, department for international development working paper 23, 2007.
26. Searching For Success In Judicial Reform, Voices From Asia Pacific Experience, Asia Pacific Judicial Reform Forum, 2009.
27. Shahid Javed B urki and Guillermo E. P, Beyond The Washington Consensus: Institutions Matter, Washington, D.C. 20433, U.S.A, (1998).
28. Strategy For Justice Sector Reform For Moldova, (2011-2015), Fula 1-2.
29. Swiss Agency for Development and Cooperation, Rule of Law, Justice Sector Reform and Development Cooperation, SDC Concept Paper.
30. The Judicial Reform Program in Mongolia: Accomplishments, Lessons Learned, and Recommendations for the Future, Final Project Report (Cooperative Agreement #492-A-00-01-00001), June 30, 2009, USAID, Jay Carver.
31. Tor Krever, The Legal Turn In Late Development Theory: The Rule Of Law And The World Bank's Development Model, Harvard International Law Journal, vol. 52, No. 1, Winter 2011.
32. Waajjira Qindeessaa Sagantaa Fooyya'iinsa Sirna Haqaa Mootummaa Naannoo Oromiyaa, SFSH Oromiyaa, 2005.
33. Waajjira Qindeessaa Sagantaa Fooyya'iinsa Sirna Haqaa Mootummaa Naannoo Oromiyaa, Karoora Sagantaa Fooyya'iinsa Sirna Haqaa Mootummaa Naannoo Oromiyaa Kan Bara 2005-2007.
34. Waajjira Qindeessaa Sagantaa Fooyya'iinsa Sirna Haqaa Mootummaa Naannoo Oromiyaa, Karoora Sagantaa Fooyya'iinsa Sirna Haqaa Mootummaa Naannoo Oromiyaa Kan Bara 2005-2007.
35. Waajjira Qindeessaa Sagantaa Fooyya'iinsa Sirna Haqaa Oromiyaa, bu'aa qorannoo raawwii sagantaaa fooyya'iinsa sirna haqaa, bara 1997-2000 (impact assessment, (2000, Finfinnee).
36. World Bank, World Development Report 2002, Building Institutions For Market 7 (2002).

37. WQSFSH fi wal-ta'insa ogeessota qaamolee haqaa mootummaa naannoo oromiyaa, bu'aa qorannoo raawwii sagantaa fooyya'iinsa sirna haqaa bara 1997-2000, caamsaa 2000 (finfinnee).
38. WQSFSH fi wal-ta'insa ogeessota qaamolee haqaa mootummaa naannoo oromiyaa, bu'aa qorannoo raawwii sagantaa fooyya'iinsa sirna haqaa bara 1997-2000, Caamsaa 2000 (Finfinnee).

b. Seerota
    1. Dambii 82/1999, Dambii Waajjira Qindeessaa Sagantaa Fooyya'iinsa Sirna Haqaa Mootummaa Naannoo Oromiyaa Hundeessuuf Bahe, lak 82/1999.
    2. Heera Mootummaa Naannoo Oromiyaa
    3. Heera RFDI kan bara 1995
    4. Qajeelfama 1/2001, Qajeelfama raawwii hojii sangataa fooyya'iinsa sirna haqaa mootummaa naannoo oromiyaa fi aangoo fi hoj-maata qaamolee oggansaa naannichaa, Fulbaana 2/2001.